Seerota Farra Malaammaltummaa: Dhimmoota Xiyyeeffannaa Barbaadan Tokko Tokko

(Moojullii Leenjii Hojiirraa fi Hojiin Duraatiif Qopha'ee)

Qopheessaan: Shaambal Hordofaa

Jalqaba Kan Fooyyeessan: Nooh Taakkalaa fi Ayyanaa Tolinaa

Lammaffaa Kan Fooyyeesse: Shaambal Hordofaa

Gulaaltoonni:

1. **Addaamuu Dhufeeraa**
2. **Dhaabaa Dirribaa**
3. **Xaafaa Dachaasaa**

Bitooteessa, 2013

Adaamaa

Gabaajee

1) KNFMF - Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Federaalaa
2) KNFMMNO - Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa
3) MMO - Mana Murtii Ol'aanaa
4) MMWO- Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa
5) HMRDFI- Heera Mootummaa Rippabiliika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa
6) KFMMG-Konveenshinii Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii
7) S/Y-Seera Yakkaa bara 1996
8) S/D/F/Y-Seera Adeemsa Falmii Yakkaa
9) L.G.M.M-Lakkoofsa Galmee Mana Murtii
10) L.G.A.A -Lakkoofsa Galmee Abbaa Alangaa
11) kwt- Keewwata
12) Lakk.- lakkoofsa
13) Ykn-yookiin

Baafata **Fuula**

Gabaajee i

Seensa Waliigalaa 1

BOQONNAA TOKKO 5

YAAD-RIMEE FI MAALUMMAA MALAAMMALTUMMAA 5

1.1. Hiika Malaammaltummaa 5

1.2. Amaloota Addaa Yakka Malaammaltummaa 9

1.3. Qajeeltoo Waliigalaa Yakka Malaammaltummaa 12

1.4. Tilmaama Seeraa Faayidaa Argachuuf Yookiin Argamsiisuuf Yookiin Nama Miidhuuf Yaaduu 20

BOQONNAA LAMA 24

TUMAALEE GOOREE YAKKOOTA MALAAMMALTUMMAA 24

2.1. Matta'aa ykn Faayidaa Hin Malle Kennuu ykn Fudhachuu 25

2.2. Aangootti ykn Itti gaafatamummaatti Seeraan alaa Faayyadamuu Fi Walitti Bu'iinsa Faayidaa Dhuunfaa 35

2.3. Amantaa Hir'isuu; Sanada Sobaa Qopheessuu fi Gowwomsuu 53

2.4 Qabeenya Gatii Baasu Kaffaltii Malee ykn kaffaltii madaalawaa malee Fudhachuu 65

2.5. Qabeenyaa fi Maallaqa Maddi Isaa Hin Beekamne 67

Hojjetaan Mootummaa ykn jaarmiyaa uummataa Kan ta'e ykn Kan ture: 68

2.6 Qabeenyaa ykn Maallaqa Gocha Yakkaan Argame Seera Qabeessa Fakkeessuun Dhiheessuu Fi Gargaarsa Gochuu *(Money Laundering)* 70

BOQONNAA SADII 78

QORANNAA, HIMANNAA FI DHAGAHA DHIMMOOTA YAKKA MALAAMMALTUMMAA 78

3.1. Qorannaa Yakka Malaammaltummaa 80

3.2. Aangoo Abbaa Alangummaa (Himannaa Hundeessuu) 82

4.3. Aangoo Mana Murtii 84

3.4. Mirga Wabii 88

3.5. Dhorkaa Yookaan Uggurrii *(Restraining)* 91

3.6. Qabeenya Dhaaluu *(Confisication)* 94

3.7. Qophii Dhagaha Himata Duraa *(Preparatory Hearing)* 98

Maddawwan Wabii 102

A.Kitaabota 102

B. Seeroota, Labsiiwwan fi Konveenshiiniwwan Idil addunyaa 102

C. Barreeffamoota Adda Addaa 103
D.Tarree Dhimmoota 104

Seensa Waliigalaa

Malaammaltummaan misooma, diinagdee, hawaasummaafi siyaasa biyya tokkoo qancarsuudhaan ummanni bal'aan rakkoolee walxaxaa ta'aniif akka saaxilamu godha. Malaammaltummaan dagaagee hundee jabeeffannaan, tajaajjillan bu'uraa kan akka fayyaa, bishaan qulqulluu, daandii, barnoota, geejjiba, ibsaafi kkf sadarkaafi qulqullina barbaadamuun akka hin jiraanne taasisa.

Kun ammoo bakka tokkotti akka dhaabbatu yoo hin godhamiin, ummanni bal'aan gadadoofi hiyyummaa daangaa hin qabne keessa akka jiraatu dirqisiisuun, ummanni mootummaarraa akka amantaa dhabu taasisa.

Malaammaltummaan dhimma idil addunyaa fi biyyoolessaa erga ta'ee oolee bulee jira.Miidhaan Malaammaltummaan Ol'aantummaa Seeraa,Bulchiinsa Gaarii, Dimookiraasii fi Mirgootaa Namoomaa,Guddina Diinagdee,Tasgabbii,Dhaabbilee Dimookiraasii fi duudhaalee bu'ura hawaasaa irratti qaqabsiisee fi qaqabsiisaa jiru waan hubatameef akka Idil Addunyaa fi Gamtaa biyyootaatti malaammaltummaa ittisuu fi too'achuuf konveenshiinoonni farra malaammaltummaa tumamanii jiru.[1]

Biyyoonni adda addaa konveenshinoota kanneen raggaasanii jiru, seeraa farra malaammaltummaa keessatti hammachisaniiru akkasumas qaama bilisaa ta'ee malaammaltummaa ittisuu, too'atu, qoratu fi himatu hundeessanii jiru.

Haaluma wal-fakkaatun,biyyi keenya miidhaa malaammaltummaan Misooma,Nageenya Bulchiinsa Gaarii Dimookiraasii fi Ol'aantummaa Seera irratti qaqqabsiisu ittisuuf,to'achuuf akkasumas dhabamsiisuuf jecha konveeshinii farra malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii fi Gamtaa Afriikaa raggaaftee jirti[2]. KNFM Sadarkaa Fedeeraalaa fi Naannoo Oromiyaatti hundaa'eera.[3]

Tumaalee konveeshinoota keessatti tumaman tokko tokko bifa haaraan labsiiwwan farra-malaammaltummaa labsii 881/2007 keessatti akka hammatamaan taasifamaniru. Labsii

[1]United Nation Convention Against Corruption. And Other International Instrument against Corruption
[2] United Nation Convention against Corruption Ratification Proc.No.544/2007,Negarit Gezeta
African Union Convention on Preventing and Combating Corruption Ratification Proc. No 545/2007,Negarit Gezeta
[3]Labsii KNFM Federalaa hundeessuuf Bahe Lakk.235/93(433/97 Kan Fooyya'e), Negarit Gezeta fi Labsii KNFMN Oromiyaa irra deebiin hundeessuuf bahe Lakk.197/2008, Magalata, Oromiyaa.

lakk.881/2007 haaraa keessatti yakkoonni malaammaltummaa yakkoota idilee irraa addaan bahanii tumaniiru.

Yakki malaammaltummaa uumama isaatiin addaa waan ta'eef labsiin seera adeemsa falmii fi ragaa farra-malaammaltummaa yakkootni malaammaltummaa ittiin qajeelfaman labsiin lakk.882/2007 labsameera.Qabsoo malaammaltuumaa irratti taasiifamaa jiru cimsuuf labsiin qabeenya beeksisuu fi galmeesiisuu lakk.668/2002 fi eeruu kennitoota fi ragoota yakkaatiif eegumsa taasisu lakk.699/2002 labsamaniiru.

Malaammaltummaa ittisuufi balleessuuf hojiilee hajjatamuu qaban keessaa isaan ijoo, seera yakka malaammaltummaa cimaa tumuufi qaama seera kana raawwachiisuuf gahumsa qabu hundeessuu yemmuu ta'an, isaanis kallattiiwwan qabsoo farra malaammaltummaa Konveenshinii Farra Malaammaltummaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii keessatti akeekaman keessaa isaan ol'aanoodha.

Labsiin lakk.881/2007 seensa isaa keessatti yakkoota malaammaltummaa seeraa yakkaa keessaa addatti baasuun labsiin tumuun sababa barbachiiseef yoo kaa'u 1^{ffaa} keewwatoonni malaammaltummaa seera yakkaa bara 1996 bahe jala jiran raawwii irratti rakkoo iftoominaa mul'atan furuf fooyyeessuun barbachiisuu isaa, 2^{ffaa} gochoonni yakkaa kan akka yakka malaammaltummaatti ilaalamu qaban kanneen akka qabeenya ummata irraa sassabame yookiin ummataaf jedhamee qabeenya sassabame irratti qaamota dhuunfaa qabeenyicha bulchaaniin yakki malaammaltummaa yeroo rawwatamu seerri yakkaa qixa sirriin haguuggii kan hin laanef ta'u isaa irraa kan ka'e, 3^{ffaa} biyyi keenya Itoophiyaan Konveenshinii Farra Malaammaltummaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii fi Konveenshinii Faccisafi Qabsoo Farra Malaammaltummaa Gamtaa Afrikaa mallatteessitee raggasifte yakkoota malaammaltummaa seektera dhuunfaa keessatti raawwatamaan akka yakka malaammaltummaatti labsamuu kan qaban ta'u konveenshinoonni kun waan dirqisiisaniif seericha kallatti kanaan fooyyeessuun waan barbachiiseef, 4^{ffaa} rakkoo raawwii keessatti mula'atan furuun haguuggiin seeraa akka jiraatu taasisuun qabsoo farra malaammaltummaa jajjabeesuun dirqama sadarkaa ardii fi idila addunyaatti biyyi keenya qabdu qixa sirriin bahachuu akka ishee dandeessisuuf, 5^{ffaa} Yakkoonni malaammaltummaa haala yeroo waliin ariitiin kan jijjiiramu waan ta'eef seerri yakkaa immoo haala salphaan fooyyeessuuf kan hin mijoofne waan ta'eef seera mataa isaa danda'ee labsiin tumaame qabaachuun rakkoo kana furuuf waan dandeessisuuf jechuun ka'a.

Seeroonni malaammaltummaa ittisuuf labsaman erga hojiira oolan as jijjiiramni gurmaa'insaa seeraan taasifamanii jiru.Fakkeenyaaf aangoon abbaa alangummaa fi poolisummaa labsiin koomishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa Federalaa kennameeture mana hojii abbaa alangaa fi poolisii federalaatiif deebi'ee jira. Bifuma walfakkaatuun, kan KNFM Oromiyaatiif keenamee ture mana hojii abbaa alangaa waliigala Oromiyaatiif deebi'ee jira. Kana malees, aangoo manneen murtii ilaalchisee labsiin fooyya'iinsi taasifamee jira. Itti dabaluun, jijjiirama seeraa fi hojimaataa akkasumas fedhii qaamoolee haqaa bira jiru irratti hunda'uun mata dureen leenjii kun sirna leenjii hojiirra yeroo dheeraa fi sirna leenjii hojiin duraa keessatti akka hammatamu ta'ee jira. Waan kana ta'eef, moojuuliin kun sababoota kanneen jiddu galeessa godhachuun akka fooyya'u ta'eera.

Akka waliigalaatti biyyi keenya malaammaltummaa ittisuu,too'achuu fi ittisuuf tarkaanfiin gama seeraatiin fudhatte kana yoo ta'u,qabsoon kun galma gahuu kan danda'u seerootni malaammaltummaa haala wal fakkaatuun ogeessoota seeraan hiikamanii hojii irra yoo oolan qofa ta'a.

Bu'uuruma kanaan moojuliin kun boqonnaa sadiitti qoodamee qophaa'ee jira. Boqonnaan jalqabaa seeroota farra malaammaltummaatiin wal qabatee dhimmoota jiran ilaallata. Boqonnaan kun yaad-rimee fi maalummaa malaammaltummaa kan ilaalu yoo ta'uu, Boqonnaa kana jalatti hiika malaammaltumma, amaloota addaa yakka malaammaltummaa, qajeeltoo waliigalaa yakka malaammaltummaa,tilmaama seera faayidaa yookiin nama miidhuuf yaaduu ilaallatan ilalamanii jiru. Boqonnaa 2^{ffaa} jalatti tumaalee gooree yakkoota malaammaltummaa labsii yakkoota malaammaltummaa lakk.881/2007 keessatti tumaaman kan xiinxalaman yoo ta'u, boqonnaa 3^{ffaa} jalatti immoo qorannaa , himannaa fi adeemsa falmii dhimmoota yakka malaammaltummaan wal qabatan tokko tokko ilaalamanii jiru.

Xumura Leenjii Kana Booda Leenjiifamtoonni:

- ✓ Hiika Malaammaltummaa ni hubatu,
- ✓ Amaloota yakka malaammaltummaa yakkoota idilee irraa addaa taasiisan addaan ni baafatu,
- ✓ Qajeeltoo waliigalaa yakka malaammaltummaa labsii yakka malaammaltummaa keessatti tumame ni hubatu,
- ✓ Maalummaa fi qabiyyeee tumaalee gooree yakkoota malaammaltummaa ni hubatu,

- ✓ Qorannaa, himannaa fi dhagaha dhimmoota yakka malaammaltummaan wal qabatan tokko tokko irratti hubannaa cimsachuun malaammaltummaa ittisuu fi too'achuu keessatti gahee isaanii ni bahatu.

BOQONNAA TOKKO

YAAD-RIMEE FI MAALUMMAA MALAAMMALTUMMAA

Seensa

Maalummaa malaammaltummaa fi yaad-rimeewwan isaan walqabatan hubachuun malaammaltummaa ittisuu fi too'achuu keessatti gahee qabu. Bu'uuruma kanaan boqonnaa kana keessatti hiika malaammaltummadhaaf qaamoolee fi seeroota adda addaatiin kenname akkasumas hiika akka idila-adduunyaatti fudhatama argatee,amaloota addaa yakka malaammaltummaa yakkoota idilee irraa adda isaani tasiisuu dhiibbaa malaammaltummaa saaxilu,qorachuu fi adabsiisuu irraatti qaban,qajeeltoo waliigalaa yakka malaammaltummaa akkasumas yaadni bu'uura tilmaama seeraa faayidaa yookiin nama miidhuuf yaaduu jedhaman ilaalamanii jiru.

Xumura boqonnaa kana booda leenjifamtoonni:

- ✓ Hiika malaammaltummaa kan labsii 881/2007 dabalatee ni hubatu,
- ✓ Amaloota yakka malaammaltummaa yakkoota idilee irraa addaa taasiisan addaan ni baafatu,
- ✓ Yakkoota malaammaltummaa haala salphaa ta'een saaxiluu, qorachuu fi adabsiisuu irratti dhiibbaa amalootni yakkoota malaammaltummaa qaban ni hubatu,
- ✓ Qajeeltoo waliigalaa yakka malaammaltummaa labsii lakk.881/2007 keessaatti tumame irratti hubannaa gabbifachuun maalummaa tumaalee gooree yakka malaammaltummaa caalamattini hubatu.

1.1.Hiika Malaammaltummaa

Jechi malaammaltummaa jecha Afaan Laatinii "*corruptus"* jedhamu irraa kan fudhatame yoo ta'u, hiikni jecha kanaas *"cabsuu"* jechuu dha.[4] Egaa maddi jecha malaammaltummaa jecha Afaan warra Laatinii yoo ta'u, Kuusni jechootaa,Barruuleen,Dhaabbileen,Seeroonni sadarkaa Idila-addunyaatti fi Biyyootatti jiran malaammaltummaa fi gochoota yakka malaammaltummaa waliin wal qabataniif hiika adda addaa yommuu kennan ni mul'ata.Guboonni jechoota 'Oxford fi Merriam Webster' jecha malaammaltummaa jedhu akka itti aanutti wal duraa dubaan hiiku." Dishonest or fraudulent conduct by those in power" and "dishonest or illegal behaviour especially by powerful people" jechuudhaan hiikoo itti kennanii jiru. Akka hiika kanatti malaammaltummaan amala badaa namoota aangoo qaban

[4]Collin Nicholls Qc,Tim Daniel,Martin Polaine,John Hatchard
Corruption And Misuse Of Public OfficeFirst Published 2006,New York , United States Of America Pp.1

irraa mul'atu ykn naamusa badaa ykn gocha seeraan alaa namoota kanaan raawwatamu ta'uu agarsiisa.

Itti dabaluun, dhaabbileen idil addunyaa garaagaraas malaammaltummaaf hiika kennu yaalanii jiru. Baankiin addunyaa malaammaltummaa jechuun "use of public office for private gain" jechuudha jedhee hiikeera.Akka hiika kanaatti malaammaltummaa jechuun aangoo ykn itti gaafatamuummaa mana hojii mootummaa fi ummataan namatti kenname faayidaa ofiif oolfachuu jechuudha.Hiikni baankichaan kenname malaammaltummaa seektara mootummaa keessatti abbootii taayitatiin, siviil sarvaantiin ykn abbootii siyaasaatiin raawwatamu irratti xiyyeeffata.Hiikni kun seektara dhuunfaa keessatti malaammaltummaa raawwatamu hin hammatu.

Kana malees, dhaabbanni the *Organisation for Economic Co-operation and Development (OECD)* jedhamu immoo malaammaltummaa jechuun "*the abuse of a public or private office for personal gain"* jechuu akka ta'etti hiikoo itti kennee jira. Kunis malaammaltummaa jechuun aangoo mana hojii mootummaa ykn jaarmiyaa dhuunfaatiin namatti kenname faayidaa dhuunfaaf jecha gar-malee fayyadamuu jechuudha. Hiikni kun malaammaltummaan mana hojii mootummaa fi dhaabbilee dhuunfaa keessatti raawwatamuu akka danda'u agarsiisa.

Itti dabaluun, dhaabbni miti mootummaa Transparency International (TI) jedhamu immoo malaammaltummaa haala baankii addunyaa fi OECD irra adda ta'een bal'isuun hiikee jira.Akka dhaabbata kanatti malaammaltummaa jechuun aangoo ykn itti gaafatamummaa amanaadhaan namatti kenname faayidaa dhuufaatiif oolfachuudha "*the abuse of entrusted power for private gain''*.Hiikni kunis fakkeenyaaf, akaakuu malaammaltummaa akka mattaa'aa fudhachuu, fandii qisaasuu, walitti bu'iinsa faayidaa irratti hunda'uun murtii muteessuu hojii raawwachiisaa ol' aanaa ykn itti gaafatamaa faayinaansii investarootaa fi boordii daayirektarootaatiin raawwatamuu danda'u hammateera. Hiika kana keessatti jechi *''entrusted power''* jedhu bal'aa waan ta'eef malaammaltummaa dhaabbilee misooma mootummaa, jaarmiyaalee amantaa kanneen biroo keessatti raawwatamuus hammachuu akka danda'u barreeffamoonni dhimma kana irratti barreeffamani ni ibsu.

Hiika guboo jechootaa fi dhaabilee garaagaraan kennaman akkuma jiruti ta'ee hiika seeraan kennamees ilaalaluuf yaalameera. Isaan keessa tokko konveenshiniin farra malaammaltummaa moootummoota gamtoomaniin yoo ta'u, konveenshiniin kun gochoota

yakka malaammaltummaa tumuu irra darbee malaammaltummaaf hiika hin laanne. Haa ta'u malee, Konveenshinichi yakkoota malaammaltummaa kanneen akka matta'aa (kwt 15, 16 fi 21), qisaasama seektara mootummaa fi dhuunfaa keessatti raawwatamu (kwt 17 fi 22) , dhagahama qabaniin daldaluu(kwt 18), aangootti gar-malee fayyadamuu (kwt 19), badhaadhina seeraan alaa (kwt 20), maallaqaa fi qabeenya maddi isaa hin beekamne (kwt 23), qabeenya malaammaltummaan argame dhoksuu (kwt 24) fi hojii bulchiinsa haqa yakka malaammaltummaa gufachiisu (kwt 25) jalatti tumee jira. Tumaale kanneen ilachisee Yakki malaammaltummaa mattaa'aa, qisaasama raawwachuu seektara mootummaa fi dhuunfaa keessatti kan raawwatamu ta'uu; yakki aangoo gar-malee fayyadamuu fi dhagahama qabaniin daldaluu immoo seektara mootummaa qofa keessatti kan raawwatamu ta'uu barreeffamoonni dhimma kana irratti barreefffamni ni addeessu.

Dabalataan, hiikaa seeroota idil addunyaan malaammaltummaf kenname calmaatti hubachuuf Konveenshiniin Farra malaammaltummaa Gamtaa Afriikaa Itiyoophiyaan raggaaftes ilaalameera.Konveenshinichi kwt.1 jalatti jecha malaammaltummaa jedhuf hiika yoo kennu akka armaan gadii kanaan:

"Corruption"means the acts and practices including related offences proscribed in this convention."

Malaammaltummaan gochoota fi hojimaata malaammaltummaa fi yakkoota malaammaltummaan walqabatan konveenshinicha keessati ibsaman jechuudha (hiikni kan barreessaa moojilichaatti). Akkasumas Konveenshiniin kun yakkoota malaammaltummaa mattaa'a kennuu, fudhachuu, qabeenya malaammaltummaan argame: jijjiiruu, itti fayyadamuu, qabatanii argamuu, jaarmiyaa siyaasaa gargaruu, qabeenya maddi isaa hin beekamne qabatanii argamuu fi malaammaltummaa seektara dhuunfaa keessatti raawwatamu akka hammatu *kwt...4, 6,8,10, fi 11* irraa akka wal duraa duuba isaanitiin ni hubatama. Konveesnshiniin kun yakka malaamatummaa seektara dhuunfaa keessatti raawwatamuu danda'an tumuu irra darbee dhaabbata dhuunfaaf (Private Sector) hiika kennee jira.Akka dhaabbata dhuunfaa jechuun seektara abbaan qabeenyummaa isaa Nama dhuufaa jala jiru ta'ee omishini isaa abbootii taayitaa fi seekatara dingdee birootiin too'atamu osoo hin taane seektara gabaadhaan too'atamuu fi mootummaa jala hin jirre jechuun hiikee jira.

Asii olitti ilaaluudhaaf akkuma yaallameetti malaammaltummaan gosa adda addaa waan qabuuf, akkuma gosa isaatti hiika bal'aa qaba.Haa ta'u malee,hiikni malaammaltummaa akka

idila-addunyaatti biyyoota hedduu biratti fudhatama argate ni jira. Kunis akka itti aanutti ibsamee jira.

> *"Corruption is the offering, giving, soliciting or acceptance of an inducement,promise,or reward; the making of threats or the use of intimidation,in words or in behaviour;exerting influence by the abuse of authority or its inconsistent application;which may improperly influence the actions subsequently taken,or not taken,by a body,its members,or its officers;for the benefit or competitive advantage of self or another."*[5]

Hiikni akka adduunyaatti fudhatama argate kun malaammaltummaan faayidaa ofiif yookiin qaama biraaf argamsiisuuf jecha kennaa, qabdii, waadaa dhiheessuu, kennuu, ykn gaafachuu ykn fudhachuu, humnaan dirqsiisuu ykn afaaniin ykn mallattoodhaan sodaachisuu ykn angootti seera ala fayyadamuudhaan dhiibbaa uumuu, yookiin gocha aangoo kennameen faallaa ta'e qaama ta'e tokkoon, miseensaa ykn hojjeetaa qaama kanaatiin raawwatamuu jechuu akka ta'e ni ibsa. (Hiiknikan barreessaa moojuulii kanaati)

Akka waliigalaatti hiika kuusaa jechootaa, dhaabbileen, konveeshinoota fi seeroota kanneeniin kenname irraa kan hubatamu malaammaltummaa jechuun matta'aa ykn gabbarsuu fudhachuun,loogiidhaan hojjechuudhaan,aangoo ykn taayitaa namatti kenname faayidaa dhuunfaatiif oolfaachuun seeroota,dambiiwwan,qajeelfamoota ykn hojimaata cabsuudhaan dhugaa,murtii ykn haqa jallisuu akka ta'e;gochi malaammaltummaa fi yakkoonni malaammaltummaa waliin wal-qabatan mana hojii mootummaa fi dhaabbilee dhuunfaa keessattiis raawwatamuu akka danda'an akkasumas yakki malaammaltummaa hojjeetaa mootummaatiin ykn nama kamiin iyyuu raawwatamuu akka danda'uu ni hubatama.

Gama hiika seeroota biyya keenyaa yoo ilaallu Labsii Deemsa Falmii fi Ragaa addaa Farra Malaammaltummaa Lak.434/97, Kwt.2(1) fi 57(1) irratti hiikkoon malaammaltummaaf kenname isaan hojjechaa kan turre yeroo ammaa labsii 882/2007'n kwt.2(1) tiin fooyya'ee jira. Labsiin kun yakkoota malaammaltummaa jechuun yakkoota malaammaltummaa Labsii Yakka Malaammaltummaa 881/2007 keessati tumamani jechuun tumeera.Kana malees, labsii 881/2007 kwt.4(1) jalatti kallatiidhaan yakka malaammaltumaatiif hiika laachuu baatus yakki malaammltummaa hojjeettoota mootummaatiin ykn hojjeettoota jaarmiyaa ummataa keessaa jiraniin ykn namoota kamiin iyyuu raawwatamuu akka danda'u ibsa. Tumaan kun qaawwaa seera yakkaa bara 1996 bahe kwt.404 fooyyessuurra darbee Dhaabbattoota

[5]Pirofile Of The Federal Ethics And Anti Corruption Commission,March,2010 Addis Ababa Ethiopia, Pp-12

dhuunfaa, keessattuu maallaqa uummata irraa ykn tajaajila uummataaf walitti qabaniin, gocha yakka malaammaltummaa warra kaaniin walfakkaatu raawwatan hammachiisuun labseera.

Gaaffilee Marii

1. Hiika malaammaltummaaf kennamu biyyaa biyyatti garaagarummaan qabachuun dhiibbaa gama malaammaltummaa ittisuu fi too'achuutiin qabu maal akka ta'an tarreessuun ibsaa itti laadhaa!
2. Hayyoonni malaammaltummaa irratti qorannnaa gaggeessan malaammaltummaan sadarkaa Nama dhuunfaa fi dhaabbatatti kan raawwatamu ta'uu ni ibsu. Namni dhuunfaa naamusa dhuunfaa ykn naamusa ogummaatiif bitamuu dhiisuun faayidaa argachuu malaammaltummaa raawwachuu ni danda'a waan ta'eef qo'annaan malaammaltummaa irratti taasifamu namoota "bad apples" (individual misbehaviour) irratti xiyyeeffachuu qaba jedhu. Gama biraatiin Toompsan fi Leesing malaammaltummaan dhaabbilee kaayyoo isaan hundaa'aniif akkaataa faalleessuun gurmeessuun raawwatamuu ni danda'a waan ta'eef qo'annaan malaammaltummaa irratti gaggeeffamu gurmaa'iinsaa fi hojimaata dhaabbilee "bad barrel" (distorting institutional practices and mechanisms) irratti malee amala badaa namoota dhuunfaa irratti xiyyeeffachuu hin qabu yaada jedhu qabu.

a) Hanqinaa fi cimana yaadoota kanneenii madaalaa!
b) Garaagarummaa malaammaltummaa nama dhuunfaatiin raawwatamuu fi sadarkaa sirnaatti raawwatamu maal fa'aa?
c) Malaammaltummaan sadarkaa sirnaatti raawwatamu akka biyya keenyaati jiraachuu fi dhiisuu isaa fakkeenyaan deeggaruun mari'adhaa!

1.2. Amaloota Addaa Yakka Malaammaltummaa

Yakki malaammaltummaa yakkoota idilee akka ajjeechaa, dirqisiisuun gudeeduu, hanna, arrabsoo fi kkf irraa adda akkasumas wal-xaxaadha.Qabxiiwwaan bu'uuraa yakka malaammaltummaa yakka idilee irraa adda fi wal-xaxaa isa taasiisan kanneen itti aanaanii ibsaman kanadha.[6]

[6]Malaamaltummaa fi namusaa:barreeffama KNFM Fedeeralatiin bara, 2001 A.L.I qopha'e fuula 2-3

A) Tooftaa Raawwii Isaa

Yakkoonni idilee jibbiinsa, haaloo bahuu yookiin wal-dhabbii fi fedha dhuunfaa irraa maddu.Miidhamtoonni gocha yakkoota kanaaf saaxilaman namoota dhuunfaa ykn garee waan ta'aniif yakkoota kanaan haala salphaan saaxiluu, qorachuu fi adabsiisu ni danda'ama.Yakki malaamaltummaa garuu jibbiinsaan yookiin miira hamaa keessa seenuu osoo hin taane iccitii fi of eeggannoo ol'aanaadhaan raawwatama.Sababaa kanaan ragaa argachuuf ni rakisa.Shakkamaan ashaaraa qorannoof ka'umsa ta'u danda'u faana isaa balleessuudhaaf humna waan qabuuf kun yakkoota idilee irraa adda isa taasiisa.

B) Namni Yakka Malaammaltummaa Irratti Hirmaate Hundi Ija Seeraatiin Yakkamaa Ta'uu Isaa

Yakki malaammaltummaa namoota tokkoo ol hammata. Walitti hidhamiinsi kan uumamuu hojjeetaa irraa fi gadee jiran jidduu ykn itti gaafatammaa fi raawwataa ykn Murtii kennaa fi murtii fudhataa jidduti ta'uu danda'a. Isaan kun immoo iccitii kan beekan qofaa isaanii waan ta'aniif faayidaa isaaniif jecha ragaa hin kennan, ija seeratiin lamanuu akka gaafataman waan beekaniif iccitii hanga dhumaatti ni eegu malee yakkicha hin saaxilan.Fakkeenyaaf, matta'aa.Matta'aa kennaan gama isaatin faayidaa seeran ala argateef faayida addaa matta'aa fudhataaf kenna.Gareen lamaanuu fayyadamoo waan ta'aniif iccitii eeguudhaf ni dirqamu. Waan kana ta'eef yakka kana saaxiluu, qorachuu fi balleessitootaa dabsiisuun ni ulfaata.Gama biraattin yakka idilee ilaalchisee walitti hidhamiinsi akkana waan hin jireef namni miidhaan irra gahe qaamoota haqaaf waan eeruu fi saaxiluuf yakkoota akkana qorachuu fi himaachuuf nama hin rakkisu.

C) Kallattiin Yakkichaan Miidhamaan Jiraachuu Dhabuu

Akka yakkoota idilee miidhaa fi miidhamaan kallattiin hin jiru.Hirmaattonni lameenuu yakkicha irraa fayyadamoo waan hin taaneef gocha miidhaan raawwate miidhaman waan saaxiluuf yakkicha qorachuu fi himatamaa adabsiisuun nama hin rakkisu.Yakka malaammaltummaa ilaalchisee hirmaattoonni lameenuu fayyadamoo ta'u ykn gochaa yakkaatin ni quufu.Bu'aa kan argatee ykn kan itti quufe dhoksuu itti fufa malee hin saaxilu.Waan kana ta'eef, yakki malaammaltummaa yakkoota idilee irraa baayy'ee adda ta'a.

D) Naamoota Raawwiin Yakkichaa Akka Hin Beekamne Gochuu Danda'aniin Raawwatamuu Isaa

Namoonni yakka malaammltummaa irratti hirmaatan seeraa fi hojimaata waan beekaniif haala seera wali hin faalleesine fi tooftaa qindaa'een raawwachuu danda'u.Kanaaf saaxiluun rakkisaa ta'a. Namoonni yakka malaammaltummaa ol'aanaa ta'e irraatti hirmaatan warra aangoo qaban ykn humina mallaqaa qabanii waan ta'eef ragaa balleessuuf,ragoota fi namoota biroo sodaachiisuu,Mallaqaan sosobuun yakki raawwatan akka hin saaxile taasiisuu danda'u.Mallaquma saamaniin akka hin himatamne, hin adabamne abukaatoo beekamoo qaxarachuun m/murtii irratti dhiibba uumuu fi falmiin olaantummaa argachuun bilisa bahuu danda'u.

Namoonni yakka idilee raawwatan baayy'een isaanii namoota dhuunfaa ykn gareewwan sadarkaa jireenyaa giddu galeessaa fi gad-aanaa irrati argamaniidha.Isaan kun humna yakki akka dhokatu gochuu qabaachuu dhiisuu waan danda'aniif haala salphaa ta'een saaxilamuu fi adabamuu danda'u.

E) Dhimmichaaf Abbaan Jiraachuu Dhabuu

Yakki malaammaltummaa miidhaan kallattiin nama dhuunfaa ykn garee irraan gahu jirachuu dhabuu danda'a.Miidhaan biyyaa fi uummata irratti geesisu garuu ol'aanaadha.Sababaa kanaaf namni dhuunfaa ykn gareen kallattiidhaan miidhamoo waan hin taaneef namni yakkichi otoo raawwatamee naa ilaallata ykn dhimma kiyya jechuun qaama ilaalatuuf eeruu fi ragaa barbachisaa ta'e dhiyyeessuun akka qoratamu fi balleessitoonni akka adabaman taasiisan dhabamuu danda'u.Sababa kanaan yakkichi osoo hin qoratamne haalli itti awwaalame hafu baayy'eedha.Haalli Kun yakki malaammaltummaa amala addaa qabaachuu isaa agarsiisa.

Yakkoonni idilee garuu kallattiidhaan nama dhuunfaa ykn garee irraan miidhaa qaqqabsiisu.Qaamni miidhaan irra gahe gochicha seeraaf dhiyeessuu fi ragaa yookiin odeefannoo qaama seeraaf kennuun dhimmichi awwalamee akka hin hafne ni taasiisa.

F) Namoota Biratti Akka Salphinaati Ilaalamuu Dhabuu

"Yeroo mudamee kan hin nyaatin gaafa gad-lakkise gaabba" mammaaksi jedhu biyya keenyaati baratamaadha.Makmaaksi kun malaammaltoonni akka jajjabatan taasiisa.Gama biraatiin, nama saaxiluu yaalee waanyoo, farra jireenya jechuun abaaru kunis ni jajjabeessa.

Bakka malaammaltoonni jajjaabeefanii ykn faarfamuutti fi namoon qulqulluun abaramaniitti yakka malaammaltummaa saaxiluu, qorachuu fi balleessitoota seeraatti dhiyyeessuudhaan adabsiisuun hin danda'amu.Sababni Kun yakka malaammaltumma yakkoota idilee irraa adda taasiisa.

Hawwaasni yakkoota akka ajjechaa, dirqisisanii gudeeduu fi kkf raawwatamuu isaanii yoo dhagahe yoo balaaleefatu ni mul'ata. Balleessittoonni ariitiidhaan seeratti dhiyyaatanii akka adabaman deeggarsa gochuu danda'a. Deeggarsi akkanaa yoo jiraate yakka raawwatame salphaatti baasuu fi balleesitoota adabuuf salphaa ta'a.

G) Daangaa Cehuu Isaa

Namoonni yakka malaammaltummaa kan raawwatani karaa sirrii hin taaneen ykn seeraan ala addunyaa fi qabeenyaa horachuuf.Gaafa qabeenyi guddachaa deemee biyya isaa irra darbee daangaa biyyoota biroo seenuun humna uumuun yakkoota akka shororkeesummaatiif gumaachaa gochuun tajaajiluu danda'a.Yakki malaamaltummaa daangaa yoo cehe dhaaabbilee idila-addunyaa ykn namoota waliin walitti hidhamiinsaa uumuudhaan seeraa dahoo godhachuudhaaan raawwatamuu waan danda'uuf tooftaan raawwii yakkichaa wal-xaxaa taasiisa.Yakkooota idilee ilaalchisee kaayyoo ijoon namoota yakkoota kana raawwatanii haloo bahuu ykn yakka raawwachuuf namoota dhuunfaa biyya keessa jiran akka miiltootti ykn gargaraatti fayyadamuu irra darbee akka namoota yakka malaammaltummaa raawwaatanii daangaa cehuun hirmaattota ykn miiltoo gurmeessuu hin danda'an.

H) Jaarmiyaa Firaa Yookiin Hiriyaatti Fayyadamuu

Malaammaltoonni malaammaltummaadhan qabeenya ol'aanaa ta'e horatan illee jireenya ykn galii isaanii irratti jijjiramni tokko illee isaan irraa mul'achuu dhiisuu danda'a.Maqaa maatii ykn hiriyaa isaanitiin hojii daldalaa hojjechuu akkasumas maallaqa malaammaltummaan argatan akaawuntii maatii ykn hirriyoota isaaniitti dhoksaan kuusuun itti fayyadamuu danda'u.Sababa kanaaf yakkicha saaxiluu fi balleessittoota adabuuf ni ulfaata.

1.3. Qajeeltoo Waliigalaa Yakka Malaammaltummaa

Labsiin 881/2007 kwt. 4 jalatti qaawwaa seera yakkaa bara 1996 bahe kwt.404 fooyyessuurra darbee Dhaabbattoota dhuunfaa, keessattuu maallaqa uummata irraa ykn tajaajila uummataaf walitti qabaniin, gocha yakka malaammaltummaa warra kaaniin walfakkaatu raawwatan hammachiisuun labseera.

Labsiin kun kwt.2(4) jalatti Jaarmiyaa uummataa kan jedhaman miseensota ykn uummata irraa tajaajila hawaasummaaf jedhamee maallaqa walitti qabameen qabeenya adda addaa qaama bulchuu fi Kubbaaniyoota rogummaa qabanis akka dabalatuu dha.Garuu jaarmiyaa amantaa, jaarmiyaa /Paartii/ siyaasaa, Jaarmiyaa Idil addunyaa, Idirii, fi amala aadaa ykn amantaa kan ofi keessaa qabu hin dabalatu jechuun tumeera.

Gara qajeeltoo waliigalaa yakka malaammaltummaatti yeroo deebinu keewwatti 4 akka armaan gadii kanatti ka'a. Kunis:

Article 4 Principle

1. Any public servant or employee of a public organization or any other person who commits any one of the offenses characterized as corruption in sub-article 2 of this article shall be subject to the punishments prescribed for such offences.

2. Any public servant or employee of public organization who, with intent to obtain for himself or to procure for another an undue advantage or to procure for another an undue advantage or to injure the right of another, directly or indirectly, accepts or solicits an undue advantage by performing his responsibility or duty improperly; or who, in any other way, misuse the responsibility or public trust vested in him to procure an undue advantage for himself or another; or

Any person who, with intent to obtain for himself or to procure for another an undue advantage or to injure the right of another, promises, offers, gives or agrees to give an undue advantage to a public servant or employee of public organization; or

Any person, who gives, or any public servant or employee of public organization, who accepts, an undue advantage in consideration for an act of public office, public enterprise or public organization properly performed or to be performed, shall be deemed to have committed crimes of corruption and be liable to the punishments prescribed.

3.Any puplic servant or employee of a puplic organization convicted of corruption crime shall, in addition to the punishment under the infringed provision:

a) forfeit the profit, interest, money or property unlawfully obtained or pay its equivalent value where the profit or property is not found;

b) pay compensation proportionate to the damage sustained by the puplic office or Puplic organization or Puplic enterprise although he has not obtained any advantage from the offence of corruption.

4. The provisions of paragraphs (a) and (b) of sub-article (3) of this article shall apply to anyone who obtains undue advantage or causes damage to the property of a puplic office, puplic enterprise or puplic organization due to his relationship with a puplic servant or employee of a puplic organization.

Keewwata labsichaa armaan olii kana irraa akka hubatamutti gocha seerri yakka malaammaltummaa yakkadha jedhee tume namni raawwate kamiyyuu adabbii isaaf ka'ame irratti raawwatamuu akka qabu, gochii malaammaltummaa raawwatame kallattiidhaan/al-kallattiidhaan, bu'aa hinmalle argachuuf/argamsiisuuf ykn bu'aa/mirga nama biraa miidhuuf, yaaduudhaan,waan gochuu qabu gochuu dhiisuun ykn waan gochuu hinqabne gochuudhaan, Itti gaafatamummaa ykn imaanaa isatti kenname karaa hinmalleen kan itti gargaarame ykn hojiirra oolche gocha yakka malaammaltummaa raawwateef yakkaan gaafatama. 'Akkasumas bu'aa yakkicha irraa argamuu akka dhaalamu fi beenyaa miidhaa qaqqabuuf illee akka kaffalamuu ta'a.

Qabxiin itti aansee furmaata argachuu qabu hojjetaan mootummaa eenyu kan jedhu ilaaluun barbaachisaadha. Labsiin 881/2007kwt.2 (2) hiika isaa yoo ka'u hojjetaa mootummaa jechuun**,** mana hojii mootummaa ykn jaarmiyaa misooma mootummaa keessati qacaramee, muudamee, ramadamee ykn uummataan filatamee dhaabbiidhaan ykn yeroodhaaf nama hojii hojjetuudha jedhe tumeera. Bu'uura hiika kanaan hojjetaa mootummaa jedhamuuf mana hojii mootummaa yookiin jaarmiyaa misooma mootummaa keessaa hojjechuun barbaachisaadha. Hojjetaan mootummaa miseensoota mana marii, muudamtoota (ministeeroota, hojii adeemsistoota fi kkf) fi qacaramtoota (ogeessoota herregaa, eegumsaa fi kkf) hunda ni hammata.

Gama biraan labsiin 881/2007 kwt.2(5) jalatti hojjetaa jaarmiyaa uummata jechuun Dhaabbataadhaan ykn yeroodhaaf jaarmiyaa uummataa keessatti ramadamee, qacaramee, ykn miseensummaadhaan filatamee kan hojjetu ta'ee, geggeessaa dhaabbatichaa, miseensa boordii daayireektrichaa, Gamtaa Akisiyoonichaa ykn nama jaarmiyaa tola ooltotaa qindeessuu ykn koree isaas ni dabalata.

Jaarmiyaa uummataa kan jedhaman miseensota ykn uummata irraa tajaajila hawaasummaaf jedhamee maallaqa walitti qabameen qabeenya adda addaa qaama bulchuu fi Kubbaaniyoota rogummaa qabanis akka dabalatuu dha. Garuu jaarmiyaa amantaa, Paartii siyaasaa, Jaarmiyaa

Idil addunyaa, Idirii, fi amala aadaa ykn amantaa kan ofi keessaa qabu hin dabalatu jechuun 'Labsiin kuni keewwati 2(4) tumeera'. Jaarmiyaaleen kunniin qabeenyaa uummataarra walitti qabame kan bulchan ta'an illee, hiika jaarmiyaa uummataaf kenname keessatti hin hammataman. Jaarmiyaale kunniin labsichaan sababa hin hammatamneef ibsi labsicha irratti kenname ilaaluun barbaachisadha. Fakkeenyaaf, dhaabbilee idil addunyaa ilaalchisee dhaabbileen kunnuun waliigaltee biyyoota jidduutti taasifamuun biyya keessatti hojjetu; mirga himatamuu dhabuu (immunity) qabu; akka itti gaafataman sochiin taasifamu bu'aa qabeessa ta'uu hin danda'u; misooma biyya keenyaati gufuu ta'uu danda'a; isaan gaafatama gochuun faayidaan biyyi keenya argatu caalaa miidhaa isaatu caala waan ta'eef labsicha keessatti hammatamuu hin qaban jedhamee ibsameera. Itti dabaluun, Afooshaa, Iqubii fi waldaalee aadaa fi amantaa ilaalchisee qabeenyi sochoosan gad-aanaadha; hojimaata baasii fi galii cimaa ta'e hin hordofan; ragaa barruu fi namaa argachuun ni rakkisa; miseensa xiqqaa qabu; galmee irratti qulqulleessuun murtii itti kennuuf qabeenya , humnaa fi yeroo qisaasamu waliin wal hin gitu waan ta'eef yakka malaammaltummaan adabsiisuu caalaa tumaalee seera yakkaa idileen keessummeessuu wayya ejjennoon jedhu qabame hiika jaarmiyaa uummataa keessatti akka hin hammatamne fi malaammaltummaan akka hin gaafatamne taasifamee jira.

Haa ta'u malee, dhaabbilee idil addunyaa (public international Organization) ilaalchisee Konveenshiniin farra malaammaltummaa mootummoota gamtoomanii biyyoonni konveenshinicha raggaasan mattaa'aa abbootii taayitaa dhaabbilee idil addunyaaf kennuu ykn fudhachuu ykn gaafachuu yakka malaammaltummaa taasiisuun tumuu akka qaban kwt 16 (1)(2) jalatti tumee jira. Kana malees, konveenshinichi kwt 2 (c) jalatti abbootii taayitaa kanaan hiika laatee jira. Abbootiin taayitaa daabbilee kunniin hojjetoota siivilii ykn nama kam iyyuu dhaabbaticha bakka bu'uun hojjetu akka ta'e tumamee jira. Kanaafuu, abbootiin taayitaa dhaabbilee idil addunyaa matta'aa fudhatan ykn gaafatan ykn kennameef seeraan kan tumame yoo ta'e ni gaafatamuu jechudha.

Seera yakka malaammaltummaa labsii 881/2007 kwt.2 (1) jalatti mana hojii mootummaa jechuun mana hojii Federaalaa yookiin Naannoo guutumaan guutuutti ykn walakkaan baajata mootummaatiin kan bulaniidha. Baajata mootuummatiin buluun akka ulaagaa ijootti ilaalamuu qaba.Mana hojii mootummaa jedhamuuf baajatni hundinuu mootummaan haguugamuu hin qabu.Baasiiwwan walakkaan bajataa mootummaatiin haguugamuun mana hojii mootummaa jedhamu isaa hin hambisu.Bu'uurra hiika labsii kanaa kwt.2 (3) Jaarmiyaa

misooma mootummaa jechuuf ulaagaan ilaalamu qabu Mootummaan Fedeeraalaa ykn Naannoo guutummaan guutuutti ykn walakkaan gahee keessaa qabaachuu qaba.

Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa ummataa keessa hojjatu ykn namni kamiyyuu yakka malaammaltummaa raawwatan jedhamanii seeraan gaafatamuuf ulaagawwan labsii 881/2007 kwt.4 (1)(2) jalatti kaa'aman guutamuu qabu.Bu'uura tumaa kanaan waraabbii Afaan Ingiliiffaa olitti ibsame irraa akka hubatamutti hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa **karaa sadiin** yakka malaammaltummaa raawwachuu danda'a

A) Faayidaa Gaafachuu Ykn Fudhachuu

Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa faayidaa hin malle ofiif argachuuf ykn nama biraatiif argamsiisuuf Itti gaafatamummaa ykn hojii itti laatameen waan hojjechuun irraa eeggamu hojjechuu dhiisuun ykn hojjechuu kan hin qabne hojjechuuf nama biraa irraa faayidaa fudhachuun ykn gaafachun isaa yoo mirkanaa'e yakka malaammaltummaan gafaatamuu ni danda'a.Itti gaafatamummaa qabuun gochi akka raawwatu irraa hin eeggamne jiraachuu danda'a. Akka hiika kanaatti hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa tokko yakka malaammaltummaa raawwateera jechuuf gocha seeraan dhoorkame raawwachuu *(commission)* ykn gocha seerri akka raawwattu ajaju raawwachuu dhabuu *(omission)* ykn faayidaa gaafachuu ykn fudhachuu bakka tokkotti ilaalamu qabu. Faayidaa jecha jedhu hubachuuf hiika labsii 881/2007 kutaa tokko kwt. 2(13) (a-g) jalatti kenname ilaaluun barbaachisadha. Akka tumaa kanatti faayidaa jechi jedhu faayidaa ykn tajaajila maallaqan shallagamuu danda'uu fi maallaqan shallagamuu hin dandeenye hammata. .

B) Aangootti Karaa Seera Ala Ta'een Fayyadamuu

Yakki malaammaltummaa faayidaa osoo hin gaafanne ykn hin fudhanne ofiif ykn nama biraaf faayidaa argamsiisuu jecha aangooti ykn imaanaa uummataa haala hin taaneen itti fayyadamuudhan raawwatamuu danda'a. Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa aangoo fi qabeenya harka isaa gale faayidaa dhuunfaatiif ykn garee biraaf oolchuu danda'a.Fakkeenyaaf, aangooti fayadamuudhan sanda sobaa qopheessuun kaazinaa mootummaa ykn uummataa keessaa maallaqa fudhachuun faayidaa dhuunfaaf ykn Nama biraaf oolchuu ni danda'a.[7]Kana malees, hojjetaan mootummaa tokko aangoo karaa seera ta'een fayyadamuun filannoo irratti deeggarsa argachuuf jecha qabeenyawwan mootummaa namoota dhuunfaaf kennu ykn kaffaluu; firootaofiif looguu, hojii fi faayidaalee

[7] Malaammaltummaa fi Naamusa: KNFM Feederalaatiin (2001 A.L.I.)

biroo hirriyootaa ykn namoota walitti dhiyeenya qabaniif kennuu, tajaajila kennuuf fedhii qunnamtii saalaatiif affeeruu, gaaffii dhiyyeessuu ni danda'a.[8]

C) Hojii Karaa Seeraan Raawwatamef ykn Gara Fuula Duraatti Seeraan Raawwatamuuf Faayidaa Hin Malle Fudhachuu

Kana ilaalchisee hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataagaafa hojii isaa raawwatu seerri cabsu hin jiru.Hojiin kan raawwate akkaata seerri fi dambiin ajajuun. Yakki gosa akkanaa hojii hojjechuu qabu ykn seerri ajaju hojjechuu dhiisuu (Omission) ykn Hojii seerri dhorku (commission) kan jennu hojjechuun yakka raawwatamu utuu hintaane 'kan seerri dhorke utuu hincabsiin ykn kan seerri ajajes utuu irraa hinjallatiin karaama seera qabeessaan raawwachuudhaan 'utuu mootummaan ykn dhaabbti uummataa' kaffaltii barbaachisu raawwataafii jiruu dabalataan tajaajilamaa irraa warra fayidaa barbaadanii dha.Fakkeenyaaf, tajaajilaaman taaksii irraa barbaadamu akka kaffalu gochuu ni danda'a.Tajaajila kanaaf tajaajilamaa irraa faayidaa gaafachuun fudhachuu danda'a.Haa ta'u malee, hojjetaan mootummaa hojii akkaata seeraatiin hojjetameef kaffaltii seeraan hayyamamee fi mootummaan kaffalamuuf ala faayidaa biraa fudhachuu hin qabu.Kana kan raawwatu yoo ta'e yakka malaamaltummaa ta'a jechuudha.Keewwaticha jalatti gaaleen faayidaa Nama biraaf hojjechuu jedhu jira.Fakkeenyaaf, gocha seeraan alaa hojjetaan mootummaa raawwatuun faaydicha kan argatu ijjoolee ykn fira isaa ta'uu danda'a.Ilmaan isaa carraa barnootaa akka argatan tasifameera ta'a ykn tajaajila yaala bilisaa argachu danda'u ta'uu danda'a.

Qajeeltoo kwt. 4 labsii 881/2007 ta'ee keessaati gaaleen "faayidaa hin malle argachuuf" jedhu ibsa kan barbaadudha.Labsiin kun kwt.2 (14) faayidaa hin malle ykn faayidaa karaa hin malleen argame jechuun hiika.Haa ta'u malee,faayidaa hin malle faayidaa malu waliin wal cinaa qabuun hiikun ni danda'ama.Hojjetaa mootummaatiif ykn hojjetaa jaarmiyaa uummataatiif mindaa fi hojii isaatiin wal qabatee fayidaan seeraa fi qajeelfamaan deggaramee argatu fayidaa maluudha.Hojii mootummaa hojjechuu isaatiif dabalataan faayidaan tajaajilamaa irraa fudhatu faayidaa hin mallee jedhamu ni danda'a.

Gama biraatiin, faayidaa karaa hin malleen argame jechuunis faayidaan argame hojii hojjetame waliin kan wal-gitu ta'uu danda'a.Garuu, karaan ittiin argame karaa hin malleen ta'uu danda'a.Fakkeenyaaf, gabaa irratti gatiin dabtaraa beekamaadha. Haa ta'u malee, dabtara hedduu bituuf beeksisa caalbaasii baasuun dorgomsiisuun osoo danda'amu dhiyyeessaa tokko irraa caalbaasii malee akka bitamu gochuun dhiyyeessaan dorgommii

[8]UNODC's Education for Justice (E4J) initiative University Module Series Anti – corruption ,

malee maallaqa hedduu akka argatu gochuun fayyadamaa ta'a.Gatiin ittiin bitame amma fedhe illee gatii gabaa ta'uus, caalbaasii malee faayidaa akka argatu gochuun karaa hin malleen faayidaa argame waan ta'eef gochichi gocha yakka malaammaltummati ta'a jechuudha.

Hiika yakka malaammaltummaa keessatti jecha faayidaa jedhuuf hiikaan kenname ilaalchisee yeroo baayy'ee hundi keenya maallaqa fi qabeenyatu dafee sammuuti nu dhufa.Haa ta'u malee, akkakuu faayidaa yakka malaammaltummaan argamu tarreessuun nama rakkisaa. Labsiin lakk.881/2007 keewwanni 2(13)(a-g) faayidaa malaammaltummaa waliin wal-qabatuuf hiika laateera. Kennaa, liqaa, muudama, qacarrii,himanna hariiroo,yakkaa irraa bilisa gochuu fi kkf jechuun hiikeera.

Gama biraatiin, tumaan kun kwt. 2(13) (f) jalaatti jechi faayidaa jedhu faayidaa biroo ykn tajaajila mallaqaan hin shallagamne kan hammatu ta'uu haala waliigalaatiin haa kaa'u malee tokko tokkoon hin tarreessine.Labsii qabeenya beeksiisuu fi galmeessuu lakk .668/2002 keewata 15 jalatti hojjetaan mootummaa,mudamaan fi filatamaan uummataa keessummeessa ykn affeerraa daawwanaa ykn bashannana *(hospitality and sponsored travel*) aangoo murteessuu qoruu yookiin walitti bu'iinsa faayidaa dhuunfaa uumuu danda'u fudhachuu akka hin qabne tumameera.Kanaaf afeerraan daawwannaa ykn bashannana tajaajilamaan tajaajila seera-qabeessaa argateef jecha tajaajilaaf faayidaa ykn tajaajila jedhame kana ilaalata jechuun ni danda'ama.

Gaaffiilee Marii

1. Kennaa, keessummeessaa fi afeerraan deemsaan walqabatu' Labsii qabeenya beeksiisuu fi galmeessuu labsii lakk.668/2002 kwt 15 jalatti ibsame hojjetaa jaarmiyaa uummataa irratti raawwatiinsa ni qabataa?
2. Labsii Lakk.881/2007 kwt 2(13, f) jalatti fayidaan ykn tajaajilli maallaqaan hin shallagamne maal fa'a haammata? Faayidaa ykn tajaajila argamu kana afuura ykn hiikkoo malaammaltummaa waliin akka walitti hidhamutti ilaaluun irratti mar'adhaa?

Yakki malaammaltummaa hojjeetaa mootummaa qofaan osoo hin taanenama kamiin iyyuu rawwaatamuu akka danda'u labsiin lakk.881/2007 kwt. 4(4) warrabbii Afaan Ingiliiffaa olitti ibsame irraa ni hubtama. Tumaan kun ofiif ykn nama biraatiif faayidaa argamsiisuuf ykn mirga nama biraa miidhuudhaaf yaaduudhaan hojjetaa mootummaatiif faayidaa hin malle kennuun,waada seenun yookiin dhiheessuun yookiin kennuuf waliigaluun ykn hojii mootummaa ykn tajaajila akkaataa seeraatiin rawwaatameef ykn gara fuula duraatti

raawwatamuuf jecha faayidaa hin malle hojjetaa mootummaatiif kennuun yakka malaammaltummaatiin nama akka gaafachiisuu danda'u ni ibsa.

Kwt.kana keessaatti gaalee "…mirga nama irraan miidhaa geessisuuf yaaduudhaan…" jedhu ni argama.Fakkeenyaaf, daldalaan tokko dhaabbanni daldalaan isaa waliin dorgomu tokko akka jalaa cufamu, hayyamni akka hin haaromfamneef mattaa'a ykn faayidaa hin malle hojjetaa mootummaatiif yoo kennee argame mirga daldalichaa irraan miidhaa geessiseera jechuun fudhachuu ni danda'ama.

Gaaffilee Marii

1. Heerri MNO lakk 46 /94 kwt 90 tiin manni maree gandaa, manni maree bulchiinsa gandaa, manneen murtii hawaasummaa qaamoota bulchiinsa gandaa akka ta'an gurmaa'anii jiru. Aangoo fi hojiileen qaamoolee kanneenis keewwatoota itti aanaan jalatti tarreeffamee jira. Kana malees. Aangoo fi hojiin Manni Murtii Hawaasummaa Gandaa labsii Lakk 128/ 1999 murtaa'eera. Manneen hojii kunniin hiika labsiin lakk.881/2007 kwt 2/1 jalatti mana hojii mootummaatiif kenne jala ni hammatamu jettanii yaadduu?
2. Af-yaa'ii fi itti aanaa af-yaa'ii mana marii gandaa, dura taa'aa bulchaa gandaa, itti aanaa bulchaa gandaa, abbootii seeraa mana murtii hawaasummaa, milishaan, manajari gandaa, hiika hojjetaa mootummattif labsiin lakk.881/2007 kenne jalatti ni hammatamuu jettanni yaadduu? Maaliif?
3. Manni marii bulchiinsa gandaa qaama raawwachiiftuu garjalaatti (HMNO 46/94 kwt. 95/1); aangoo fi hojii keessa tokko nageenyii fi tasgabbiin gandichaa akka eegamu gochuudha. (HMNO 46/94 kwt.96/1/C). Gama biraatiin labsii qaamoolee raawwachiiftuu hundeessuuf bahe labsii lakk. 2013/2011 kwt 25/18 Biiroon Bulchiinsaa fi Nageenya Oromiyaa qajeelfama mootummaan baasu irratti hunda'uun humna milishaa akka filu, leenjisuu fi bobbaasuu; bakka humni polisii hin jiretti milishaan qaama haqaatiif deeggarsa akka taasiisu (25/20) aangeeffame jira. Bu'uura labsii 881/2007 tiin milishaan hojjetaa mootummaa jechuu ni dandeenyaa?

1.4. Tilmaama Seeraa Faayidaa Argachuuf Yookiin Argamsiisuuf Yookiin Nama Miidhuuf Yaaduu

Yakka idilee hundeessuuf kutaan seeraa, gochaa fi yaadaa guutamanii argamuu akka qaban seera yakkaa kwt.23 irraa ni hubatama.Qajeeltoo seera ragaa idileetiin namni yakkaan himatame yakka ittiin himatameen balleessaa qaba kan jedhamu Abbaan Alangaa kutaawwan kanneen guutamu isaanii yoo mirkaaneessedha.[9]

Maalummaa ragaa dhimma yakka malaammaltummaa irratti dhiyaatu ilaaluun duratti yakka malaammaltummaan wal qabatee kutaa yaada jechuun maal jechuu akka ta'e ilaaluun murteessaadha.Hiika waliigala yakka malaammaltummaa labsii lakk.881/2007 kwt. 4(2) jalatti laatame keessatti gaalee **"faayidaa hin malle ofiif ykn nama biraatiif argamsiisuuf ykn mirga nama biraa irraatti miidhaa qaqabsiisuuf yaaduudhaan"**jedhu ni arganna.Kana jechuun yakka malaammaltummaan gaafatamuuf yakkichi itti yaadamee kan raawwtame ta'uu qaba jechuudha.Haa ta'u malee, Labsiin Lakk. 881/2007 keewwattoonni 13(7), 20(3) faa gochooti dagannoon (negligent) raawwatamani muraasi akka gocha yakkaatti labsiima kanaan tumamee jira.Kutaa yaada yakka malaammaltummaa mirkaneeffachuuf ragaan dhiyyeessuu qabnu kan yakka idilee irraa adda.Kanaaf labsii lakk.881/2007 kwt. 3 (kan duraan labsii lakk, 434/97 kew.57 (2) jala ture, amma garu labsii lakk.881/2007 kewt.2 (16) tiin haqamee) deebii ni laata.Keewwatti 3 labsii lakk.881/2007akka itti aanuti dubbiffama:

"Unless otherwise proved, where the material elements of a corruption offence is proved, the mental element is presumed to exist"

Bu'uura kwt.Kanaatiin, yakkichi faayidaa argachuuf ykn miidhaa qaqabsiisuuf ta'uu labsii malaammaltummaa keessatti yoo tumame fi kutaan gochaa yoo mirkaana'ee, kutaan yaada akka guutmeetti ilaalama.Kana jechuun hiika qajeeltoo kwt. 3 labsii 881/2007 keessatti kutaa yaadaaf laatame "gochi raawwatame faayidaa hin malle ofiif argachuuf ykn nama biraatiif argamsiisuuf ykn nama biraa miidhuuf akka yaadameetti fuudhatame tilmaamama.Kana jechuun garuu,gochi raawwatamuun yoo mirkaanna'e kutaan yaadaa guutumaan guututti miirkana'eera jechuu miti.Seerrichi ni tilmaamama jedha.Tilmaama ragaa qabatamaadhaan fashaleessuun ni danda'ama.Waan kana ta'eef, himatamaan gochicha yommuu raawwatu yaada yakka malaammaltummaa hundeessuu kan hin qabne ta'uu mirkaneessuu yoo danda'e tilmaamichi ni fashallaa'a,yakkan gaafatamuu irraa bilisa ta'a jechuudha.Abbaan Alangaa himataman kutaa yaadaa akka mirkaneessu himatamaaf dhiisuu irra yoo danda'ame kutaan

[9]Miil-jallee asii olii lakk.4 irraa, fuula 53-54 ilaallata.

yaadaa guutamuu isaa ragaadhaan mirkaaneessuun dhihessun filtamaadha.Himatamaan salphaati ragaa isaa fashaleessuu kan danda'u yoo ta'e dhaamaatiin isaa lafati hafa,leecalloon mootummaas ni qisaasama.Waan kana ta'eef, jalqaba irraa qophii gochuu qaba.Fakkeenyaaf, dhimma kanaan wal-qabatee Dhaddichi Ijibbaataa Mana Murtii Federalaa lakk.Galmee Yakkaa 162738 ta'e irratti Abbaan alangaa labsii lakk.881/2007 caqasuun himannaa yakka malaammaltummaa yeroo hundeessu bu'uura Seera Yakkaa kwt 23/2tiin kutaa yaadaa himatamaa akka mirkaneessuu dirqamni irra ka'aame yakkoota malaammaltummaa irratti raawwatiinsa kan hin qabne ta'uu fi kutaan gochaa raawwatamuu isaa yoo mirkanaa'e himatamaan kutaa gochaa kwt.yakkichaan tumame cabsuuf yaada ture ragaa faallaa dhiyeessuun akka sobsiisu dirqamni hubachiisuu gara isaatti kan nanna'uu ta'uu Seera Yakkaa kwt 23(2) fi labsii lakk 881/2007 kwt 3, 13 (3)(1)(C) caqasuun murteessee jira.[10]

Gaaffilee Marii

1) Seerri Yakkaa kwt .23(2) jalatti yakki tokko raawwatameera kanjedhamu kutaan yaadaa, seeraa fi gochaa bakka tokkotti guutamanii yoo argaman qofa jechuudhan tuma.Yakka Malaammaltummaa ilaalchisee kutaa waliigalaa labsii 881/2007 kwt. 3 jalatti seerri cabuu fi gochi raawwatamuu qofti yoo mirkannaa'ee yakki malaammaltummaa akka raawwatameti akka fudhatamu, kutaa yaadaa mirkanneessuu kan qabu nama gochicha raawwateedha yaada jedhu of keessaa qaba.Yaadni kwt.labsii kanaa yaada seera yakkaa kwt.23 waliin wal faalleessuu fi wal faalleessu dhabuu isaa yaada fi seera rogummaa qabuun deeggaruun irratti mari'adhaa.
2) Heera RDFI kwt. 20(3) **"Namoonni himataman falmii irra yeroo jiran yakka ittiin himatamaniin akka nama balleesseetti akka hin lakkawamne…mirga qabu"** jechuun tuma.Seerri yakka malaammaltummaa labsiin lakk.881/2007 kwt.3 seerri cabuu fi gochi raawwatamuu qofti yoo mirkannaa'ee yakki malaammaltummaa akka raawwatametti akka fudhatamu ykn tilmaamamu, kutaa yaadaa mirkanneessuu kan qabu nama gochicha raawwateedha yaada jedhu of keessaa qaba.Keewwanni 3 tumaa heera waliin wal faalleessuu fi wal faalleessuu dhabuu isaa yaada rogummaa qabuun deeggaruun irrati mari'adha!

[10]A/A. KNFMO fi Obboo Mahaamad Yaa'iqoob, Kadir Alyizaa faa, LGMMF/Ijibbaataa 162738 , Jildii 24 ffaa, fuula 393- 412

3) **Dhimma armaan gaditti dhiyyaate dubbisuudhaan bu'uura labsii lakk. 881/2007 xinxaalaa!**

Dhimmi kun dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaatti himataa A/A waajjira Galiiwwan Aanaa Giraar Jaarsoo fi obboo Tasintuu Nigusee gidduutti lakk.Ga 409227 ta'e irratti ilaalamee murtaa'e dha.

A/Alangaa Galiiwwan Aanaa Giraar Jaarsoo himannaa yakkaa dhiyyeesseen 'himatamaan kun bulchaa Gandaa qonnaan bulaa … ta'ee yommuu hojjetu nagahee gibira itti fayyadama lafa baadiyaa qotee bultoota irraa ittiin funaannuuf nagahee galii lakk…hanga… paadii tokko fi nagahee galiin spoortii qotee bultoota irraa ittiin funanamu,paadii kudha afur waajjira… irraa mallatteessee fudhatee kan fudhate keessaa paadii kudha lama qofa deebisee nagahee paadii sadi akka galchu xalayaadhaan gaafatamu illee galchuu waan dideef yakka amantaa hir'isuu cimaatiin seera yakkaa bara 1996 bahe kw.676(1) jalatti himatee jira.Manni murtichaa ragaa bitaa fi mirgaa dhagahee murtii itti aanuu kenne jira.

"Namni tokko yakka amantaa hir'isuu raawwateera jedhamuuf kaarnii ykn nagahee fudhate sana deebisuu kan dide mataa ofiif ykn nama birootii badhaadhina hin malle argamsiisuudhaa yaadee kaarnicha yoo deebisuu dideedha.Himatamaan kaarnii sababa hojiitin harka isaa gale deebisu waan dideef yakka amantaa hir'isuu raawwateera haa jedhamu malee kaarnicha deebisuu diduu qofti kophaa isaa yakka amantaa hir'isuu ta'uu hin danda'u.*Himatamaan kaarnii fudhee deebisuu dide kanaan badhaadhina hin malle ittiin argachuudha ykn badhaadhina hin malle ofiif ykn nama biroof argamsiisuu yaadee yakkicha raawwachuun isaa walfaana yoo mirkanaa'e qofa akka ta'e beekkamuu kan qabuufii kanaas M/murtii waliigala fedeeralaa "Jildii" 7 lakk.G/dhaddacha ijibbaata lakk.24278 ta'e irratti dhimma himatamaan ittiin himatame kanaan kan walfakkaatu fuula 271 irratti murtii kenname irraa hubachuun ni danda'ama.*Kanas bu'uura labsii lakk.454/97 kw.2 (1) tiin hojii irra oolchuun dirqama waan ta'eef dhimma himatamaan ittiin himatame fudhachuu dandeenyeera.Haa ta'u malee, himatamaan kaarnii himataaf ka'uumsa ta'e kana akkaataa qabxii qabsiifateetti baduu kaarnichaa waan ragaa ittisaatiin ofirraa ittiseef bu'uura s/d/f/y kw149 (2) bilisa gaggeessee galmee cufeera."

Lakkoofsa galmee dhaddacha Ijibbaataa (24278) jedhamee kan caqasame kanas yemmuu ilaallu.[11]

"A/A himannaa dhiyeesseen .... Labsii lakk.214/74 keew.13 (1) caqasee, himatamaan sababa hojiitiin nagahee galii harka isaa gale dhoksuudhaan yakka amantaa hir'isuu raawwate kan jedhe yommuu ta'u himatamaan gocha kana haalus balleessaa dha jedhameera.Kana booda himatamaan kun murtii manni murtii naannoo kibbaa kenne kanarraa gara dhaddacha ijibbaataatti iyyannoo dhiyeeffatee dhaddachi ijibbaata kunis;

"... bu'uura labsii lakk.214/74 keew.13 (1) tiin namni tokko kaarnii sababa hojiitiin harka isaa gale dhoksuun qofti balleessaa dha hin jechisiisu, *abbaan alangaa kutaa yaadaa (himatamaan kan dhokse yookiin balleesse mataa isaatiif ykn nama biroodhaaf badhaadhina hin malle argamsiisuuf kan yaade ta'uu) mirkaneessuu qaba, haala ammaatiin nagahee balleessuun 'sawwaruun' himatamaa mirkanaa'ullee kutaan yaada hin mirkanoofne waan ta'eef murtii balleessummaa diigneerra jedhee murteesseera.*

a) Murtiiwwan manneen murtii kanaa akkamitti ilaaltu? Bu'uura labsii 881/2007 tiinis xiinxalaa.

b) Abbaan Alangaa dirqama kutaa yaadaa mirkaneessu qabaa? Maaliif?

[11] Dhimmichi kan ilaalame nama Solomoon Herjaaboo jedhamuu fi A/A naamusaa fi Farra malaammaltummaa mootummaa naannoo Kibbaa gidduutti ta'ee murtii kan argate gaafa 10/3/2000 dha.

BOQONNAA LAMA

TUMAALEE GOOREE YAKKOOTA MALAAMMALTUMMAA

Seensa

Boqonnaa tokkoffaa moojulii kana jalatti maalummaa malaammaltummaa fi yaad-rimeewwan isaan walqabatan ilaalamanii jiru. Boqonnaa kana jalatti immoo tumaalee goree yakkoota malaammaltummaa kan ilaaluu ta'a. Tumaaleen kunniin ammaan dura Seera Yakkaa RDFI fi kanneen birootiin kan tumaman yoo ta'u, labsii lakk. 881/2007 fooyya'anii jiru.Haaluma kanaan labsiin kun dhimmoota haaraa hedduu fudhatee baheera. Fakkeenyaaf, yakkoota haaraa akka Iccitii mana hojii eeguu dhiisuu, hojii deemsa haqa yakka malaammaltummaa guffachiisuu, sanda sobaa qopheesuu fi fayyadamuu fi kkf yakka malaammaltummaa taasiseera. Daangaa raawwii yakka malaammaltummaa kan duraan Mana hojii mootummaa ykn dhaabbaata misoomaa mootummaa qofa ture amma dhaabbattoota dhuunfaa akka hammatu ta'eera. Haa ta'u malee, dhaabileen siyaasaa, dhaabbileen amantii, dhaabbatoonni idil-addunyaa fi iddiriin daangaa raawwii labsichaa ala taasifamaniiru.

Boqonnaa kana keessatti yakka malaammaltummaa labsicha keessatti ibsaman hunda ibsuun hin danda'amu. Kanaafuu yakkoota bal'inaan mul'atan irratti xiyyeeffachuun garaa garummaa labsichi kan seera yakkaa waliin qabuu fi fooyya'iinsi tumaalee yakka malaammaltummaa seera yakkaan tumaman irratti taasise ni ibsama. Gama kanaan xiyyeeffannnoon moojula kanaa labsii yakka malaammaltummaa lakk.881/2007 irratti hubannoo uumuu ta'uun hubatamuu qaba. Akkasumas leenjifamtoonni hojiirra oolmaa tumaalee kanneennii caalmaatti akka hubatan dhimmoonni murtii argatan bifa gaaffilee mariitiin dhiyaatanii jiru.

Leenjiifamtoonni boqonnaa kana yommuu xumuran:

- ✓ Maalummaa fi qabiyyee tumaalee Gooree yakkoota malaammaltummaa, toora kanatti hiikkoo fi ejjennoo ogeessoota seeraa birratti calaqisuu ni hubatu,
- ✓ Hiikkoo, maalummaa, gosootaa fi aangoo dhimma yakka malaammaltummaan walqabatanii ilaalchisee furmaataa labsiin yakkoota malaammaltummaa labsuuf bahe lakk. 881/2007 kaa'es ni hubatu,
- ✓ Labsiin lakk.881/2007 dhimmoota yakka malaammaltummaa taasisuudhaan tume adda baasuun ni hubatu

2.1. Matta’aa ykn Faayidaa Hin Malle Kennuu ykn Fudhachuu

Mattaa’aa ykn faayidaa hin malle kennuu ykn fudhachuu jalaatti yakkoota akka Matta’aa ykn Faayidaa hin malle fudhachuu ykn kennuu, Aangoodhaan daldaluu, Aangoo hin qabneen hojjechuu, Yakka matta’aa fudhachuu Jaarsoolii Araaraatiin Raawwatamu, Dhimma lafara harkisuu kan ilaallu ta’a.

A) Matta’aa Fudhachuu

Labsii 881/2007 tiin matta’aa fudhachuun yakkaan nama adabsiisa jedhamee tumameera.Labsiin kun kwt.10 akka tumetti hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummata yakka matta’aa fudhachuutiin kan gaafatamu haalonni armaan gadii yoo guutamani ta’a.

(1) Gocha raawwatamuu hin qabne raawwachuun faayidaa argachuun isaa yoo mirkaana’ee ykn

(2) Gocha raawwatamuu hin qabne raawwatee faayidaa fudhachuu baatus faayidaa gaafachuun isaa yoo mirkanna’ee ykn

(3) Faayidaa fudhachuu ykn gaafachuu mirkanna’ee garuu gochi haala hin malleen raawwatame yoo hin jiraanne, faayidaa kan fudhate wanta raawwachuun irraa hin eeggamne raawwachuun isaa ragaadhaan mirkaneessuun yoo danda’ame yakka matta’aa raawwachuu isaatiin ni gaafatama.

Gocha raawwatamu qabu raawwachuu dhabuun ykn gocha raawwatamu hin qabne raawwachuun bifa garagaraatiin raawwatamuu danda’a.Fakkeenyaaf,meeshaalee kontroobaandii biyyaa keessaa akka hin seene dhorkame (meeshaa waraana) biyya keessa galchuu,Gibiraa kaffalaan gibira kaffaluu qabuu gad buusuun tilmaamu,Nama qormaata hin dabareef heeyyama konkolachisummaa kennuu,meeshaa sadarkaa isaa hin eegne bituu,Ijaarsa sadarkaa isaa hin eeggane ijaaru fi kkf.Hojjetaan mootummaa gochoota kana yommuu raawwatu namoota karaa seera alaa ta’een fayyadaman irraa faayidaa ni argata.Faayidaa hin malle kanatu matta’aa jedhama.

Labsiin lakk.881/2007 kwt.35 jalatti kwt. Seera Yakkaa keessaa haqaman keessa tokko kan seera yakkaa kwt. 427 jalatti namin kam iyyuu, hojjetaan mootummaa gocha raawwaachuu hin qabne raawwachuu isaatiif ykn gocha raawwachuu hin qabne akka raawwatuuf matta’aa kennuun ykn dhiheessuun isaa yoo mirkannaa’e yakka matta’aatiin ni gaafatama kan jedhu haqameera.

Seerri yakkaa bara 1996 ba'e keewata 408 jalatti hiikkoon afaan Amariffaa 'ጉቦ መቀበል', hiikkoon afaan Ingilizii 'Corrupt Practices' kan jedhu ture. Labsii 881/2007 'yakkoota malaammaltummaa labsuuf ba'e kwt. 10 ammoo hiikkoo afaan Amariffaatiin 'ጉቦ መቀበል' jechuun kan Seera yakkaa keessaa akkuma jirutti fudhatee, hiikkoo afaan ingilizii isaan ammoo 'Corrupt practices' jedhu gara 'Bribery' tti jijjiireera. Kunis Seera Yakkaa kwt.408 'Matta'aa fi Faayidaa Hin Malle Kennuu fi Fudhachuu' inni jedhu, Labsicha kwt. 10 tiin 'Matta'aa fudhachuu' kan jedhuun bakka bu'uura.

Keewwati kunis Matta'aa kennuu isa jedhu tumaa kwt.biraa jalatti waan haguugeef kwt. 10 kana jalatti dhimma matta'aa fudhachuu jedhu qofa tumuuf kan ba'eedha. Labsichi Kwt. 10 (1), seera yakkaa kwt.408 (1) irraa kan ittiin adda ta'es: 1^{ffaan} tumaan Seera Yakkaa keewwati 408(1) 'any public servant' kan jedhu qofa isa ture '…any public servant or employee of a public organization jedhu kan dabale, 2^{ffaan} ammoo adabbii foyyeesseera. Labsichi kwt. 10(2)(3) adabbii qofa fooyyessee, kwt. 10(4) ammoo 'any public servant' isa jedhutti '…or employee of a public organization' jedhu dabalee adabbiis fooyyesseera.

Yakki matta'aa raawwatamuu isaa qofa osoo hin taane haala kamiin mirkanaa' uu akka danda'u hubachuun barbaachisaadha.Matta'aa faayidaa hin malle gaafachuu ykn fudhachuu, dhiheessuu ykn kennuu waan hammatuuf dhimmoon kun adda isa taasisa.Fayidaan bifa adda addaan kan dhihaatu ta'uu danda'a.Dhimmi ijoon faayidaawwan kun dhihachuu isaanii ykn fudhatmuu mirkanaa'uu qaba.Dhimmi lammataa, ragaadhaan mirkana'uu qabu, faayidaan kan dhihaate ykn kenname dhimma maaliif akka ta'e mirkaneessuudha.[12]

Yakki matta'aa yommuu rawwatamuu harkaa fi harkaatti yoo qabame malee yakka matta'aa rawwatamuu isaa mirkaneessuun baayyee rakkisaa akka ta'ee beekamaadha.Hojimaanni sadarkaa Fedeeraalaa fi Naannooti jiru akka agarsiisuuti qaamni yakkicha qorachuuf aangoo kennameef eruu yommuu isa qaqabu eruu fudhachuun maallaqa gaafatame erga galmeeffate booda qaama matta'aa gaafateef akka kennamu gochuun yommuu inni fudhatu harkaa fi harkaatti qabuun akkasumas ragaalee biroo waliin qindeessuun seeraaf dhiheessuun murtii kennisiisa jira.Manneen Murtiis ragaa haala kanaan argamee fi ragaalee biroo waliin ilaaluun murtii kennaa jiru.Kunis dhimmoota murtii argatani akka fakkeenyaatti armaan gaditti dhihaatan irraa ni hubatama.

[12]Miil-jalee asii olii lakk.4 irraa, fuula 55-57irratti kan ibsame

Dhimma 1ffaa*A/A.KNFMO Vs Silashii Gizaaw* (A/seera M/M/Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa).A/Alangaa himatamaa Silashii Gizaaw jedhamu Abba dhimmaa dhimma hariiroo hawaasa isaa biraa qabu… irraa qarshii 5059 (dhibba shanii fi shan) yoo fudhatu harkaa fi harkati waan qabameef yakka matta'aa fudhachuu raawwateera jechuun himannaa hundessee M/M/O/G/Harargee Bahaatti saaqeera.M/m kunis *LGM-03764* ta'e irrati jecha ragummaa abbaa dhimmaa fi poolisota erga madaalee booda dhaaddacha 24-9 98 ooleen kew.408(2) gara 408(1) ti jijjiiruudhan hidhaa waggaa 1 fi qr.1000 adabeera.Qarshiin akka ciraatti qabame miidhamaaf akka deebi'u ajaja laate galmee cufeera.

Dhimma 2ffaaA/A-KNFM Fedeeraalaa Vs Shumaalam Geetaachoo (A/Seeraa M/M/O/F) A/Alangaa KNFMF himatamaan kun Qr.7000 (kuma torba) Abbaa dhimmaa irraa yommuu fudhatu harkaa fi harkatti hojjetoota Koomishiniitin qabameera jechuun yakka malaamaltummaa matta'aatii himatameera.M/M/O/Fedeeralaa LG.44612 irratti ragaa namaa fi ragaa barruu (Sanadni Teele Komunikeeshiinii Itoophiyaa irraa ergame Onk.1,bara 1998 hanga Amajjii 18 bara 1998 ti himatamaan Moobaayilii fi Bilbila manaatiin yeroo 14 gara miidhamaa dhuunfaatti bilbiluuu isaa fi miidhamaan yeroo 45 gara himatamaatti bilbiluu isaa agarsiisuu;hasoofni himatamaa fi miidhamaa jidduuti taasifame garagalchi isaa siidiidhan waraabamee; himatamaan qarshii fudhatee deema osoo jiruu hojjetoota koomishiniichaan yommuu qabamu footoon kaafame dhiyaateera. M/Murtiis ragaa namaa fi ragaalee olitti ibsaman erga madaalee booda kwt. 408 (1) fi (2) jalatti murtii balleessummaa dabarsuun hidhaa cimaa waggaa 8 fi Qar. 2000 akka adabamu murtessee jira.

Gama biraatiin, ogeessooni seeraa tokko tokko hojimaatni kun mirga namoota qulqulluu sarbuu danda'a jechuudhan yaaddoo qaban ni ibsu.Gariin immoo haala kana sababoota adabbii salphisuu danda'an keessa galchuudhan murtii adabbii yommuu murteessanii galmee murtii argate tokko tokko irraa ni hubatama. Fakkeenyaaf, galmeen (A/A.KNFMO Vs Abraahaam Dibbisaa. M/M/O/GO/Adda Adaamaa LG-09974) hojimaata kana ni agarsiisa.Kunis akka itti aanutti dhiyyatee jira.

Dhimma 3ffaaA/Alangaa KNFMN Oromiyaa himannaa lakk.galmee A.A 6/0023/2003 hundeessee M/M/O/Go/ Adda Aadaamaatti dhihaate irraa akka hubatamutti himatamaan Abraahaam Dibbisaa jedhamu Waajjira Galiiwwanii Magaalaa Adaamaatti gargaraa Oditaraa ta'ee osoo hojjetu gaaffii namni…jedhamu gibira gabbaruuf dhiheesse bu'uura godhachuun ooditti akka taasiisu… ajajamee gibira qarshii 275,000 kaffalaa gibira irrati herregame qarshii 20,000tti gad buusuuf waliigalee gara qrshii 15,390 tti gad buusuun hojjetee qarshii 37,950 hoteela… jedhamu keessatti yommuu fudhatu harkaa fi harkaatti qabamee jira jechuun yakka

malaamaltummaa matta'aa fudhaachuu raawwateen himannaa hundeesse jira.M/murtii kunis galmee Lakk-09974 ta'ee irratti kw.408(2) gara kw 408(1)ti jijjiiruudhaan kw.408(1) jalatti murtii balleessuummaa kennee jira.

Murtii adabbii ilaalchisee...M/Murtii kun sababoota akka *"... kaffalaan gibiraa himatamaa irraa komee yoo qabate qaama adda addatti iyyata dhiheeffachuu osoo qabu... himatamaan matta'aa akka fudhatu haala mijjeessera,hojjiin Poolisii inni guddaan yakka ittisuu ta'ee, Waajjirri Mootummaa guddaan kun... yakki akka raawwatamu kiyyoo uumuun gochi yoo raawwatamu harkaaf harkaatti qabeera jechuun, gochi himatamaan raawwate yakka yoo ta'ees,... jechuun haalawwan adabbii salphisan keessa galchuudhan hidhaa cimaa waggaa tokkoo fi qarshii 3,0000 murteesseera."*

Dhimma kana irratti A/Alangaa Komishinichaa *"Lammiin miidhame qaama miidhaa irraan gahaa jiruun araarame, fedhii isaa guutee,mirgi isaa sarbamee waan jedhame qofa raawwatee akka jiraatu,seerri jira jedhee mirga isaa seeraan akka hin kabachiifne,namoota yakka raawwatan kan jajjabeessu waan ta'eef fudhatama hin qabu,hojii ijoon poolisii yakka ittisuun alatti yakki yommuu raawwatamu harkaa fi harkaatti qabuun,qorannaa taasiisuun seeraaf dhiheessuu akka ta'e seera irraa ni hubatama kan komachiisu ta'ee akka qabxii adabbii salphisuutti fudhachuun qaamni kun hamileedhaan ka'ee yakka lammilee irratti aggamaman hordofee akka seeraatti hin dhiheesine taasiisa jechuun murtii Mana Murtii jalaa komachuudhan ol'iyyannoo M/M/W/O/ Dhaddacha Bahaatti dhihessee irraa ni hubatama."*

Akka waliigalaatti yakki malaammaltummaa iccitiidhaan waan raawatamuuf akka laayyootti qorannaan bira gahuun rakkisaadha.Waan kana ta'eef, namoota yakka kana raawwatan seeratti dhiheessuun murtii kennisiisuuf biyyoonni seera farra malaammaltummaa keessatti tumaalee…akka nama yakka malaammaltummaa saaxile ragaa barbaachisaa ta'e kenne himannaa irraa bilisa gochuu akkasumas faayidaan ykn matta'aa tajaajila karaa seeraatiin argachuu qabuuf kenne qabeenya dhaalame irraa akka kennamuuf ykn deebi'uuf gochuu tuman; Ragaan bifa kanaan argamees M/Murtii yoo dhihaate fudhatama akka qabu; ragaan namni yakkicha irrati hirmaate kennu jecha ragaa kam iyyuu waliin ulfina wal qixaa akka qabu tumaalee ibsaan yommuu tuman ni mul'ata.

Biyyi keenyas labsii yakka malaammaltummaa lakk.881/2007 kwt. 8 fi labsii lakk 434/97 kwt.43(5) keessatti tumtee jirti.Haaluma wal fakkaatuun,Konveeshiniin Farra Malaamaltummaa Mootummoota Gamtoomanii kew.37(3) jalatti dhimma kanaaf beekamtii kenneera.

Qorannaan wal qabatee hojimaata amma ittiin hojjetama jirus ija seeraa fi uumama yakkichaa waliin wal cinaa qabuun ilaaluun garii ta'a. Heerri RDFI kw 17(1fi2) jalatti akka tumutti

"No one shall be deprived of his or her liberty except on such grounds and in accordance with such procedure as are established by law…, no person may be subjected to arbitrary arrest, and no person…against him"

Namni kamiyyuu haala seeran tumameen alatti qabamuu akka hin qabne tuma.S/D/F/Yakkas kw.49 jalatti namni tokko seeraan kan heeyyamamu yoo ta'e malee ajaja M/Murtii ala qabamu akka hin qabne ni tuma. Bu'uura kanaan seerri kun haala addattiin ajaja mana murtii malee nama yakka raawwate harkaaf harkatti qabuun akka danda'amu kwt.51 jalati ni tuma. Yakkoota malaammaltummaa ilaalchisee adabbii gad-aanaan waggaa tokkoo ykn waggaa tokko ol waan ta'eef namooni yakka malaammaltummaatiin shakkaman s/a/f/y kwt.51 (1-A) jalatti waan kufaniif ajaja M/Murtii malee qabuun akka danda'amu ifaadha.Adabbiin gad-aanaan gocha matta'aa fudhachuuf tumame hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalledha. Roga kanaan yoo ilaalle Poolisiin namoota gocha matta'aa raawwatan qabuun isaa seera qabeessa jechuun ni danda'ama.

Kallattii yakka malaammaltummaa ittisuutiinis yoo ilaallame hojimanii kun fudhatamaa waan qabu fakkaata. Haa ta'u malee, wanti gorfamu qaamni seera kabachiisuu namooni qulqulluun akka hin miidhamne of eggannoo ol-aanaa gochuun hojii irra oolchuu qaba.Gama biraatiin, Mootummaan immoo gochi matta'aa kennu yookiin fudhachuu akka hin raawwatamne yookiin yoo raawwatame haala salphaa ta'een ragaa haala itti argachuun danda'amu sirna dandeesisu diriirsuu qaba. Fakkeenyaaf, sirni hojimaata mana hojii Mootummaa iftoominaa fi itti gaafatamummaa akka qabaatu gochuu; sirna galmeessa qabeenyaa diriirsuu fi kkf gocha Matta'aa ittisuuf furmaata ta'uu danda'a. Mootummaan rakkoo kana waan hubateef malaamaltumma ittisuuf labsii qabeenyaa galmeessuu fi beeksiisuu lakk.668/2002 labsee yeroo amma ittiin hojjetamaatti jira.[13]Kun tarkaanfii nama jajjabeessu waan ta'eef labsicha hojii irra oolchuun murteessaadha.

[13]Konveenshinii FMMMG kew 37(3) S/y kew 406, Miil-jalee asii olii 6 kew 43irratti kan ibsame fi ,labsii qabeenya beeksiisuu fi galmeesiisuu lakka 668/97Negarit Gazeta

Gaaffii Marii

'Qarshii galmeessisanii namoota mattaa'aa fudhatan harkaa fi harkatti qabuun kaayyoo yakka ittisuu ni falleessa; gaheen hojii poolisitis dursanii yakka ittisuu ta'ee osoo jiru kenniiti ni qabnaan akka deeggarutti ilaallama' falmiin jedhuun ni ka'a. Yakka malaammaltummaa ittisuudhaan wal qabatee adeemsi akkasii sirriidha moo miti jechuun ni danda'amaa?

B) Faayidaa Hin Malle Fudhachuu

Gochi kuni Labsii lakk.881/2007 kwt. 11 tiin kan tumamee fi S/Y kwt. 409 bakka kan bu'ee dha. Labsichaan fooyya'iinsi taasifames: S/Y kwt. 409(1) 'Any public servant …' isa jedhutti, labsichi kwt. 11(1) 'Any public servant or employee of a public organization' jedhu dabalee; Adabbiis fooyyesseera.Garuu garaagarummaan hiikkoo labsichaa afaan amariffaa fi ingilizii gidduu jiraachuu agarsiisa. Hiikkoon afaan amaariffaa 'Hidhaa salphaa waggaa 1 gadi hintaane fi … ; yoo jedhu, hiikkoon afaan Ingilizii ammoo 'Hidhaa salphaa waggaa 1 gadi hintaane ykn…' kan jedhuu dha. Labsichi kwt. 11(2)(3) adabbii kwt. 409(2)(3) qofa fooyyesse.

Faayidaa hin malle fudhachuu (Acceptance of Undue Advantages) waliin walqabatee Yakki matta'aa raawwatameera kan jedhamu hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataawanta raawwachuu hin qabne raawwachuun faayidaa yoo gaafate ykn fudhate olitti ibsmeera. Hojjetaan mootummaa seeraa fi qajeelfama osoo hin cabsiin hojii hojjetamuu qabu hojjetee hojii hojjeteef faayidaa yoo fudhatae hin gaafatamu jechuudhaa? Tajaajilamaan tajaajila kennameefitti gammadee hojjeetaa mootummaaf kennaa yoo kennee tarkaanfii akkamiitu fudhatama? Kan jedhamanii dha.

Gaaffii duraaf Labsiin 881/2007 keewwati 11 tiin wanti mirkaneessuu qabnu hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa (1) hojii hojjetamuu qabu hojjetee faayidaa fudhachuu ykn gaafachuu ykn waadaa galchisiifachuu isaa (hojicha erga hojjetee xumuree booda) ykn (2) Hojii hojjetamuu qabu osoo hin hojjetiin dura faayidaa fudhachuu ykn gaafachuu ykn waadaa galchisiifachuu isaa mirkaneeffachuu qabna.

Fakkeenyaaf, Galmee A/A KNFMF lakk.1/5142/2000 irraa akka hubatamutti namni dhuunfaa tokko Waldaa Aksiyoonaa Liqii fi Qusannaa Addisi jedhamu irraa qarshii liqeeffachuuf ulaagaa barbaachisu guutee liqii yommuu gaafatu hojjeetaan waldichaa qr 10,000 liqeessuuf qr 1,000 akka kennuuf gaafatee waliigalanii qr.400 kenneef qr.600 kennuun dura gabaasa liqeeffataan itti gaafatamtoota waldichaatiif taasiiseen hojjeetichi

qr.600 yommuu fudhatu harkaaf harkaatti waan qabameef A/A koomishinichaa kew 409(1) kan S/Y caqasuun yakka malaamaltummaa faayidaa hin malle fudhachuutiin hojjeeticha irraatti himannaa hundeesseera.[14]

Waan kana ta'eef, hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa faayidaa isaaf hin mallee gaafachuun ykn fudhachuun ykn waadaa seensifachuun isaa yoo mirkaanaa'e ykn tajaajilamaan faayidaa hin malle dhiyyeessuun ykn kennuun ykn waadaa seenuun isaa yoo mirkanaa'ee fi tajaajilamaan hojjeetaa mootummaa irraa taajajilli barbaadu jiraachuun yoo beekame ykn hojjetaa mootummaa irraa tajaajilaa argachuun isaa yoo beekame gochi yakkichaa akka raawwatameeti ilaalama.Himatamtoonni faayidaa kenname sababa amansiisaadhaan yoo mirkaanneessuu baatan kutaan yaada akka mirkaanna'eti ilaalama.

Gaaffilee Marii

1. Garaagarummaa faayidaa maluu fi hin malle gidduu jiru fakkeenyaan deeggaruun ibsaa!
2. Garaagarummaa yakka malaammaltummaa mattaa'aa fudhachuu fi faayidaa hin mallee fudhchuu gidduu jiru ibsaa!

C) Aangoodhaan ykn Itti gaafatamummaatiin Daldaluu

Labsiin 881/2007 kwt.16 'Aangootiin ykn Itti gaafatamummaatiin daldaluu' kan jedhu S/Y kwt. 414 'Aangoon Daldaluu' jedhu ture bifa kanaan kan fooyyessee dha. Kaayyoon kwt.16 'hojjetaa mootummaa ykn hojjetaa jaarmiyaa uummataa ta'ee aangoo ykn itti gaafatamummaa qabuun nama daldale adabuuf kan tumameedha. Labsichi kwt. 29(3) ammoo nama yakka kanaan fayyadamuuf yaade fayidaa kenne ykn kennuuf waadaa gales dabalataan adabuuf kan tumameedha. Adabbiin kwt.16(1) fi 29(3) garuu adda addaa dha.

Aangoodhaan Daldaluu (Traffic in Official lnfluence kew.414) kan ture Labsicha kwt. 16 irratti 'Aangootiin ykn Itti gaafatamummaatiin daldaluu' akka bakka bu'u kan ilaalle ta'ee, Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa tokko dhimma tokko irratti ofiif kan murteessu ta'u baatus aangoo dahoo godhachuudhaan faayidaa isaaf hin malle argachuuf itti fayyadamu ni danda'a. Fakkeenyaaf 'Ani isiinifan raawwachiisa' jechuun aangoo baadhaadhina dhuunfaa isaaf itti fayyadamuu ni danda'a. Gochi akkanaa yakka akka ta'ee labsichi kaa'eera.Bu'uura kwt.Kanaan qabxiileen mirkanneessuun barbaachiisaa ta'an jiru. Kanneen keessaa hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa:

[14] LGM/M/O/Federaalaa70222(2002 A.L.I)

1) Dhagahama kan qabu ta'uu isaa ykn namni kennaa kenneef sun yoo xiqqaate hojjetichi dhagahama qaba jedhee amanuu isaa,
2) Faayidaa nan argamsiisa jedhee kennaa fudhachuu ykn gaafachuu isaa mirkaaneessuun barbaachisaadha.

Gama biraatiin, dhagahama dhuunfaatiin daldaluun (traffic in private influence) SY kew.431 irra kan ture, Labsicha kwt. 29 tiin bakka kan bu'e ta'ee; kunis yakkaan akka gaafachiisu ta'uu ni hubatama. Kunis aangoodhaan daldaluu waliin kan wal faakkatu yoo ta'u adda addumman isaanii, kan duraa himatamaan hojjetaa mootummaa yoo ta'u, kan lamataa ammoo hojjetaa mootummaa hin ilaallatu.

Gaaffiilee Marii

1. Namoonni gocha waliin raawwatan adabbiin isaanii akkamiin raawwatamuu qaba? Muuxannoo jiruun akkamiin himatamaa jiru?
2. Akkaataa Kwt. 16(1) fi 29(3) tiin ammoo waliin himanna moo adda addaan himanna?

D) Aangoo Hin Qabneen Fayyadamuu

Labsiin kun kwt. 28 (seera yakkaa bara 1996 kwt. 430 kan ture) jalatti akka ibsutti yakka kana hundeessuuf himatamaan:

1) Hojii mootummaa ykn hojii jaarmiyaa uummataa irraa ari'ame,aangoo dhiisuu fi kkf osoo jiruu hojii irra akka jiru fakkeessuu isaa ykn
2) Gara fuula duraatti hojjetaa mootummaa ykn hojjetaa jaarmiyaa uummataa ta'a jedhee amanuun ykn hojjetaa mootummaa fakkaatee dhihaachuun faayidaa gaafachuu ykn fudhachuu isaa mirkaaneessuun barbaachisadha.

E) Yakka Malaammaltummaa Jaarsoolii Araaraatii fi namoota birootiin Raawwatamu

Yakki kuni Labsicha kwt. 12 jalatti kan tumamee fi S/Y kwt. 410 kan bakka bu'ee dha. Seera yakkaa kwt**. 410(1)**:

> *"Any conciliator, arbitrator, juror, trustee or liquidator, translator or interpreter engaged by the public authorities in their technical capacity, or expert testifying before or giving his opinion to judicial or quasi-judicial proceedings…"*

kan jedhuu dha.

Labsichi Kwt. 12(1) fooyyessee kan tume

'... or auditor or auditing Incomes and expenditures or an engineer who verifies the construction according to the agreement…'

kanneen jedhaman tumaa Keewwta 410(1) gara oliitti ilaalletti dabalee kan tumee dha.

Kewwati 410(1) '…in violation of the duties proper to his office…' jedhu ammoo, labsichuma kwt. 12(1) tiin '…in violation of the duties entrusted to him… ' jedhuun fooyyessee bakka buuseera.Akka waliigalaatti adabbiinis kwt.410 (1) irra ture kwt. 12(1) tiin fooyya'ee kan jiruu dha. Kana irraa kan hafe jijjiirama biraa kan dabale hinqabu.

Akkuma beekamu hojiin qaamoleen biroo fi jaarsoliin araaraa raawwatan mirga nama tokkoo akka malee miidhuu fi kaan ammoo fayyaduuf akka hinsaaxilamneef labsichi keewwati 12 kan tumameedha. Bu'uura kanaan jaarsoliin araaraa, qulqulleessitoonni dhaalaa, hiiktonni afaanii, barreeffama kan jijjiiran, eksipertoonni, ogeessonni raga adda addaa qaamolee haqaaf dhiyeessan, odiiteroonni, injiineroonni, kkf dirqama itti kenname irra darbuudhaan ykn waan hojjechuu qaban hojjechuu hafuudhaan badii gahuuf itti gaafatamummaa jala kan galan ta'uun isaa yaadamee kan tumameedha. Dhimmoonni kunis fayidaa argachuu ykn qaama biraaf argamsiisuu fi mirga ykn dantaa garee biraa ammoo miidhuudhaan kan walqabatu waan ta'eef hiikkoo yakka malaammaltummaa jala akka galus yaadameeti.

Hanqina S/Yakkaa bara 1996 bahe kwt. 410 keessa ture keessaa kanneen akka odiiterootaa, injinerootaa, baasii fi galii odiiti kannneen taasisan waan hinhaammatamneef isaan kuni kallattiin ittiin yakka malaammaltummaa jala galan rakkoo illee ta'aa kan tureedha. Yeroo ammaas labsii kanaan furmaata argatee jira.

Namoonni hojjeeta mootummaa osoo hin ta'in hojii jaarsummaa hojjetaan hojii hojjetan waliin wal qabatee matta'aa fi faayidaa hin mallee fudhatanii yoo argaman yakka malaammaltummaan gaafatamuu akka danda'an fi adabbii labsichaa kwt.10 fi 11 jalatti tumameen adabamu akka danda'an kwt.12 ni tuma. Namoota kanaan wal qabatee namoon kun hojjetoota mootummaa ykn hojjetaa jaarmiyaa uummataa osoo hin ta'in ykn hojjetaa mootummaaf ykn hojjetaa jaarmiyaa uummataaf matta'aa ykn faayidaa hin mallee osoo hin kennin gochi isaanii maaliif akka yakka malaammaltummaati ilaalama? Gaaffii jedhu ka'uu danda'a.

Akkuma beekamu hojiin jaarsummaa ykn hojiin qabeenya bulchuu fi kkf hojii abbaa seerummaa bakka bu'uun yookiin mana murtiin bakka buufamee hojii hojjetamudha. Waan kana ta'eef hojiin kun akka hojii mootummaa ykn jaarmiyaa uummatatti ilaalama. Gama biraatiin, hiiktuun afaanii ykn turjumaani mana murtiiti dhaabbatee kan afaan hiiku fi murtiin

sirnaan akka kennamu ykn akka jallatu gochuu danda'a. Waan Kana ta'eef, matta'aa fudhachuudhaan hiika qajeelaa hin taane yoo kenne yakka tajaajajila mootummaa irratti ykn jaarmiyaa uumataa irratti akka raawwateetti lakka'ama jechuudha.Namni ragaa ogummaa ykn ekspartii kennus haaluma wal fakkaatuun murtii mana murtii jijjiiruu ykn sirnaan akka kennamu gochuu danda'a.Waan ta'eef yakki qaamoolee kanaan raawwatamu yakka hojii mootummaa irratti raawwatamu ta'a.Sababoota armaan oliti ilaalamaniin gochichi faayidaa hin malle argachuun tajaajila mootummaa ykn uummataa irratti yakka raawwatamu waan ta'eef yakka malaammaltummaa keessaati akka hammatamu ta'eera.

Labsii yakka malaammaltummaa hundeessuuf bahe lakk. 881/2007 keessatti halaa kanaan yoo hiiku fakkeenyaaf Biyyi akka Hindii immoo seera farra malaammaltummaa "Prevention Of Corruption Act 1988 Act" jedhamu keessaatti kaayyoo yakka malaammaltummatiif jecha daangaa hiika hojjetaa mootummaa "public servant" jedhu bal'isuun namoota hojii araaraa fi namoota biroo akka hammatu ibsiitee jirti. Seerri Farra malaammaltumma Biyya Hindii kunis akka itti aanutti duubbifama:

> *"Any person authorized by a court of justice to perform any duty in connection with the justice administration of would be a public servant, eg. liquidetor, a reciever or commissioner appointed by the court. If a Court or a Competent public authority refers any cause or matters for decision or report to any arbitrator other person that arbitrator other person would be a public servant."*[15]Jechuun hiiku.
>
> Waan kana ta'eef, namoonni kun yakka malaammaltummaa kan raawwatan yoo ta'e gafaatamuu danda'u jechuudha.

Labsiin haaraa lakk. 881/2007 kunis *'... auditor or auditing Incomes and expenditures or an engineer who verifies the construction according to the agreement…'* jedhu kaayyooma kan biyya Hindiin walfakkaatuun namoota hojii ogummaa adda addaa raawwatan haammachiisuuf kan bahe ta'uun ni hubatama.

F) Sababa Malee Dhimma Lafarra Harkisuu

Dhimma sababa malee lafa irra harkisuu *(Undue Delay of Matters)* jedhu hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa yeroo baayy'ee matta'aa ykn faayidaa hin malle barbaadu matta'aa kan gaafatu fuulaa fi fuulaan osoo hin taane dhimma lafarra harkisuun. Tajaajilamanis dhimmi jalaa kan turu yoo ta'e, tajaajilicha argachuuf jecha kennaa laachuuf ni diqama. Seerrichi gochi kun yakka ta'uu isaa ifaati tumeera. Seerri yakkaa

[15]**Anti-corruption strategies**: Global and Indian socio-legal perspectives by **G. Kameswari** first Edition (2006) (fuula-109)

keenyas kanuma tumee kan ture, labsii haaraa lakk. 881/2007 kwt.18 tiin bakka bu'eera. Hojjetaa gocha kana raawwate akka itti gaafatamu akka armaan gadiitti tumeera. Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa:

1. Itti gaafatamummaa isaa irraa kan ka'e dhimma isaaf dhihaate murteessuu dhiisuu ykn tursiisuu isaa;
2. Dhimmicha murteessuu dhabuun ykn tursiisuun isaa seera ykn dambii hojii ykn qajeelfama ykn hojmaata barame ala ta'uun,
3. Kana gochuu isaaf sababa gahaa kan hin qabne ykn hin dhiyeesine yoo ta'e itti gaafatama.

Fakkeenyaaf, hayyama hojii tokko kennuuf yeroon ni fudhata jedhame daangeefamee taa'ee jira. Haa ta'u malee, hayyamni yeroo kaa'ame keessati hin raawwatamne. Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa dhimmicha murteessuuf aangoon kennameef hayyamichi yeroo kaa'ame keessaatti kennuu dhabuun isaa sababa gahaa dhiheessuu yoo baate itti gafatamu danda'a.

Akka waliigalaatti gochi yakka malaammaltummaa matta'aa ykn faayidaa hin malle fudhachuun kallattiin ykn fuulaa fuulatti raawwatamuu dhiisuu danda'a. Gochi kun kenniinsa tajaajilaan walqabatee istaandardii seeraan taa'e sababa malee cinaatti dhiisuun dhimma lafarra harkisuun ykn tursiisuun abbaan dhimmaa matta'aa ykn faayidaa hin malle akka kennu taasiisuun raawwatamuu danda'a. Waan kana ta'eef tumaan kun gochoota akkasii ittisuuf kan bahee ta'uu agarsiisa.

2.2. Aangootti ykn Itti gaafatamummaatti Seeraan alaa Faayyadamuu Fi Walitti Bu'iinsa Faayidaa Dhuunfaa

Hanga ammaatti yakki malaammaltummaa faayidaa fudhachuu waliin kan walqabatu ta'uu, yakki raawwatame kan jedhamu yakkamaan faayidaa hin malle ykn qabeenya yoo gaafate ykn argate ta'uu ibsameera.Yeroo tokko tokko hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa *faayidaa hin malle* argachuu isaa mirkaneessun rakkisuu danda'a. *Faayidaa hin malle* argachuun isaa mirkana'uu baatus hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa *gocha hin malle* raawwachuu isaa beekuunni danda'ama. Hojjetaa mootummaa *ykn* hojjetaan jaarmiyaa uummataa *gocha hin malle raawwate itti gaafatamaa?*Dhimma kana ilaalchisee mata duree itti aanaan jalati tumaleewwan Aangooti seeraan ala fayyadamuu; hojii mootummaa haala hin taaneen gaggeessuu *(Mal-*

*adminstration);*hayyama haala hin taanen kennuu fi mirkaneessuu fi ijjennoowwan naannoo kanatti calaqisaan kan ilaallu ta'a.

A) Aangooti Garmalee Fayyadamuu

Gama biraatiin labsiin lakk.881/2007 tumawwan S/Y haqamanii tumaa fooyya'een ykn ammoo ifa ta'een bakka kan bu'an waan ta'eef bakka keewwattoota Seera Yakkaa Haqamani kana seeronni akkamii akka tumamani kan ilaalluu dha. Bu'uura kanaan Seera Yakkaa bara 1996 bahekwt. 407 irratti 'Aangootti Garmalee Fayyadamuu' inni jedhu Labsicha keewwati 9 tiin bakka kan bu'eedha. Kwt. 9 kunis hiikkoo afaan Ingilizii irraa 'Angoo ykn Ittigaafatamummaatti garmalee fayyadamuu',(Abuse of Power or Responsibility)hiikkoo afaan Amariffaa irraa ammoo 'angootti garmalee fayyadamuu' jechuun kan tumamee dha.

Seera yakkaa kwt.407 (1) irraas hojjetaan mootummaa kamiyyuu… faayidaa hinmalle argachuuf, ykn nama biraaf argamsiisuuf, ykn mirga ykn faayidaa nama biroo irratti miidhaa qaqqabsiisuuf yaaduun… inni jedhu akkuma jirutti ta'ee; Labsiin 881/2007 kwt. 9(1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa jedhu qofa kan itti dabalee dha. Keewwati Seera Yakkaa 407(1) 'tumaan ifatti dhimmicha ilaallatu kan jiru yoo ta'e malee, akka haala dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caallee fi adabbii maallaqaatiin ni adabama inni jedhu ammoo Labsii 881/07 kwt. 9(1) tiin hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taanee fi qarshii 3000 gadi hintaane yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caallee fi qarshii 10,000 hincaalle jechuun fooyyessee jira.

Seera Yakkaa Keewwati 407(2) ilaalchisee jijjiiramni jirus:

- ✓ Seerri Yakkaa 'the amount of the money or gifts' received in consideration…kan jedhu gara '….the extent of the advantadge'….received in consideration' jedhuun bakka kan buusee fi
- ✓ Kan biraan Adabbii isaas 'qarshii kuma shantama hincaalle….' jedhu qofa labsichaan fooyya'e.

Adabbiin akka waliigalaatti kan fooyya'e ta'ee, labsichi kwt. 9(2) adabbii qarshii 10,000 gadi hintaanee fi 100,000 hincaalle jedhee fooyyesseera. Seera yakkaa kwt 407(3) '… akkuma jirutti taa'ee fi adabbii qarshii kuma dhibba tokko hin caalle jedhu qofatu labsichaan fooyya'e. Keewwati 9(3) adabbii qarshii 20,000 gadi hin taanee fi 200,000 hincaalle jedhee fooyyesseera.

Gama biraam Seera Yakkaa bara 1996 bahe Kwt. 407(4) kan hinturre ta'ee, Labsiin ammoo 9(4) dabalee tumeera. Kunis 'Kwt. 9(1) (2) yoo jiraatan iyyuu, gochi hojjetaan jaarmiyaa uummataa bulchiinsa humna namaan walqabatu raawwatu haaloti mattaa'aa kennuu fi fudhachuu jiraachuu yoo mirkannaa'e malee yakka malaammaltummaan hin himatamu' kan jedhuudha.

Aangoo ykn itti gaafatamummaa kennameef seeraan alaa faayyadamuu, haala mijaawaa hin taaneen hojii mootummaa ykn jaarmiyaa hojii uummataa gaggeessuu, seeran ala eeyyama kennuu ykn raggaasisuu fi waliti bu'iinsa faayidaa dhuunfaa (labsii lakk. 881/2007 kwt. 9, 13 fi 20) jedhaman hariiroo guddaa kan qabanii dha. Hanga ammaatti yakki malaammaltummaa faayidaa fudhachuu waliin kan walqabatu ta'uu, yakki raawwatame kan jedhamu yakkamaan faayidaa hin malle ykn qabeenya yoo gaafate ykn argate ta'uu ibsameera.Yeroo tokko tokko hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa faayidaa *hin malle* argachuu isaa mirkaneessun rakkisuu danda'a. '*Faayidaa hin malle*' argachuun isaa mirkana'uu baatus hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa *gocha hin malle* raawwachuu isaa beekuun ni danda'ama. Hojjetaa mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa *gocha hin malle raawwate itti gaafatamaa?*dhimma kana ilaalchisee mata duree itti aanaan jalati tumaleewwan Aangooti ykn Itti gaafatamummaatti seeraan ala fayyadamuu; hojii mootummaa ykn jaarmiyaa hojii uummataa haala hin taaneen gaggeessuu *(Maladminstration of government or public enterprise work);* hayyama haala hin taanen kennuu fi mirkaneessuu fi ijjennoowwan naannoo kanatti calaqisaan kan ilaallu ta'a.

Labsicha kwt.9 irraa akka hubatamutti yakki aangoo ykn Itti gaafatamummaa kennameen olitti fayyadamuu (abuse of power or responsibility) bifa sadiin (3) raawwatamu danda'a:

(1) Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaa jaarmiyaa uummataa aangoo kennameefiin wanta raawwachuu qabu raawwachuu dhiisuun ykn kan seerri dhorku immoo raawwachuuf aangoo kennameefiin olitti fayyadamuu danda'a (*Misuses his official position or the power proper to his office, whether by a positive act or by a culpable omission kwt. 9(1, a).*

Tumaa kana irraa kan hubatamu hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa yakka aangoo ykn itti gaafatamummaa qabutti seeraan ala fayadamuu raawwatee jira jechuudhaaf aangoo ykn itti gaafatamummaa seeraan kennameefitti fayyadamuudhaan gocha seerri akka raawwatu ajaju raawwachuu ykn kan seerri dhorku immoo raawwachuun isaa

mirkannaa'u akka qabu akkasumas gochichi raawwatame kun aangoo ykn itti gaafatamummaa qabutti karaa seeraan ala ta'een fayyadamuudhaan kan raawwatame ta'uu mirkanaa'u qaba.

Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa tokko aangoo ykn Itti gaafatamummaa kennameefiin gocha raawwachuu hin qabne ykn raawwachuu kan qabu hin raawwanne *(commission or omission)* jechuudhaaf:

a) Qajeelfamoonni ykn sirnoonni hojii ifatti addan bahanii tarreeffamanii ka'amu qabu. Gochi qajeelfama ykn sirna hojimaata cabsuudhaan raawwatamuu yakka aangooti ykn Itti gaafatamummaatti seeraan ala fayyadamuu ta'uu danda'a. Waan kana ta'eef, Aangootti ykn Itti gaafatamummaatti seeraan ala fayyadamuu haala salphaa ta'een mirkaneessuuf sirnoonni hojimaataa ifatti addan baafamanii taa'u qabu.

b) Aangootti ykn Itti gaafatamummaatti seeraan ala fayyadamuun raawwatameera Kan jedhamu *qajeelfamatni fi hojimaatni yoo cabe qofaa?* Seerri kami iyyuu yommuu tumamu kaayyoo fi galma tumameef qaba. Kaayyoo fi galma kaa'ameen ala aangootti ykn Itti gaafatamummaatti fayyadamuun aangootti ykn Itti gaafatamummaatti seeraan ala fayyadamuu jedhamu danda'a. Fakkeenyaaf, hogganaan tokko hojiidhaaf hojjetaa jijjiruu danda'a. Haa ta'u malee, hojiif osoo hin barbaachifne hojjetaa cimaa bakka irratti ramadamee irraa jijjiiree mattaa'a nyaachuuf nama isaa gargaaru jijjiiran yoo fudhate aangoo ykn Itti gaafatamummaa qabu dawoo godhachuudhaan jijjiira haala hin malleen itti fayyadameera jechuun ni danda'ama. *Aangoo ykn Itti gaafatamummaa kaayyoo fi galma kaa'ameef ala fayyadamuu* mirkaneessuun yoo danda'ame yakka aangoo ykn Itti gaafatamummaa kennameen olitti fayyadamuu raawwatameera jechuun ni danda'ama.

Yakki aangoo ykn Itti gaafatamummaa seeraan ala fayyadamuu gocha seerri akka raawwatamu ajaju raawwachuu dhiisuun raawwatamu ni danda'a. Fakkeenyaaf, Ashuuraa sassaabamuu qabu ashuuruu ykn sassaabuu dhiisuu, hayyama ulaagaa seerri kaa'u hin gunnee haquun osoo irra jiruu haquu dhiisuun akka gocha seerri akka raawwatamu raawwachuu dhiisuutu fudhatamuu ni danda'ama.

(2) Hojjetan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa aangoo ykn itti gaafatamummaa kennameen ala hojjechuudhaan yakka akka raawwatu (*exceeds the power with which he is officially invested, Labsii lakk. 881/2007 kwt. 9(1, B)*) tumaa kana irraa in hubatama. Fakkeenyaaf, hojjetaan mootummaa ykn jaarmiyaa uummataa hayyama hojii mirkanneessuuf aangoo ykn itti gaafatamummaa osoo hin qabaanne mirkaneesse yoo

kenne aangoo ykn itti gaafatamummaa kennameen ala hojjeteera jechuun ni danda'ama. Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa hanga ashuuraa ashuuramu ilaalchisee aangoo ykn Itti gaafatamummaa yaada kennuu qofa qabu murtii isaatiin ashuura murteessee yoo kaffalchise aangoo kennameef irra darbee hojjeteera jechuun ni danda'ama.

Dhimma kana qabatamaa gochuudhaaf himannaa A/Alangaa KNFMN Oromiyaa himatamtoota Gabayyoo Diribaa fa'a N.7 irratti dhiheessee ilaaluun gaarii ta'a. Himatamtoonni kun Kaabinee Aanaa Booraa ta'anii yommuu hojjetan seera yakkaa kw.32(1-A) fi 407 (1-B), [akka ammaatti labsii lakk. 881/2007 kwt. 9(1,b) jechuudha] Itti Gaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Booraa labsii lakk.6/86 fi Dambii Ittiin Bulmaataa Abbootii Alangaa lakk 31/95 cabsuudhan qaboo yaa'ii qabachuun itti gaafatamummaan A/Alangaa fi miseensa kaabinee irraa akka dhabbatu waan godhaniif yakka malaammaltummaa aangoon gar malee fayadamuudhaan mirga A/Alangichaa fi uummataa tajaajilamaa waajjira irratti miidhaa geessisaniiru jechuun himannaa dhiheesse waan of irraa hin ittifneef M/M/O/G/Sh/Bahaa hidhaa waggaa tokko tokkoon tokkoon isaanitti murtessee jira. Himatamtoonni kun murtii kana komachuudhaan ol'iyyannoo M/M/W/ Oromiyaa Dhaddacha Bahaatti fudhataniin M/Murtii kunis dhaddachaa gaafa 27-04-2002 ooleen L/G. 92018 irratti murtii baleessummaa cimsuudhaan Murtii adabbii hidhaa waggaa tokko daangaa waggaa lamaan irraa daangeesse jira.[16]

(3) Hojjetaan mootummaa aangoo hin qabneen hojjechuu (*Performs official acts when he is not or is no longer, qualified to do so, especially in the case or in consequence of incompetence, suspension, transfer, removal from office or its cessation, Labsii lakk. 881/2007 kwt. 9(1,c)* yakka aangoo ykn Itti gaafatamummaa seeraan kenname olitti fayyadamuu akka ta'e tumaan kun ni ibsa. Safartuun tumaa kana jalatti ilaalame tarreeffame dhihaatu illee gochi raawwatamu yakka aangoo hin qabneen hojjechuu waan ta'uuf kwt.9 (1, b) jalatti hammatamuu ni danda'a. Haa ta'u malee kwt. 9(1, c) n hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa duraan aangoo ykn Itti gaafatamumnmaa qabaatus sababa ta'e tokkoon aangoo ykn Itti gaafatamummaa isaa erga dhiisee booda aangoo ykn Itti gaafatamummaa duraan qabuun amma garuu aangoo hin qabneen hojjetee ykn fayyadamee argamuu irratti xiyyeeffata.

[16]A/Alangaa KNFMNO Vs Gabayyoo Dirribaa fa'a N.7 LG.MMWO.92018(2002)

Akka waliigalaatti hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa haala kutaan yaadaa *"... faayidaa hin malle argachuuf ykn argamsiisuuf yookiin mirga/dantaa nama 3ffaa miidhuu..."* jedhu jiraachuuf fi jiraachuu dhabuu isaa mirkaneessuuf dirqama qaba.Abbaan Alangaa garuu qabxii kana ilaalchisee ragaa dhiheessuuf dirqama hin qabu. Haa ta'u malee, kutaan yaadaa kuni jiraachuu isaa tilmaamuuf aangootti ykn itti gaafatamummaatti haala hin malleen fayyadamuu ykn aangoo ykn itti gaafatamummaa kennameefiin olitti hojjechuun isaa fi gocha inni raawwateen inni ykn garee 3ffaan faayidaa hin malle argachuu ykn faayidaa fi mirga nama biroo irratti miidhaan qaqqabuu isaa waliin mirkanaa'uu qabuu? Yookiin kutaan yaadaa aangootti ykn itti gaafatamummaatti haala hin malleen fayyadamuun ykn aangoo ykn Itti gaafatamummaa kennameefiin olitti hojjechuu jedhu qofa mirkanneessuun gahaa dhaa?kan jedhu ilaaluun garii ta'a.[17]

Keewwaticha irraa akka hubatamutti "*faayidaa hin malle argamsiisuuf ykn miidhuuf yaadee..."* aangoon ykn Itti gaafatamummaan seeraan ala ykn haala hin malleen yoo fayyadame jedha malee, gocha kanaan namni fayadame ykn miidhame jiraachuu isaa mirkaaneessuun dirqama akka ta'e hin tumu. Haa ta'u malee, himatamaan *"... gocha kiyyaan gareen haala hin malleen fayyadame ykn miidhame hin jiru, kana waan ta'eef nama tokko fayyaduuf ykn miidhuuf yaaddee jirta jedhamee tilamamani jedhu ana irratti fudhatamuu hin qabu..."* falmii jedhu osoo dhiheesse deebiin ta'uu qabu maal ta'a?

Dhimma kana ilaalchisee filannoo hiikkoo lamatu jira.*Filannoo tokkoffaan,* "*…ilaalamuu kan qabu aangooti ykn Itti gaafatamummaatti haala hin malleen fayyadamuun mirkaanneessu qofa malee, gocha kanaan kan faayyadame ykn miidhame agarsiisuun barbaachisaa miti*" kan jedhuudha. Haa ta'u malee, gocha himatamaatiin namni fayyadame ykn miidhame jiraachuu isaa ragaan mirkaneessu bakka hin jirretti gochicha kanraawwate faayidaa ofiif argachuuf ykn nama biraaf faayidaa hin malle argamsiisuuf yaadee ykn nama biraa miidhuuf yaadeeti jedhamee tilmaamuun sababa qabeessa miti jedhamee falmamuu danda'a. Hojjetaan mootummaa ykn Hojjetaan jaarmiyaa uummataa hojii yommuu hojjetu dogoggora uumuu qofaan mana murtiiti himatamee tarkaanfiin haqa qabeessa hin taane akka irrati fudhatamu hulaa bana; sababa kanaan hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa hojii hojjechuu dhiisuudhaan itti gaafatamumma irra akka baqqatu taasisa jechuudhaan gareen falmu ni jira.

[17]. Profile Of The Federal Ethics And Anti Corruption Commission,March,2010 Addis Ababa Ethiopia, fuula 63 irratti ibsa taasifameedha.

Gama biraattiin, kaayyoon seera yakka namoota ta'e jedhanii faayidaa hin malle argachuuf ykn nama miidhuuf aangoo ykn Itti gaafatamummaa isaanii seera ala fayyadaman adabuuf malee namoota adeemsa hojii keessatti dogoggora uuman adabuuf akka hin taane akkasumas seerrichi gochi aangootti ykn itti gaafatamummaatti seera ala fayyadamu dagannoo balleessaa ta'een raawwatamu yakka malaammaltummaa akka hin taane kaa'un isaa yoo ilaale falmii kuni sababa qabeessa fakkaata. Kana jechuun yakki malaammaltummaa dagannoodhaan hin raawwatamu qajeeltoo jedhu mirkaneessa.

Hiikkoo kana kan hordoofnu yoo ta'e malaammalaan yakka malaammaltummaa jalaa bahuu danda'a. Aangootti ykn itti gaafatamummaatti seeraan ala fayyadamuun isaa yoo mirkaannaa'us, gocha isaa kanaan namni faayidaa hin malle argate yoo hin jiraanne ykn namni miidhame yoo hin jiraane namni kun mana sirreessaa galuu dhabuu isaatiin hawaasni ni miidhama jechuun nama rakkisa. Kana jechuun itti gaafatamummaa bulchiinsaa irraa bilisa ta'a jechuu miti.Qajeelfamni bulchiinsaa ulaagaa addaa ka'uu danda'a.Labsiin lakk. 881/2007 keewwati 7's itti gaafatamummaan bulchiinsaa fudhatamuu akka qabullee ykn akka tarkaanfii bulchiinsaa fudhatamuu irraa bilisa ta'uu hindandeenye kan agarsiisuudha.

Gama biraatiin, Abbaan Alangaa hojjetaan mootummaa ykn hojjetaa jaarmiyaa uummataa gochicha yommuu raawwaatu nama tokko fayyaduuf ykn miidhuuf yaadee kan raawwate ta'uu kutaa yaadaa ragaa kallatiin mirkaneessuu yoo danda'e, fakkeenyaaf, wal-qunnamtii barreeffamaan ykn bilbilaan taasise yoo argame gochicha kan raawwate faayida hin malle argachuuf ykn nama miidhuuf yaaduu isaa agarsiisuu waan danda'uuf yakka aangootti ykn ittigaafatamummaatti seeraa ala fayyadamuutiin nama tokko fayyaduun ykn miidhuu isaa mirkaneessuun barbaachisaa hin ta'u.

Yaada gareen lammaffaa laatan kan hordofinu yoo ta'e, waa'ee *faayidaa hin mallee ykn miidhaa* hanga ta'e tokko ilaaluun barbaachisaadha. Faayidaa hin malle jechuun maal jechuu akka ta'e olitti ibsameera. Kanaaf ibsa sana duubatti deebinee ilaaluun qofti gahaadha.Gama biraatiin *"... mirga ykn faayidaa namoota irraatti miidhaa qaqqabsiisuu..."* jechuun maal jechuudha? Hima kana keessatti yaada-rimeewwan ibsamuu qaban jiru :

1) *'Nama biraa'* jechuun namoota nama gocha raawwateen ala jiraniidha. Sababni isaas namni tokko ofi irratti miidhaa ni qaqqabsiisa jedhamee waan hin tilmamamneefidha. Of-miidhuudhaaf jedhee gochicha kan raawwate yoo ta'e itti gaafatamummaa hin qabu jechuudha. Nama kan jedhu jaarmiyaa qaamni namummaa seeraan kennameef ni

hammata. Mootummaanis qaama namummaa seeraan kennameef keessaa tokko waan ta'eef mootummaa irratti miidhaa geesisuun tumaa kana keessati hammatama.

2) *'Mirga' kan jedhu* mirga namummaa ykn dimookiraasummaa ta'uu danda'a. Dabalataan namoota lama ykn garee kana oli ta'ani gidduutti waliigaltee taasifamuun mirgi uumamu ni jira. Mana hojii mootummaatti ykn mana hojii jaarmiyaa uummataatti hojjetaa ykn itti gaafatamaa ta'uun qofa mirgoonni argaman jiru. Mirga yoo jennu mirgoota kanneen haala hammatuun hiikkamuu qaba.

3) *'Faayidaa kan' jedhu Labsii lakk. 881/2007 kwt. 2(13) jalattii hiikameeti argama. Hiikni jecha faayida jedhu labsii kanaa keessaattii ibsame* akaakuwwan faayidaa aangootti ykn Itti gaafatamummaatti seera ala fayyadamu tarreessuuf jedhameeti kaa'ame. Faayidaan baal'ifamee yoo ilaalamu faayidaa Labsichaan hiikame dabalatee faayidaa seeraan hayyamames fudhachuun sababa qabeessa fakkaata [18]

4) *'Miidhaa' jechuun* mirgootaa fi fayidaawwan olitti ibsaman irrati miidhaa qaqqabu jechuudha. Miidhaan mirgaatti akka hin fayyadamne gochuu, mirga sarbuu ykn faayidaa irrati miidhaa maallaqaan tilmamamu danda'u ta'u danda'a. [19]

Himatamaan yakkan gaafatamuu kan danda'u faayidaa hin malle ykn miidhaa geesise ni beeka jedhameetii? Yookiin faayidaan fi miidhaa himatamaan tilmaamuu danda'u ala jiran ni dabalataa?

"...Kutaan yaadaa jiraachuu isaa kan tilmaamamu faayidaan hin malle argamuu ykn miidhaan qaqqabuu yoo mirkaanna'edha..." hiika jedhu yoo fudhaanne himatamaan hojii yommuu hojjetu faayidaan hin malle fi miidhaan gocha isaatiin qaqqabuu kan danda'u ta'uu beekuu ykn tilmaamuu akka danda'u mirkaneessuu qabna. Kana maaliin mirkaneessun danda'ama? Falaasama seeraatiin akkuma beekamu gaaffiiwwan akkanaa furmaataa kan argatan safartuu yaada nama dhama qabeessaa ta'een ta'a. Waan kana ta'eef, namni dhama qabeessi tokko gochichi yommuu raawwatamu, sababa kanaan faayidaan hin malle ykn miidhaan qaqqabee akka qaqqabu beekuu hin danda'u jechisiisuu danda'uu qaba. Faayidaa hin malle fi miidhaan gochichaan qaqqabe yaada nama dhama qabeessatiin beekamuu ykn tilmaamamuu kan hin dandeenyee yoo ta'e, kutaan yaadaa mirkana'eera jechuun rogummaa hin qabu.

Miidhaan qaqqabuu mirkanaa'u qabaa? Miidhaan qaqqabuuf yommuu jedhu sababa gocha alaatiin kan hafe (addaan cite) yoo ta'e, itti gaafatamummaa irraa bilisa ta'aa? Miidhaan qaqqabuu danda'u himatamaadhaan tilmaamamu kan dada'amu hanga ta'eeti, sababa gocha

[18]. A/Alangaa KNFMNO Vs Gabayyoo Dirribaa fa'a N.7 LG.MMWO.92018(2002)
[19]A/Alangaa KNFMNO Vs Gabayyoo Dirribaa fa'a N.7 LG.MMWO.92018(2002)

himatamaan ala ta'een miidhaan qaqqabuu dhiisuun himatamaa itti gafaatamummaa jalaa bilisa baasuu hin qabu. Gama biraatiin, miidhaan amma qaqqabuu baatus gocha isaan gara fuula duraati qaqqabuu kan danda'u fi miidhaan kun akka qaqqabu himtamaan akka beekuu ykn beekuun irra jiru mirkaneessuun yoo danda'ame, dirqama mirkaanneessuu gara himatamaatti ceesisuun sirri fakkaata.

Akka waliigalaatti, hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa tokko kan adabamu *dogoggora hojii waliin walqabatuun osoo hin taane faayidaa hin malle argamsiisuuf ykn Nama biraa miidhuuf* jedhee aangoo ykn itti gaafatamummaa isaati seera ala yoo fayyadameedha.Waan kana ta'eef, tumaaleen keewwaticha jalatti tumaman yommuu hiikaman yaada buu'uuraa kana haala ilaalcha keessa galcheen ta'uu qabu.

Qabxiin biraa mata duree aangootti seera ala fayyadamuu jedhu jalatti ilaalamuu qabu namoonni bu'aa yakka aangootti ykn itti gaafatamummaatti seera ala fayyadamuu jedhu irraa fayyadamoo ta'an yakkaan gaafachuun ni danda'amaa moo hin danda'amu kan jedhu ilaaluun barbaachisaa ta'a. Hojjetaan mootummaa ykn Hojjetaan jaarmiyaa uummataa tokko aangoo isaa haala hin malleen fayyadamuun ofiif ykn nama biraaf fayidaa argamsiisuu ni danda'a. Seeraa fi qajeelfama faayinaansii cabsuun dhiheessa tokko waliin waliigaltee yoo raawwate, dhiyyeessan faayidaa argachuu hin malle ni argata. *Dhiheessan faayidaa hin malle argate faayidaa isaaf hin malle argachuu isaaf itti gaafatamuu qabaa?* Fakkeenyaaf, dhiheessan haala hin taaneen waada seene waliigalticha argachuu kan danda'e Abbootii Taayitaa Mootummaatiif matta'aa kenne ta'uu danda'a. Matta'aa kennuun isaa yoo mirkanna'ee ni gaafatama. Haa ta'uu malee, kan beekamu *faayidaa hin malle argachuu isaa* malee matta'aa kennuun beekamuu dhiisuu danda'a. Bu'uura Seeraa yakka malaammaltummaatiin gocha yakka raawwatamee kan gaafatamu gocha yakkichaa guutumaan guutuutti yaadaa fi gochaan kan raawwate qofa miti. Namoonni raawwii gocha yakkaa keessati kallatiidhaan hirmaachuu baatanis haalli gocha yakkaattiin itti gaafataman kan jiru ta'uu seera yakkaa *kwt.32 (1) (B)* irraa ni hubatama. Labsiin lakk. 881/2007 yakka malaammaltummaa labsuuf bahe keewwati 26's namoonni akkanaa akka kallattiidhaan itti gaafataman ni tuma. Kana jechuun gocha yakkichaa ofii isaaf raawwachu baatus yaada dhiheessuu, karoorsuu fi qajeelchuudhaan bu'aa yakkicha irratti guutumaan guutuutti hirmaachuu mirkaanneessuun yoo danda'ame akka raawwataa muummeetti gaafatamu ni danda'a. Hojjeetaa mootummaa ykn hojjetaa jaarmiyaa uummataa ta'uu baatus raawwii yakkaa irratti guutumaan guututti hirmaachuu isaa ragaan mirkaaneessu yoo dhihaate itti gaafatama jechuudha. Fakkeenyaf, kaffalaan gibiraa tokko hojjeetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa gibira hir'iseef akka murteessuuf sanadoota sobaa dhiheesuuf

waliigaluu isaa ragaan mirkaneessuu yoo dhihaate kaffalaan gibira himatamaa muummee jedhamee ni himatama jechuudha.

Yakki aangootti ykn itti gaafatamummaatti seeraan ala fayyaadamuu haalonni cimsaan Labsichaan kwt.9 kwt.xiqqaa 2 fi 3 jalati tarreeffamaniiru. Isaanis: Sadarkaa aangoo, faayidaa yakkichaan argame ykn miidhaa mootummaa ykn uummata irrati qaqqabe, kaayyoo yakkichaa fa'a. Qajeelfamni adabbii lakk.2/2006's ulaagalee kana giddu-galeessa godhachuun yakka aangootti seeraan ala fayyadamuuf sadarkaa baaseefii ture illee yeroo ammaa garuu labsii haaraan bahee waan jiruuf qajeelfamni adabbii murteessuu lakk.2/2006 kuni akkamiin raawwatama? Kan jedhus ifa miti. Aangoo ol'aanaa jechuun aangoo Abbootiin Taayitaa Labsii KNFM Federaalaa 433/97 kwt.2 (5) keessatti ibsaman jechuudha.Aangoo giddu galeessa jechuun kanneen kwt. 5(2) keessatti hin hammatamne itti gaaftamtoota murtii murteessuu danda'an; itti gaafatamtoota Qajeelchaa, Abbootii Adeemsaa, Itti gaafatamtootaa Godinaa, Aanaa, Itti gaafatamtoota qajeelcha Godinaa fi Aanaa fi kanneen waliin warreen aangoo wal-fakkaataa qaban yoo ta'an kanneen aangoo gad-aanaa jalatti hammataman immoo kanneen warreen aangoo gidduu galeessa jalatti hin hammatamne aangoo hojjeettoota mootummaa gita hojii gad-aanaa irratti argaman hammata.

Seeronnii fi qajeelfamoonni kuni kaayyoo yakkichi raawwatamuufis hiika laatera. Kaayyoo cimaa jechuun jaalala maallaqaa, haloo bahuu (nama biroo miidhuuf yaaduu qofaan) maal na dhibeen, oftuulummaan, balleessaa biraa dhoksuu fi sababoota kana fakkaatan kan hammatu jechuun hiika.

Gaaffii Marii

1. Dhimmoota murtii argatan tokko tokko irraa akka hubatamutti itti gaafatamtoonni manneen hojii mootummaa tokko tokko baajata mana hojiitiif ramadame keessatti osoo hojii irra jiru hanga qarshii murteessuu adda bahee kennameefiin ala qaboo yaa'iitiin hanga qarshii itti mallatteessuu danda'aniin olitti baasii mallatteessudhan hojirra akka oolu taasisan jedhamani labsii 881/2007 kwt 9(1-B) jalatti himataman *hojiidhaaf jechan godhe malee faayidaa kiyyaaf miti* jechuun yemmuu falman ni mul'ata. Gama biraatiin immoo afuura seeraa wajjiin yemmuu ilaalamu dangaa itti gaafatamummaa isaatiin ol deemuu agarsiisa waan ta'eef murtii fudhatamuun wal qabatee akkamitti xiinxalamuu qabaa?
2. Dhimma Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti ol'iyyannoodhaan dhiyaatee galmee lakk 281197 fi 299749 ta'e irratti murtii argate

tokko irratti ol'iyyattoonni ogeessa lafa safaran, walitti qabaa koree Investimantii fi shallaggii beenyaa koree shallaggii lafaa ta'uun lafa qonnaan bultoonni qaban hir'isuun, kan isaan qabanii olitti shallaguun, kan lafa hin qabne akka qaban fakkeessuun walitti qaba koree beenyaatiif dhiyeessuun, safaramee kan dhiyaate mirkaneessuun beenyaa kaffaluun; lafa hanga qabanii olitti ibsamee beenyaa itti fudhachuun (qonnaan bultoota), osoo lafa hin qabne akka waan lafa qabanitti beenyaa fudhachuun (qonnaan bultoota) mana murtii jalaatti yakka malaammaltummaa aangoo gar-malee fayyadamuun raawwataniin adabamanii ilaalee murtii balleessuummaa cimsuun adabbii fooyyeessee jira. Dhaddachi Ij.MMWO galmee lakk 298633 ta'e irratti murtiin MMWO iyyatoota irratti kenne dogoggora bu'uura seeraa hin qabu jechuun iyyata dhiyaate kufaa godhee jira.

a) Gochoota oliyyattoonni balleessaa ittiin jedhamuun bu'uura labsii 881/2009 kwt 9 tiin madaalaa!
b) Walitti qabaan koree beenyaa iyyannaa dhaddacha ijibbaatatiif dhiyeesseen ''gochaan raawwatame jedhame tarkaanfii siyaasaa kan hordofsiisuu yoo ta'e malee yakkaan kan na naa gaafachiisu miti ...''[20] falmii jedhu dhiheessee jira. Falmii iyyataa kana bu'uura kwt 9 tiin madaalaa!
c) Abbaan Alangaa Naannoo aangoo bu'uura labsii 455/2007 fi danbii lakk 135/98 tiin walitti qabaa koree shallaggii beenyaa ta'uu fayyadamuun shallaggii koreen dhihaate mirkanneessuun miidhaa cimaa geesiisee jira waan ta'eef yakka miti falmiin jedhu sirrii miti jechuun deebii barreeffaman deebisee jira. Deebii A/Alangaa akkamitti ilaalatuu?
d) Gama biraatiin iyyatan dhimmi kiyya seera yakka kwt 420 jalatti ilaalamuu qaba ture komii jedhu dhiyeeffatee jira. Isa kana hoo akkamitti ilaaltuu?

3. Abbaa Alangaa himannaa himatamtoota dhaabbiidhaan gita hojii wardiyyaa, qulqulleessituu, bittaa akkasums dabalatan hojii galii sassaabuu irratti ramadamanii Godina Jimmaa Bulchiinsa Magaalaa Naaddaa keessa hojjetan baayy'inni isaanii 4 ta'an irratti dhiyeesseen himatamtoonni nagaheewwan galii ittiin hojjechuuf baasii taasiisaniin kaffaltoota gibiraa irraa maallaqa sassaaba turan nagheewwan maamila kennamu irratti taarifa sirrii ta'e barreessuun haftee isaa waajjiiratti deebi'u irratti qarshii kaffalame xiqqeessuun barreessuun galii mootummaa argachuu qabu faayidaa dhuufaa ykn nama biraaf oolchuun mootummaa fi uummata irratti miidhaa geessisan

[20] Alamayyoo Hundeessaa Vs A/Alangaa Naannoo Galmee lakk 298633 – Dhaddacha Ij. MMWO

jechuun yakka malaammaltummaa aangoo garmalee fayyadamuun cimaa raawwatanii himatamtoota 1ffaa fi 2ffaa kwt 9(2) jalatti fi himatamtoota 3ffaa fi 4ffaa immoo kwt.9(1) jalatti himatee jira.

Himatamtoonnis MMO Godina Jimmaatti dhiyaatanii erga of ibsanii booda himannan dubbifameefi gochicha kan hin raawwannee ta'uu fi hojiin dabalataan kennameef kan hin jire ta'uu waan waakkataniif ragaan Abbaa alangaa akka dhagaa'amu ta'eera. M/murtiis ragaa Abbaa alangaa erga dhagahee booda akka ofirraa ittisan ajajee jira.Haaluma kanaan himatamtoonni gama abukaatoo isaaniitiin galii sassaabuun gahee hojii isaanii akka hin taane akka ijooti qabsiifatanii ragaan ittisaa dhagahameera.

Manni murtiis galmee erga qoratee booda ragaan ittisaa ragaa Abbaa alangaa kan namaa fi sanadaa shakkii keessa kan galchine ta'uu ibsuun bu'uura himannaa dhiyaateen murtii balleessummaa kennee jira. Haaluma kanaan himatamaa 1ffaa hidhaa cimaa waggaa 6 fi qarshii 7000, himatamtuu 2ffaan hidhaa cimaa waggaa 5 fi adabbii maallaqaa qar.5000; himatamtoota 3ffaa fi 4ffaa hidhaa salphaa waggaa 1 fi jia'a fi adabbii maallaqaa qar. 2000 akka adabaman murteessee jira.

a) Himannaan A/alangaa firii dubbii labsii 881/2007 kwt 9(1) (2) hundeessan ni guutaa? Maaliif?
b) Murtii balleessuummaa manni murtii labsii 881/2007 kwt 9(1)(2) jalatti kenne sirriidha jettuu? Maaliif?

B) Hayyama Haala Hin Taanen Kennuu ykn Mirkaneessuu

Labsii lakk 881/2007 kwt 20 S/Y kwt. 418 'Seeran ala eeyyama kennuu fi Raggaasisuu' isa jedhu kan fooyyessee dha. Garaagarummaan Labsicha kwt.20 fi S/Yakkaa kwt. 418's Labsichi 'ykn' jecha jedhu kan fayyadame yeroo ta'u, kan S/Y ammoo 'fi' kan jedhu ture. Yeroo ammaas akka filannootti 'ykn' kan jedhuun fooyya'eera. Seerri yakkaa kwt. 418 mata duree isaarratti 'Seeran ala eeyyama kennuu fi Raggaasisuu' yoo jedhe illee gaafa hiikkoo itti kennu ammoo '…hayyama daldalaa yookiin hojii kan kenne yookiin kan raggaasise yoo ta'e yookiin iddoo wanti tokko itti raawwatamu seeraan ala kan hayyame yookiin kan kenne yoo ta'e…' kan jedhu ture. Kanaafuu, kwt 20(1) hojjetaa mootummaa irratti raawwatiinsa akka qabu agarsiisa.

Itti dabaluun, labsiin 881/2007 kwt. 20(2) fi (3) kan Seera yakkaa keewwta 418 irra hin turre haaraan dabaleera. Labsiin kun namni heeyyama ykn mirkaneessa kennuuf ykn raggaasuuf itti gaafatamummaa qabu kamiyyuu tumaa kana yoo cabse kan gaafatamu ta'u tumeera. Kwt.20(2)'s Heeyyama konkolaachisummaa, ragaa mirkanneessa gahumsa

konkolaachisummaa, ragaa mirkanneessa fayyummaa, ykn ragaa mirkanneessa sadarkaa barnootaa itti yaaduun nama hin malleef ykn gahumsa hin qabneef kan kenne ykn mirkaneesses akka yakka malaammaltummaatti adabamuu akka qabu bifa ifa ta'eef ofi dandeessisee dabaleera. Kanaafuu, tumaan kun nama itti gaafatamuummaa heeyyamma kennuu ykn mirkaneessuuf itti gaafatamummaa qabu kamiyyuu irratti raawwatiinsa qaba jechuudha.

Kana malees, labsichi gochoonni kwt 20(1) (2) jalatti tumaman dagannoodhaan kan raawwataman yoo ta'e hidhaa salphaa fi maallaqaan kan adabsiisan ta'uu kwt. 20(3) jalatti tumee jira. Kanaafuu, haala addaatiin yakki kun dagannoodhaanis nama adabsiisuu ni danda'a jechuudha.

Heyyama haala hin taaneen kennuu ykn mirkaneessuun tumaa angootti ykn Itti gaafatamummaatti seeraan ala fayyadamuu jedhu jalatti kan hammatamu yoo ta'u, akka yakka malaammaltummaatti lakka'amee labsii lakk. 881/2007 bahe kwt.20 jalatti tumameera. Hojjetaan Mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa itti yaaduudhaan nama gahuumsa hin qabneef ykn seeraan nama kennamuufi hin qabneef hayyama hojii ykn daldalaa kenne ykn mirkanessee ykn iddoo wanti tokko itti hojjetamu haala hin taaneen yoo hayyame kan adabamu ta'uu keewwaticha irraa ni hubatama. Tumaa kana keessatti gaalee *"nama seeraan kennamuufii hin qabne ykn gahaa hin taaneef"* ni arganna. Gaaleen kun Heyyama hojii kennuuf ulaagaa seerri hojichi ilaallatu lafa kaa'u waliin waan wal qabatu fakkaata. Fakkeenyaaf, seerooni tokko tokko hayyama tokko nama ta'e tokkoof kennuuf ulaagawwan akka sadarkaa Barnoota, Umurii, haala fayyaa, qabeenya ykn Kaapitala akka ulaagatti kaa'u danda'u. Hojjetaan Mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa faayidaa hin malle argachuuf ykn nama biraaf argamsiisuu yaadee ulaagaa seerri kaa'u darbuudhaan gocha kwt. 20 jalatti ilaallame kana rawwachuu danda'a. Gochi haala kanaan raawwatamus yakka malaammaltummaa ta'uudhaan itti gaafatamummaa seeraa kan hordofsiisu ta'a jechuudha.
Fakkeenyaaf, Labsii Hojii Faayinaansii Xixiqqaa (micro-financing Business) lakk.626/2001 jedhu yoo Baankiin Biyyooleessa dhaabbilee akka Inshuraansii, Baankii dhuunfaa, kkf bu'uura ulaagalee labsiin kun ka'een hayyama kennuu akka qabu tuma. Labsiin Kenniinsa Hayyama Gahuumsa Konkolaachistummaa lakk.600/2000, Labsiin, Dambii fi Qajeelfamni Invastimaniis fi Seeroni kana fakkaatan hayyama tokko kennuuf ulaagan tumaan ni jira. Kanaaf dhimmoonni tumaa kana darbuun raawwataman yommuu nuuf dhihaatan labsii, Dambii fi Qajeelfama kallattii kanaan rogummaa qabani ilaaluun tumaa kana hiikuu qabna.

Kanneen tumaman kana cabsanii argamnaan itti gaafatamummaa yakka malaammaltummaa jalatti kan kufu ta'uun isaa hubatamaa dha.

Dhimma Marii

Dhimma M/Murtii Aanaa Adaamaatti A/Alangaa Aanaa M/Adaamaa fi Ayyalaa Mokonnoon gidduutti falmii taasifameen Galmee 88973 irratti dhaddacha gaafa 04/10/2007 ooleen murtaa'eedha.

Dhimmichis himatamaan badhaadhina isaaf hinmalle argachuuf yaadee ykn nama biraaf argamsiisuuf yaadee gaafa 09/09/2006 magaalaa Adaamaa ganda 12 bakka addaa kolleejjii Yuuniversiitii Paraadaayizi Vaalii keessatti yeroo waliigaltee qacarrii hojii Yuniversiiticha waliin raawwate Diinii Kolleejjichaa ta'ee hojjetaa turetti itti gaafatamummaa isaa seeraan ala fayyadamuun hojjetaa dhaabbatichaa kan ture Obbo Shamsaddiin Shukur jedhamu hojii yeroo gad lakkisu qabeenya dhaabbatichaa 1ffaan Teedooloojii tilmaama qarshii 150,000, 2ffaan Tootal Isteeshini tilmaama qarshii 2000,000, 3ffaan Tiriipoodi tokko tilmaama qarshii 150,000, 4ffaan kaameraa tokko tilmaama qar. 6,000, walumaagalatti qarsh. 400,000 baasu akka hindeebine utuu beekuu akkasumas idaan carraa barnootaa dhaabbatichaan haguugameef kaffalamuu qabu qarshii 18,500 akka irra jiru osoo beekuu waraqaa qulqullinaa waan kenneef yakka fayidaa hooggansaa nama biraa irratti miidhaa geessisuun SY Kwt. 703(1,a) irra darbuu raawwateera jedhamee, hinraawwanne, waraqaa qulqullinaa hinkennine jechuun falmee, erga ragaan dhaga'amees sadarkaan ragaan irratti dubbate kwt. 702(2) ta'uu ibsuudhaan asi jalatti akka ofirraa ittisu ajajamee, ragaan ittisaas waraqaan kenname kan qulqullinaa utuu hintaane muuxannoo hojii ta'uu, muuxannoo hojii kennuun yakka ta'uu dhabuun akkasumas Namni Shamsaddin jedhamu jijjiirraadhaan gara kampaasii Diillaa akka deeme kan ta'e hafee Adaamaamatti akka hojjetu ta'uun sana boodas yeroo iyyatu manaajimentiin taa'ee akka Diillaa deemu murteessuu dhaga'ee gaafa badu qabeenya akka deebisu beekisisi irratti bahuun, beeksisa bahes dhaga'ee waajjiricha keessaa namoota lama walharkaa fuudhiinsa akka taasisan ramadamaniifii waaree boodatti gaafa qabamu achumaan kan hafe tahuu ibsuudhaan waraqaan qulqullinaa garuu akka hinlaatamne, xalayaa gaafa laatameefis jalatti hub. Jechuun xalayaan kuni xalayaa hojii gad lakkisuu miti akka jedhee kenneef MM qulqulleeffatee muuxannoo kennuun akka hindhorkamne ibsuun kan ammaa garuu muuxannoodha malee xalayaa qulqullinaa waan hin taaneef yakka ittiin himatame hinraawwanne jedhamuun bilisaan gad dhiifameera.

Gaaffii Marii

Dhimma kana kallattii labsii lakk.881/2007 tiin xiinxalaa

MMO G/Addaa Adaamaattis Ol'iyyatamee galmee 21269 irratti dhaddacha gaafa 19/10/2007 ooleen cimsee, MMWO Dhaddacha Bahaas galmee 226718 irratti dhaddacha gaafa 02/02/2008 ooleen komii dhiyaate kufaa taasisuun murtiwwan jalaa cimseera**.**

C) Haala Mijaawaa Hin Taaneen Hojii Mootummaa ykn Jaarmiyaa Uummataa Gaggeessuu

Labsiin yakka malaammaltummaa labsuuf bahe lakk. 881/2007 Kwt. 13 yakka 'Haala Mijaawaa Hin Taaneen Hojii Mootummaa ykn Jaarmiyaa Hojii Uummataa Gaggeessuun' walqabatee raawwatamu bulchuuf kan tumame ta'ee, kunis S/Yakkaa bara 1996 bahe kwt. 411 'Haala Mijaawaa Hin Taaneen Hojii Mootummaa Gaggeessuu' isa jedhu kan fooyyessee dha. Kwt. 411 kuni tumaa afaan Ingilizii irraa 'Maladministration' jechuu qofaan kan kaa'e yeroo ammaa haala ifaa ta'een labsichi 'maladministration of Government or Public interprise work' jedhamuun ka'ameera. Tumaa afaan amaaraa irraas kanuma kan hubannuudha.

Haaluma walfakkaatuun S/Y Kwt. 411(1) 'Hojjetaan mootummaa kamiyyuu…' [21] isa jedhu Labsichi kwt. 13(1) ammoo 'hojjetaan mootummaa kamiyyuu ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa kamiyyuu' jedhutti dabalee kan fooyyessee dha. Haaluma walfakkaatuun kutaan adabbii ilaallatus fooyya'eera. S/Yakkaa kwt. 411(4) (b)'n '…has purchased certain property or taken part in an auction, while prohibited by law or regulations… jedhu; Labsichi kwt. 13(4,b)'n ammoo '…prohibited by law or regulations or directives….' jedhu dabaleera.

S/Yakkaas keewwati 411 kutawwan 411(1-4) tti qofa kan qabu ture. Labsiin 881/2007 ammoo kwt. 13(1-9) tti kan fooyya'eedha. Kwt. 13(5-9) tti kan jiran kan dabalamanii dha.

Kanneen dabalaman kuni yaada haaraa dha moo? Isa jedhu ilaalchisee, kwt.13 (5) yaada haaraa dabale utuu hintaane, S/Y kwt.411 (4, b), bo'oo 2^{ffaa} irra isa jiru 'relative means' jedhu qofatti baasee kwt. 13(5) kan godheedha (yaadaa haaraa miti jechuu dandeenya). S/Yakkaa kwt. 411(1-4) tti qofa kan qabu tures Labsiin lakk. 881/2007 ammoo kwt. 13(1-9) tti kan fooyya'eedha. Kwt. 13(5-9) tti kan jiran haaraa kan dabalaman jechuu dha. Labsichi Kwt. 13(6) 'hojjetaan mootummaa ykn jaarmiyaa uummataa sadarkaa aangoo ykn hojjetaa ta'uu isaatti gargaaramuun' nama beekuun irra hin jiraanneef itti yaaduun koodii ykn iccitii deemsa hojichaa akka beeku kan taasise ykn qulfii namni tokko qofti qabachuu qabu nama dhimmi

[21] . Any public servant

isaa hin ilaallannetti laachuudhaan qabeenyi mootummaa ykn jaarmiyaa uummataaa kka badu ykn hatamu kan taasise jechuun kan dabalee fi Kwt. 13(7) ammoo kwt.13(6) irra kan jiru 'dagannoodhaan ykn Negligently' yoo raawwatame adabbii hordofsiisu kaa'a. Kwt. 13(8) ammoo kwt. 6 irratti koodiin/qulfiin heeyyama ykn beekumsa isaan ala fudhatamuu yoo mirkanneesse malee akka beekaa qulficha kennetti ykn odeeffannoo/iccitii ifa taasisetti lakkaa'ama kan jedhuudha. Kunis tilmaama seeraan kan fudhatamee dha. Kwt. 13(9) Hojjetaan mootummaa ykn jaarmiyaa uummataa kan koodii ykn qulfii ibsametti sababa gargaaramef ykn fuudheef miidhaan yoo ga'e akkaataa dhimmichaatti adabbii kwt. 13(6) ykn (7) akka adabamuudha.

Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa faayidaa hojjetaa ta'uun argatuun ala dhuunfaadhaan ykn namoota biroo waliin jaarmiyaa hundeessaan irraa faayidaa waliinii qabaachuu danda'u. Sababa kanaan yeroo tokko tokko hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa yeroo walitti bu'iinsa faayidaa keessa galu jira. Mana hojii isaa fi jaarmiyaa inni faayidaa keessa qabu gidduuti waliigalteen bittaa, gurgurtaa, ykn waliti dhufeenyi kana fakkaatan uumamuu danda'u. Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa dhimmicha irrati murteessuudhaaf aangoo yoo qabaate faayidaa lama bakka bu'ee waan dhaabbatuuf faayidaa tokko kan biroo irra caalchisuu danda'a. Keessattuu dhimma dhuunfaadhaan faayidaa irraa argatuuf murteessuuf ni dirqama. Fakkeenyaaf, meeshaan jaarmiyaa dhuunfaa isaattii bitamu yoo jiraate bittaa kanaan dhabbatichi akka fayyadmuu gochuu danda'a. Haala kanaan faayidaan mootummaa kan miidhamu yoo ta'u, hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa faayidaa hin malle ni argata. Labsiin lakk. 881/2007 keewwati 13 illee Kwt. Seera yakkaa 411 bu'uuruma kanaan kan fooyyessee dha.
Kwt.13 kana keewwatoota biroo irraa wanti adda isa taasiisu, *gocha faayidaa mootummaa ykn uummataa miidhuu irratti xiyyeeffachuu isaati*. Keewwaticha akkuma jirutti soo fudhannee aangooti ykn Itti gaafatamummaatti fayyadamuun faayidaa mootummaa ykn uummataa irratti miidhaan gahuun qofti kutaan gochaa guutamee jechuun ni danda'ama. Hojjetaan mootummaan gocha kanaan faayidaa hin malle argachuun isaa yoo mirkannaa'e kutaan yaadaa ofii faayidaa hin malle argachuuf jedhu guutamuu isaa agarsiisa.*Gaaffiin kana waliin walqabate ka'uu malu gochi kan raawwatame faayidaa hin malle argachuuf osoo hin taane…faayidaa mootummaa ykn uummataa miidhuuf jedhamee yoo raawwatame hoo?*Hojjetaan mootummaa ta'e jedhee aangoo isaati fayadamuun mootummaa ykn uummata irrati miidhaa qaqqabsiisuuf hojjechuun isaa yoo mirkanna'ee yakka aangootti seera ala fayadamuu raawwateen gaafatamuu danda'a. Sababni isaas "…*nama biraa miidhuuf*

*yaaduudhaan…" aangootti ykn Itti gaafatamummaa seeraan ala fayyadamuun*nama gaafachiisu akka danda'u kw.9 jalatti tumamee jira.

Haa ta'uu malee, *ofii isaaf ykn isheef faayidaa osoo hin arganne ykn nama biraaf hin argamsiifne miidhaa gahe qofa ka'uumsa godhachuun aangootti ykn Itti gaafatamummaatti seeraan ala kan faayyadame miidhaa geesisuuf yaadeeti tilmaama jedhu fudhachuun waan uulfaatu fakkaata*. Kallattii kanaan,hojjetaan mootummaa yakkicha raawwachuun dura *hojimaata sirriiti akka beeku fi beekaa hojimaaticha cabsuu isaa; gocha kanaan miidhaan qaqqabu akka danda'u beekuu isaa*, mirkaneessuun yoo danda'ame yakkicha kan raawwate *miidhaa qaqqabsiisuuf yaadeeti* jedhamee akka gaafatamu taasiisuun rogummaa qaba.

*Gaaffiin walitti bu'iinsa faayidaa waliin wal qabatee ka'uu malu hojjetaan mootummaa faayidaa hin malle argachuu isaa akkamiin mirkaaneessuun danda'ama?*jedhudha. Fakkeenyaaf, obboleessi yookiin hiriyaan dhihoo hojjetaa mootummaa tokko caalbaasii irraatti sirnaan dorgomee mo'achuu danda'a. Tarreeffama fi ragaawwan iccitii caalbaasii moo'achuuf isa fayyadu waan argateef ta'uu danda'a. Caalbaasii kan mo'ate iccitii kana waan beekuuf kan jedhu mirkaneessuun nama rakkisa. Kanaafuu, faayidaa hin malle argachuu isaa mirkaneessuun akka nama rakkisuu tilmaamuun ni danda'ama. Haala kanan Waliti dhufeenya hojiitin fayidaan hin malle argame jiraachu mirkaneessuun baayy'ee rakkisaa waan ta'eef, karaa salphaan gochi akka hin raawwatamne ittisuudha. *Keewwanni 13(4) (A)* hojjetaan mootummaa ykn jaarmiyaa uummataa dhimma walittii bu'iinsa faayidaa irratti gonkumaa murteessuu akka hin qabne; yaada faayidaa argachuu qabaatus qabaachuu baatus dhimma walitti bu'iinsa faayidaa irrati murteessuu qofaan akka itti gaafatamu gochuun gocha kana ittisuuf jedhamee waan yaadame fakkaata. Waan kana ta'eef, hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa jaarmiyaa ofii fi firoon isaa faayidaa keessa qaban fi hojii raawwatu waliin wal qabatee walitti dhufeenya hojii (bittaa, gurgurtaa fi kkf) raawwachuun faayidaa argachuuf ykn argamsiisuuf yaaduu baatus ni adabsiisa.

Kwt. 13(4) (B) jalatti Kan tumame immoo yaada faayidaa argachuu ykn argamsiisuu osoo hin qabaanne seeraan ykn dambiidhaan dhorkamee osoo jiru maqaa isaatiin ykn nama biraatiif ykn nama biraa waliin qabeenya yoo bite ykn caalbaasii irratti dorgomee akka adabisiisu tumameera.

Gaaffilee Marii

1. Labsichi Kwt. 13 ‘namoota hojjetaa mootummaa hintaane irratti akkamiin raawwachiisuu dandeenyaa’?
2. Garaagarummaan yakka malaammaltummaa aangoo ykn itti gaafatamummaagar-malee fayyadamuu fi haala mijaawaa hin taaneen hojii mootummaa ykn jaarmiyaa hojii uummataa gaggeessuu maal akka ta’e tumaalee yakkoota kanneen hundeessan irratti hunda’uudhaan mari’adhaa!
3. Dhimma Mana Murtii Waliigalaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa tiin galmee lakk LG.92913 ta’e irratti ol’iyyannaan dhiyaate murtii argate irratti himatamtoonni itti gaafatamaa W/M/Baadiyya, I/G/Herreegaa MMD, I/G/W/ Wabii Nyaataa fi Qopha’ina Ittisa Balaa Aanaa ta’anii yommuu hojjetan Maallaqa gargaarsaa sagaantaa seeft. neetii uummataa wabii nyaatan of hin dandeenyeef ergame qarshii 465,821.11(kuma dhibba afurii fi hahatamii shanii fi dhibbasaddeeti fi digdamii tokk fi11/100) sagantaa kanaaf qofa akka oolu osoo beekamuu haala seera faayinaansii fi maanuwaalii sagantichaa ajaajuun ala bahii akka ta’u ajajuun, gariin isaanii ajajni kun seera ala ta’uu osoo beekanuu mirkanneessuun,herreega buusuun hojii saganticha waliin qunnamtii hin qabneef oolchanii jiru jedhamanii yakka malaammaltummaa hojii mootummaa haala hin taaneen gaggeesutiin himatamanii Manni Murtii Ol’aanaa Godina Harargee Lixaa keewwatuma ittiin himataman jalatti murtii balleessummaa murteessuun hidhaa cimaa waaggaa 4 fi qar. 5000 akka adabaman murteessee jira.

   Himatamtoonni murtii kenname komachuudhaan ol’iyyaannoo MMWO Dhaddacha Bahaatti ol’iyyannoo dhiyeefani keessatti *“…maallaqa sagantaa seefti-neetii faayidaa uummataaf oolchine malee… faayidaa dhuunfaaf keenyaaf hin oolfanne,murtii koree bulchiinsa Aanaa fi Godinaatiin qaboo yaa’ii qabameen qausumaaf akka oolu waan jedhameef akkaataa kanaan hojii irra oolchine…yakki raawwatame hin jiru murtiin M/Murtii jalaa nu irraa haa diigamu...”* jechuun gaafatanii jiru.

   Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaas “…Ol’iyyaattoonni baajata sagantaa wabii nyaataa fi seeftii neetii gara waajjira biraatti dabarsanii itti fayyadamuun ykn hojii irra oolchuun adeemsa hojii sirrii ta’uu isaa wanti mirkaneessan yoo jiraatuu baatees maallaqni Kun garuu hanga faayidaa uummataaf ooleetti murtiin balleessuummaa hin komachiisu jechuun … adabbii salphisuun hidhaa salphaa ji’a jahaan akka adabaman murteesseera”[22]

[22]KNFMO Vs Tsadaqaa Kabbadaa LGMMWO.92913(2000)

a) Komii Ol'iyyatootaa bu'uura labsii 881/2007 kwt 13 tiin madaalaa!
b) Murtii Mana murtii jalaa fi Mana murtii Waliigala Oromiyaa bu'uura labsii 881/2007 kwt 13 tiin Madaalaa!

4. Dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Bahaan Lakk. Galmee 44555 ta'e irratti murtii argate tokko irratti himatamaan hojii ijaarsaa % 10 irra jiru akka hojichi % 47 irra ga'etti fakkeessuun ragaa sobaa dhihaate irratti hunda'uun haala waliigaltee irra ta'een alatti qarshii 109, 678. 99 kaffaluun hojii mootummaa karaa hin malleen gaggeessuun qisaasasama maallaqa taasiisee jira jedhame adabamee jira. Manni MWO Dhaddachi Dhaabbii Lixaas galmee lakk 216827 murtii mana murtii jalaa cimsee jira. Dhaddachi Ijibbataa MMWO tiis galmee lak. 299229 ta'e irratti murtiin kenname dogogoora seeraa isa bu'uura hin qabu jechuun murtii jalaa akka cimu murteessee jira.[23]
    a) Gochi himatamaan ittiin himatamee adabame kwt 13 jalatti kufuu fi dhiisuu isaa madaalaa!
    b) Himatmaan adeemsa falmii keessatti seera yakka kwt 420 dirqama hojii bahuu dhabuun malee hojii mootummaa karaa hin malleen gaggeessuu hin qabu jechuun komii isaa keessatti kaasee ture. Komii himatamaa kana akkamitti ilaaltu?

2.3. Amantaa Hir'isuu; Sanada Sobaa Qopheessuu fi Gowwomsuu

A) Amantaa Hir'isuu Cimaa (Aggravated Breach of Trust)

Bu'uura labsii lakk.881/2007 kwt.35 tii amantaa hir'isuu cimaa seera yakkaa kwt.676 (1) jala ture haqameera. Labsiin kun kwt. 31 jalatti hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa kamiyyuu badhaadhina hin malle argachuuf ykn nama biraaf argamsiisuuf yaaduudhaan qabeenya mootummaa ykn jaarmiyaa uummataa taajajila murta'adhaaf imaanaadhaan itti kenname ykn maallaqa hunda ykn walakkaa faayidaa ofiif oolfate,nama biraaf oolche,fudhate,fudhachise,dhokse ykn tajaajila ofiif ykn nama biraaf oolche;ykn gocha kana fakkaatu kan raawwatu yoo ta'e yakki amantaa hiri'suu raawwatameera nama jechisiisa. Fakkeenyaaf, qabeenya imanaadhaan fudhate ykn qabaa maallaqa ta'uun maallaqa fudhate faayidaa dhuunfaatiif yoo oolfate yakki amantaa hiri'suu raawwatamee jira jechuun ni danda'ama. Bu'uura *labsii kana kwt.31 (3)(b tiin yakka amntaa hir'isuu cimaa raawwatamu isaa* mirkanneesssuuf Abbaan Alangaa (himataan) qabxiin mirkaneessuu qabu:

[23] Abbaa Alangaa KNFM Oromiyaa vs Obbo Ashaanaafii Asaffaa Galmee lakk Dhaddacha Ij. MMWO 299228

(1) Himatamaan mi'a ykn maallaqa caallaa imanaadhaan fudhachuu isaa;

(2) Himatamaan imanaadhaan kan fudhate deebisuuf ykn kaffaluu yoo hin dandeenye fi mi'icha tajaajila barbaachisuuf oolchuu isaa mirkaaneessuu yoo hin dandeenye ykn haala irra jiru agarsiisuu kan hin dandeenye ta'uu mirkaneessuun yoo danda'me yakkichi mirkanaa'era jechuudha.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimma tokko irratti himatamaan hojjetaa eegamsa mana barnoota ta'ee hojjechaa osoo jiru meeshaa waraanaa raasaasa shan waliin hoogganaa mana barumsichaa yeroo sanaa irraa gaafa 07/11/91 mallatteessee fudhatee ittiin hojjecha erga turee booda gaafa 16/10/2010 deebisee galii akka taasiisu yeroo gaafatamu didee faayidaa dhuunfaaf waan oolfateef yakka malaammaltummaa amantaa hir'isuu cimaa raawwateen labsii 881/2007 kwt 31(1) jalatti himatamee jira.

   Manni Murtii Ol'aanaa Godina Horroo GuduruuWallagaa dhimma kana erga ilaalee booda lakk galmee 24052 ta'e irratti ragaa A/alangaa dhagahuun keewwata ittiin himatame jalatti akka ofirraa ittisu ajajee ragaa ittisa erga dhagahee booda murtii balleessuummaa itti aanu kennee jira. Ragaan A/alangaa himatamaan meeshaa ittiin himatame nama birootti kennuu fi namichis dhoowwachuu haala ifa ta'een raganiiru. Kanaafuu, jecha ragummaa ragoota ittisaa kufaa gooonera; gochaa fi yeroon himatamaan ittiin himatame raawwate qabiyyee keewwata ittiin himatame kan guutu waan hin taaneef SY kwt 676 (2) (a) jalatti balleessaa jechuun murtessee jira.

   a) Himannaa A/alangaa bu'uura tumaa himannaan jalatti hunda'een madaalaa!
   b) Murtii balleessuummaa Manni Murtichaa kenne seera rogummaa qabu irratii hunda'uudhan madaalaa!

2. Abbaan Alangaa himatamaa Aanaa Sooddoo Daaccii Ganda Langaanoo keessatti milishaa gandaa ta'ee hojjetaa ture sababa hojiitiif meeshaa waraanaa kilaashii kaarataa tokko raasasa 20 of keessaa qabu qarshii 45,000 baasu Waajjira poolisitti galmaa'ee itti hidhame akka deebisu yoo gaafatamu kan gate ykn milqse ta'uu waan irra gahameef yakka amantaa cimaa raawwateen labsii 881/2007 kwt 31(1) jalatti himatee jira.

   Himatamaanis abukaatoo isaa waliin dhiyaatee gocha ittiin himatamee raawwaachuu fi dhiisuu gaafatameen meeshaa hidhadhee yoo deemu namoota hin beekamneen narraa fudhate jechuun waakkatee jira. Ragoonni abbaa alanagaa garuu kan gurgure ta'uu fi mana namaa itti gurguree jedhee akka agarsiisu qabatanii yoo deeman, namitichi himatamaan meeshaa bite jedhe miseensoota poolisii sakatta'iinsaaf deeman

keessaa nama tokko rasaasaan rukutee maddeesse himatamaa waliin kan miliqan ta'uu ragaaniiru. Himataman ragaa ittisaa akka dhiyyefatu mirgi isaa eegameef osoo hin dhiyyeeffatni hafee jira.

Manni Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa lakk. Galmee 49642 ta'e irratti Tumaan seeraa himannaan jalatti dhiyaate labsii 881/2007 kwt 31(1) hojjetaa mootummaa ykn hojjetaa dhaabbata uummata kan ilaallatuudha malee himatamaa waan hin ilaallaneef bu'uura SDFY kwt 113(2) tiin gara Sy kwt 675 tti jijjiiruun murtii sagalee guutuudhaan kennuun hidha cimaa waggaa 1 fi ji'a 6 adabee jira.

a) Himannaa Abbaa Alangaa akkamiitti ilaaltuu?
b) MMO Godina Shawaa Lixaa 'tumaan *seeraa himannaan jalatti dhiyaate labsii 881/2007 kwt 31(1) hojjetaa mootummaa ykn hojjetaa dhaabbata uummata kan ilaallatuudha malee himatamaa hin ilaallatu'* jedhu bu'uura seeraa ni qabaa? Maaliif?

B) Gocha Fudhachuu fi Miliqsuu Hojii Irrati Rawwatamu

Labsiin kun kan kanaan dura seera yakkaa kwt.413 jala ture irraa adabbii irratti malee gocha irratti fooyya'iinsa bu'uuraa hinqabu. Hojjetaan mootummaa kam iyyuu faayidaa argachuuf ykn argamsiisuuf yaaduudhaan sirna dhaalmaa,gurgurtaa caalbaasiin raawwatamu;seeraan dhaalaman ykn murtiin qabeenya irrati akka rawwatamu waan murta'eef (kwt15/1/a) ykn hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa hojii kana fakkaatan kam iyyuu yeroo hojjetamu meeshaalee , sandoota, sanadoota daddarboo *(securities)* fakkeenyaaf, cheekii, boondii; maallaqa callaa; mi'oota socho'an ykn dhumaatii yoo fudhate akka adabsiisu kwt.15(1)(b) irraa ni hubatama.Fakkeenyaaf mi'a kontiroobaandii qabame ykn mi'a ciraaf "egzibiitiidhaaf" jecha qabame faayidaa ofiif oolfachuuf yoo fudhate bu'uura tumaa kanaan gaafatamuu ni danda'a. Meeshaalee ykn sanadoota *(securities)* imanadhaan fudhatee ykn sababa hojiitiin harka isaa gale yoo awwaale haaluma walfakkaatuun kwt.15 xiqqaa (1) (B) jalatti kan gaafatamu ta'a.

Dhimma Marii

Abbaan Alangaa himatamtoota Waldaa Aksiyoona Liqii fi Qusannaa Buusaa Gonofa Damee Gimbii keessatti liqii fi qusannaa, fi galii sassaabaa ta'anii hojjetan lama gurmuu liqeeffatootaa 7 irraa nagahee paadii tokko baasii gochuun nagaheen kanneeniin walumaagalatti qarshii 205, 170 maqaa isaanitiin sassaabuun lakkoofsa jaarmayichaa irratti galii osoo qabanii amaanaa isaanitti kenname dagachuun maallaqa milqsaniiru jechuun labsii 881/2007 kwt 15(2) jalatti himannaa hundessee jira.

Manni Murtii Godina Wallaggaa Lixaa lakk galmee 39561 ta'e irratti ragaa Abbaa alangaa erga dhagahee booda himatamaa 2ffaa bu'uura SDFY kwt 141 tiin bilisa gaggeesseera. Himatamaa 1ffaa immoo ragaa ittisa dhiheefate waan ofirraa hin ittisfneef keewwatuma himannaan jalatti dhiyaate jalatti balleessaa taasiisuun hidhaa cimaa waggaa 5 fi ji'a 6 fi adabbii maallaqa qarshii 5,000 akka adabamu murteessee jira.

a) Garaagarummaa yakka gocha fudhachuu fi milqisuu hojii irratti raawwatamuu fi amantaa hir'isuu cimaa gidduu jiru tumaalee yakka kana hundeessan irratti hundaa'uudhaan bittineessaa irratti mari'adhaa!
b) Himannaa Abbaa alangaa qabiyyee kwt 15 (2) gutuu fi dhiisuu isaa madaalaa!
c) Murtii Manni murtii Himatamaa 1ffaa irratti laate keewwata dhimmichaa rogummaa qabu irratti hunda'uun madaalaa!

C) Mi'a Imananaan Namatti Kenname Irrati Haala Hin Taanen Ajajuu

Seera Yakkaa kwt.412 'Seeraan Ala Mi'a Imaanaan Itti Kenname Irratti Ajajuu' jedhu, Labsicha kwt. 14 tiin bakka kan bu'eedha. Labsiin kun kwt itti dabalee fi tumaa keewwaticha fooyyesses qaba. Haa ta'u malee, kwt.14 (1) hiikki amariffaa isaa hojjetaa mootummaa qofa yoo jedhu hiikki ingiliffaa immoo hojjetaa mootummaa ykn hojjetaa jaarmiyaa uummataa jedha. Kan Amariffaa dogooggora fakkaata.

Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummataa kam iyyuu seerri osoo hin hayyamiiniif qabeenya dhuunfaa taasiisuuf osoo hin yaadin inviiloopii saamsame,sanada,(securities) fudhaate ykn imaanadhaan ykn mi'a saamsamee itti kenname yoo bane,bansiise, fudhate ykn fudhachiise ykn dubbii ifa baase ykn mi'icha dabarsee yoo kenne adabamuu akka danda'u kwt.xiqqaa 14 (a) fi (b) jalati tumameera.

Hojjetaan mootummaa ykn hojjetaan jaarmiyaa uummata gocha akkanaa kan raawwate faayidaa argachuuf yaaduudhan ta'uu baatus gochi mataan isaa yakka waan ta'eef ni adabsiisa jechuudha.Kana waan ta'eef, gochi raawwatamuun isaa yoo mirkannaa'ee yakki raawwatamuun isaa mirkaanna'ee jechuudha.Himatamaan gocha kan raawwate of fayyaduuf akka hin taane mirkaneessuu illee adabamuun isaa hin oolu.

D) Sanadoota Sobaa Qopheessuu Yookiin Gara Sobaatti jijjiruu Sanada Sobaatti Gargaaramuu

Labsiin 881/2007 seera yakkaa kwt.375 fi 378 walitti qindeessuun kwt.23 jalatti tumeera.Malaammaltummaan karaa ittiin raawwatamu keessaa tokko sanada sobaa qopheessuu;ragaa sobaatti fayaadamuudhaan faayidaa hin malle argachuu ykn gochoota mirgoota ykn faayidaa namoota biroo irratti miidhaa geesiisuudhaan ta'uu danda'a.Yakki

sanada sobaa qopheessuu nama kamiin iyyuu raawwatamuu akka danda'u kw.23 irraa ni hubatama.Yakki sanada sobaa qopheessuu ykn sanda gara sobaatti jijjiruu sanada irratti *(material forgery),*sanadni yommuu qopha'uu qabxii sobaa itti galchuun *(intangible forgery)* fi sanda sobaatti kallattiin itti fayyadamuudhaan raawwatamuu akka danda'uu tumaa 23 irraa ni hubatama.

Gochi sananda sobaa qopheessuu malaammaltummaa kan ta'u ulaagaaleen kw 23 jalatti tareeffaman yoo guutamaniidha.Keewwanni 23 akka tumuutti yakki sanada sobaa qopheessuu sanada galmee mootummaatiin beekamu ykn faayidaa uummataa ilaaltu,sanada galmee mootummaa irratti galmeeffamu ykn dhaamoo du'aan barreesse,sanada jaarmiyaa ykn hojii ykn dhimma Humna Waraana Biyyaa ilaallatu irratti yoo raawwatame malaamaltummaa akka ta'udha. Yakka kana kan raawwate hojeetaa mootummaa galmeewwaan, barreeffamoota, sanadoota beekaman ykn sanadoota biroo akka qopheessuu, galmeessuu, eeguu ykn koopii akka kennu itti gaafatamummaan itti kennameen yoo ta'e gocha yakka malaamaltummaa akka ta'u ni hubatama.

Dhimma Marii 1ffaa

Abbaan Alangaa Mana Hojii Aanaa Geeraa himannaa dhiyeessseen himatamaan ibsa tarreeffama murtii Mana Murtii Federalaa dhaddacha ijibbaaataa irraa hir'isuun qabeenya ajaja dhorkaa akka isaaf murtaa'e fakkeessuun waajjiira mootummaa dogoggorsiisee itti gaafatamummaa itti fiduu fi badhaadhina hin malleef argachuuf yakka sanada sobaa uumuu fi sobatti jijjiiruu raawwateera jechuun SY kwt 375 (c) (d) jalatti himannaa hundeessee jira. M/Murtii aanaa Geeraa ragaa lakk. Galmee 054335 ta'e irratti ragaa abbaa A/alangaa erga dhagahee booda himatamaan itti yaadee murtii MMWF dhaaddachi ijibaaataa kenname jijjiiruun sanda sobaa uumuu fi sanda sobaa jijjiiruun yakka soba qabatamaan raawwachuusaaA/Alangaa hin mirkaneesine jechuun himatmaa bu'uura SDFY kwt 141 tiin bilisa gaggeessee jira. Abbaa Alangaa jala murtii kana komachuu ol'iyyannoo Manni Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaati kan dhiyyeessee yoo ta'u Manni Murtii kunis galmee ol'iyaannoo lakk. 47988 ta'e murtii mana murtii jalaa cimsee jira.

a) Murtiin ykn ajajni manni murtii falmii dhimma hariiroo hawaasa namoota dhuunfaa giddutti taasifamu irratti kennu sanda mootummaattimoo sanda dhuunfatii? Maaliif?
b) Falmii dhimma hariiroo hawaasa namoota dhuunfaa jiddutti taasifamu ilaalchisee Himannaanyakkaa Murtii ykn ajaja Manni Murtii kenne gara sobaatti jijjiiruu ykn

sanda sobaa ummuu S/Y kwt 375 (c) (d) jalatti moo labsii 881/2009 kwt 23 jalatti hundeeffamuu qabaa jettu? Maaliiif?

Dhimma Marii 2ffaa

Ragaa barnoota dhaabbilee barnoota dhuunfaa irraa akka kennameefi fakkeessuun mana hojii mootummaatti dhiyyeessuun dorgomuun hojii ittiin qacaramuun miindaa nyaachuun ykn gita hojii biratti ittiin dorgomuun yakka malaammaltummaa sanada sobaatti fayyadamuun faayidaa hin malle argachuun labsii 881/2007 kwt 23(3) jalatti nama ni gaafachiisaa ? Maaliif?[24]

Dhimma Marii 3ffaa

Manni Murtii Ol'aanaa Godina Wallaggaa Bahaa Lakk.Galmee 53408 ta'e irrati himatamaa osoo hin baratiin baradheera jechuun ragaa sobaa gosa barnoota akkaawuntingiin digiriin Yunivarsiitii Riift Vaalii irraa eebbifameera jechuun dhiyyeefate sadarkaa guddinaa fi dabalataa miindaa ittiin argacha ture tokko murtii itti aanu kennee jira.*'' labsiin 881/2007 kwt.32(2) waa'ee ragaalee barreeffama sobaa qopheessuu fi itti fayydamuu kan walqabatuu fi kan dhaabbilee mootummaas ta'ee dhaabbilee dhuunfaa kan ilaalatu ta'uus ragaa barreeffaman walqabatee haala waliigalaatiin kan tumame yoo ta'u, tumaa seeraa kana caalaa tumaan seera yakkaa kwt 385 jalatti kan tumame ragaa barumsaan wlaqabatee addatti rogummaa kan qabuu fi labsii 881/2007 kwt 35 tiin illee kan hin haqamne waan ta'eef, akkaataa qajeeltoo hiikkoo seeraatiin seeroota waa'ee waliigalaa isaanii irra seeroonni addatti waa'ee gochichaa ibsanii tumaman fi kanneen himatamaa caalmaatti gargaaruu danda'ani fudhatama qaba. Bu'uuruma kanaa labsii 881/2007 kwt 23(2) jalaa akka SDFY kwt 113/2 tiin jijjiirun himatamaan kwt 385(1-B) jalatti akka of irraa ittisuu ajajeera*.

Itti fufuun Manni Murtichaa ragaa ittisaa erga dhagahee booda Sy kwt 385 jalatti himatamaa balleessaa taasiisuun hidhaa salphaa ji'a sadiin akka adabamu sagalee guutuun adabbii laateera.

Bifuma walfakkatuun, Manni Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Bahaa lakk Galmee 53401 ta'e irratti himatamaa Waajjira Puulii Bulchiinsa Aanaa… gita hojii waardiyaa fi hojjetaa biqiltuu ta'ee hojjetu osoo hin baratin baradheera jechuun ragaa sobaa gosa barnoota

[24] Abbaa Alangaa Naannoo Vs Asfaaw Sanbatoo Qinaaxii Lakk . galmee MMWO dhaddacha Lixaa 220772

Ikonomiksii sadarkaa digirii yunivarsiitii Riift Vaalii irraa eebbifamee jira jechuun galmee dhuufatti qabsiifachuun guddina sadarkaa gita hojii raawwata bulchiinsa qabeenyaa ramadamuun miindaa dabalataa argacha ture irratti murtii kennee jira. Manni murtii Kunis jala murtii isaa keessatti '' *A/Alangaa labsii 881/2007 kwt 23(3) himata haa dhiyeessan malee keewwani kun kan agarsiisu waraqaa ragaa kan mootummaa kan uummataa ta'e yoo jijjiiran ykn sobaan yoo itti fayyadaman kan jedhu yoo ta'u, qabiyyeen himata dhiyaate garuu ragaa baruumsaa sobaa kan dhaabbata dhuunfaati ykn kan uummataatti jechuun kan hin danda'amneef kan dhuunfaa waan ta'eef caalaattis akkaataa himata dhiyaateen yakka malaammaltummaan walhin qabatu; namni dhuunfaa tokko ragaa sobaati fayyadamuun kan ilaalamudha; ragaan abbaa alangaa barreeffaan dhiyaate himatamaan dhaabbata sana keessatti* ***kan hin baranne ta'uu isaa*** *kan ibsan malee dhaabbani sunis falmii keessatti hin jiru jechuun bu'uura SDFY kwt 113(2) tiin kwt 23(3) gara Sy kwt 385(1)(B) ti jijjiiruun akka ofirra itti ajajeera*.'' M/murtii kunis himatamanis ofirra waan hin ittisineef keewwatuma kana jalatti balleessaa taasiisuun hidhaa salphaa ji'a 5 akka adabamu yaada garaagarummaa hin qabneen murteessee jira.

a) Ragaa barnoota sobaa Manneen barnoota dhunfaa irraa akka argame fakkeessuun mana hojii mootummati dhiyeessuun sadarkaa guddinaa fi miindaa dabalataa ittiin argachuun yakka malaammaltummaa ragaa sobaatti fayyadamuu ta'a moo bu'uura SY kwt 385 tiin yakka idilee ta'a jettuu? Maaliif?
b) Himannaa Abbaa Alangaa hundeesse akkamitti ilaaltuu?
c) Murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Wallaggaa Bahaa bu'uura seeraa ni qabaa? Maaliif?

E) Sanda Mootummaa ykn Jaarmiyaa Uummataa Balleessuu Ykn Miidhaa Irraan gahuu

Yakki sanadoota mootummaa ykn sanadoota Raayyaa Waraanaa balleessuu ykn miidhaa irraan gahuu jedhamee seera yakkaa RDFI kwt.381 jalatti tumamee ture. Haa ta'u malee, gochi kun yakka malaammaltummaa ta'u illee yakka malaammaltummaa jedhamee hin tumamne. Mootummaa kan jedhu Raayyaa Ittisa biyyaa fi Poolisii waan hammatuuf sanada mootummaa balleessuu ykn miidhaa irraan gahuu jedhamee fooyya'ee jira. Dabalataan, sanadoota jaarmiyaalee uummataa balleessuun ykn miidhaa irraan gahuun yakka malaammaltummaa ta'ee, labsii 881/2007 kwt.24 (1-4) jalatti tumamee jira. Waan kana ta'eef, seerri yakka kwt 381 labsii 881/2007 kwt.35n haqamee jira.

Kwt 24 (1-4) irraa akka hubatamutti yakki kun nama kamiin iyyuu ykn hojjetaa mootummaatiin ykn hojjetaa jaarmiyaa uummatatiin raawwatamuu ni danda'a. Kana malees, yakki kun itti yaadamee ykn daagannoon raawwatamuu ni danda'a. Yakkichi nama kamiin iyyuu kan raawwatame yoo ta'e hidhaa cimaa waggaa 3 hanga 10 fi adabbii maallaqaa 10,000 hanga 70.00ti adabsiisa. Yakkichi nama itti gaafatamummaan kennameefin kan raawwatame yoo ta'e ammoo hidhaa cimaa waggaa 7 hanga 20 fi adabbii maallaqaa kuma 25, 000 hanga 100,000ti adabsiisa. Kanaafuu, adabbiin namoota kanneen irratti murtaa'u garaagarummaa qaba. Kunis, labsichi gahee raawwatoota yakkicha irratti hunda'uudhaan adabbii tumuusaa agarsiisa.

Dhimma Marii

Abbaan Alangaa Go/Ho/Guduruu Wallaggaa himata himatamaa Daayreektara mana barnoota sadarkaa 2ffaa ta'e tokko irratti dhiyeesseen himatamaan sababa hojiitiif sanada mana baruumsichaa roosterii baratootaa kutaa 9ffaa bara 2010 daree A-J ti jiran harka isaa turee gateera jechuun yakka sanada mootummaa roosteerii qabxii baratoota gatuu raawwateen labsii 881/2007 kwt 24(1) jalatti himannaa hundessee jira.

Manni Murtii Ol'aana Horroo Guduruu Wallaggaa bitaaf mirga erga falmsiisee booda galmee lakk. 25054 ta'e irratti kewwatuma himatamaan ittiin himatame jalatti balleessaa tasiisuun hidhaa cimaa waggaa 4 fi ji'a 6 fi qarshii 10,000 akka adabamu murteessee jira.

a) Himatamaan *'himannaa fi murtiin kenname kwt 24(1) waliin kan walsimu miti. Itti yaade faayidaa argachuuf ykn nama biraatiif argamsiisuuf ykn miidhaa geesiisuuf kan gate ta'uu ragaan mirakeessee hin jiru; ragaan abbaa alangaa roostariin kutaa daayirektaraa fudhatmuusaa malee ani gatuu koo hin ibsine'* jechuun komii oliyyannoo dhiyeeffatee jira.[25] Komii himatamaa kana tumaa labsii 881/2007 rogummaa qabu fi bu'uura kwt 24(1) tiin madaalaa!
b) Himannaa Abbaa Alangaa fi murtii balleessummaa Manni Murtii Ol'aana Horroo Guduruu Wallaggaa bu'uura kwt 24 (1) tiin madaalaa!

[25] Irranaa Tolasaa Vs Abbaa Alangaa Naannoo ; Lakk Galmee MMWO dhaddacha Lixaa 221234

F) Karaa Seera Ala Ta’een Galii Sassaabuu ykn mi’a deebisuu ykn kaffaltii kaffaluu

Yakki kun Seera yakkaa duraanii keessatti yakka hojjetaan jaarmiyaa Mootummaa ykn Uummataa keessa hojjetu fayyaalummaa fi amanamummaa isarraa eegamu hir’isuun qabeenya mootummaa ykn uummataa irratti yakka malaamaltummaa raawwatu jalatti ramadama. Haa ta’u malee, Labsii Yakka Malaamaltummaa tumuuf bahe keessatti qoodamiinsi kun hin jiru. Barbaachisummaan qoodamiinsa kanaas yakkoonni hojjetaan mootummaa hojiirratti raawwatan hundi yakka malaamaltummaa akka hin taane argisiisuu fi yakka Malaamaltummaa kutaa tokko jalatti tarreessuun dhimmichi bifa salphaan akka hubatamu taasisuudha. Garuu labsii Haarawa jalatti Yakki Malaamaltummaa Labsii of danda’een addatti waan tumameef kunumti gahaadha jedhamee waan amanamuuf qoodamiinsi kun kan hafe fakkaata.

Yakka kanaan walqabatee garaa garummaan Seera Yakka kwt.415 fi labsii lakk.881/2007 kwt.17 jidduutti garaa garummaan bal’aan hin mul’atu.Labsii lakk.881/2007 kwt. 17/1/a/ jalatti : hojjetaan mootummaa ykn jaarmiyaa uummataa kam iyyuu faayidaa isaaf hin malle argachuuf yaaduudhaan ashuura, gibira, galii adda addaa ykn faayidaa galii adda addaa kan akka mindaa, beenyaa ykn baasii biroo kaffalamuu hin qabne ykn taarifa seeraan murtaa’ee ol ta’uu osoo beekuu yoo sassaabe ykn akka sassaabamu ajaje akkuma haala isaatti hidhaa hanga waggaa 10 fi qr.hanga kuma 30 gahuun adabamuu danda’a.

Kwt. 17 (1) (b) Hojjetaan Mootummaa ykn jaarmiyaa uummataa mi’a ykn kaffaltii yommuu deebisu ykn kaffalu hanga deebisuu irraa eeggamu irra hir’isee yoo deebise ykn kaffale haaluma wal fakkaatuun ni adabama.

Toora kanatti dhimmoonni fooyya’an daangaan raawwii isaatii akkuma olitti ibsame Hojjetaan Waajjira Mootummaa fi jaarmiyaa Misoomaa Mootummaa qofarratti kan daanga’e utuu hin taane hojjetaa jaarmiyaa Uummataas akka hammatu taasifameera. Akkasumas kaffaltiin adabbii maallaqaa irratti jijjiiramni taasifameera. Adabbiin maallaqaa ida’amee jira. Kun immoo adabbii murtaa’u akka cimu taasisa. Kunis namni yakka olitti tarreeffame yoo raawwatu adabbii hidhaa salphaan kan adabamu yoo ta’e dabalataan kan adabbii Maallaqaa hin qabne amma dabalataan adabbii maallaqaa hanga qarshii kuma sadiitti akka adabamu taasifameera. Adabbii hidhaa cimaan kan adabamu yoo ta’e dabalataan adabbiin maallaqaa hanga qarshii kuma soddomaatti ol guddatee jira. Akkasumas kwt.17/2/ fi /3/ jalattis adabbiin maallaqaa dabalataan murtaa’u jijjiirameera. Fakkeenyaaf, hojjetaan Mootummaa tokko nagahee haadhoo (Orijinaala) tajaajilamaaf kennu irratti maallaqa tajaajilamaa irraa fuudhee

galmeessuu fi nagahee mootummaaf hafu irratti maallaqa tajaajilamaan kaffalee gad galmeessuun garaagarummaa ofiif yoo fudhate bu'uura tumaa kanaan ni gaafatama.

Seera Yakkaa kwt.415/3/ jalatti yakkichi haallan olitti ibsamaniin kan raawwatame yoo ta'e ….jechuun haala iftoomina hin qabneen tumee ture. Yaa ta'u malee Labsii lakk.881/2007 kwt.17/3/ jalatti sababootni olitti (kwt.17/2) tarreeffaman bifa daddabalamaan yoo raawwataman (concurrently) jechuun dhimmichi iftoomina akka qabaatu taasiseera.

Gaaffilee Marii

1. Hojjetaa Mootummaa kaffaltiin hin malle ykn hanga murtaa'e ol akka funaanamu ajaje akka itti gaafatamu labsii lakk.881/2007 kwt.17/1/ jalatti tumameera. Hojjetaan ajaja fudhatee sassaabe itti gaafatamaa?
2. Kaffaltii hin malle ykn hanga murtaa'e ol sassaabuu qofti ni gaafachiisaa? Kutaan gochaa hanga raawwatametti kutaan yaadaa tilmaama akka fudhatamu Labsii lakk.881/2007 kwt.3 jalatti ibsameera. Hojjetaan kun hanga murtaa'ee ol sassaabuun yoo Mootummaaf galii godhee hoo? Qaama olaanaa isa ajajeetti yoo kenne hoo?
3. Tumaan kun dhimmoota hangi kaffaltii isaanii ykn tilmaama qabeenyaa danbiin ykn qajelfamaan ifatti hin murtoofnerratti raawwii qabaa? Ogeessi Maandisaa mana jireenyaa tilmaamee kaffaltiin beenyaa akka kaffalamu taasise haalli itti tumaa kanaan gaafatamu ni jiraa?
4. Himatamaa tokko itti gaafatamaa dhaabbata barnootaa aanaa ta'ee miindaan ji'a kaffalameefii osoo jiru xalayaa sobaa barreessuun chaappaaa waajjira paartii dimokiratawaa uummata Oromootiin baasii gochuun gara mana maxxansaatti geessuun chaappaa Waajjira Maallaqa fi Wal-Ta'iinsa Diingadee Aanaa fi tiitaroota hooggantoota waajjirichaa akka maxxafamuuf gaafachuun maxxansiisuun booda peeroolii sobaa qopheessuun xalayaa sobaa miindaan haa kaffalamuuf jedhu baankii daldala Itiyoophiyaatiif barreessuun miindaan ji'a sadaasaa baajjata dhimma kominikeeshinii mootummaa aanaa .. irraa gara lakkoofsa akkaawuntii isaatti akka galu taasiiisuun yakka faayidaa seeraan ala sassaabuun labsii 881/2007 kwt 17 (2) jalatti himatamee jira.

   Dabalataan, himatamaan kun ijoo himannaa olitti tareeffame kanaan yakka sanadoota mootummaa fakkeessuun hojjechuun fi mallattoo hooggantoota fakkeessee mallateessuun faayidaa hin malle argachuun labsii 881/2007 kwt 23(1)(a)(b) jalatti himatamee jira.

Akkasumas himatamaan seera yakka kwt 363(1(a) jalatti yakka chaappaa fakkeeffame hojjetame tajaajilameef himatameera.

Dhimmi kun Mana Murtii Ol'aanaa Godina Illuu Abbaa Booraa tiif kan dhiyaate yoo ta'u, M/murtii kun lakk galmee 29805 ta'e irratti dhimma kana erga ilaalee booda himannaa Sy kwt 363(1)(a) jalatti hundeeffame bu'uura Sy kwt 61(1) tiin kufaa erga godhee booda akkatuma ragaan abbaa alangaa mirkaneesseen himatamaa labsii lakk 881/2007 kwt 17(2) fi 23 (1)(a)b) jalatti balleessaa taasiisuun hidhaa cimaa waggaa 14 fi qarshii 5,000 akka adabamu sagalee guutuun murteessee jira.

a) Ijoo Himannaa Abbaa alangaa tumaalee ittiin himatan jalatti kufuu fi dhiisuu isaanii Madaalaa!
b) Murtii balleessuummaa Manni Murtii Ol'aanaa G/I/A/B kennee akkamitti ilaaltu?

G) Gowwomsuu Cimaa

Hojjetaan Mootummaa ykn jaarmiyaa uummataa badhaadhina isaaf hin mallee ofiif argachuuf ykn nama biraatiif argamsiisuuf yaaduudhaan wantoota dogoggorsiisa ta'an dubbachuudhaan; ykn haala ykn eenyummaa ofii dhoksuudhaan; ykn wanta ifa gochuu qabu dhoksuudhaan; ykn dogoggora tilmaama ykn amantaa nama biraa fayyadamuudhaan gocha seerri dhorku raawwachuun ykn kan seerri ajaju raawwachuu dhiisuun nama biraa gowwomsuun faayidaa isaa ykn nama sadaffaa akka miidhu yoo taasise yakka gowwomsuu cimaan akka raawwatamu labsii 881/2007 kwt.32 jalatti tumeera. Tumaan kun Kan Seera Yakkaa kwt.696 jalatti tumameen kan wal fakkaatuudha. Garuu akkuma seensa labsichaa irratti ibsame dhimmicha caalaatti ifa gochuun labsichi tumameera. Kunis namoota yakka kanaan gaafatamuu danda'an kan seerri yakka tumaa birootti ergu tumaa tokko jalatti tarreessera.

Labsiin lakk.881/2007 kwt.36 jalatti tumaan Seera Yakkaa kwt.696 dhimma Malaamaltummaaf raawwatiinsa akka hin qabne ibseera.Dubbii kana kwt.35 waliin walitti fiduun yoo ilaalle caalaatti ifa ta'a.Kwt.35 jalatti tumaaleen seera yakkaa dhimma malaamaltummaa tuman hedduun isaa haqamaniiru.Garuu kwt.696 hin haqamne, dhimma malaamaltummaa qofaaf raawwii hin qabu jechuudha. Kanaafuu tumaan kun yakkoota hiikkoo labsicha kwt.4/2/ jalatti ibsamaniin hin hammatamne irratti raawwii qaba jechuudha

Gocha gowwoomsuu gocha sanada sobaa qopheessuu irraa adda kan taasisu *barreeffaman osoo hin taane, dubbiidhaan, mallattoodhaan fi kkf* dogoggorsuudhaan ykn waliin dhahuudhan gocha raawwatamu ta'uu isaati. Gochi Gowwomsuu sanada sobaatti

gargaaramudhaan kan raawwatamu yoo ta'e yakki kun yakka sanada sobaa qopheessuu walqabatee ilaalama (kwt.23) garuu haala himannaa isaan walqabatee seerri yakkaa kwt.699 jalatti tumaalee waa'ee sanada sobaa ilaalchisee rogummaa qaban caqasuun yakka dachaan himannaa hundeessuun akka danda'amu ibsa. Labsii lakk.881/2007 walqabatee Seerri Yakkaa kwt.699 rogummaa qabaachuun ifatti hin tumamne. Dhimma kana tumaalee Seera Yakkaa kan waliigalaa waa'ee daddabalamaa tuman waliin walitti fiduun ilaaluun fala ta'a. Dhimma kanarrattis leenjifamtoonni marii ni taasisu.

Gaaffilee Marii

1. Kan seera yakkaa kwt. 696/b/ jala jiru yakka gowwomsaa afeerraa gurgurtaa sheerii aksiyoonaa hawaasaaf taasifamu, gurgurtaaa sheerii abbootii qabeenyaan taasifamu, boondii, sanadoota idaa ibsani fi sanadoota wabii irratti raawwataman kwt.32 jalatti hammatamaniiru?
2. Labsiin lakk.881/2007 kwt.32/3/ jalatti Yakki gowwomsaa cimaa Bulchiinsa Uummataa ykn tajaajila hawaasaarratti raawwatame yoo ta'e kwt.32 jalatti akka itti gaafatamu tumeera. Bulchiinsa Uummataa ykn Tajaajila hawaasaa jedhamuun kanneen ibsaman eenyu fa'adha. Tarreeffama isaaniirratti mar'adhaa.
3. Yakki gowwomsuu sanadaan kan raawwate yoo ta'e tumaalee rogummaa qaban jalatti daddabalaam kan adabsiisu ta'uu Seera Yakkaa kwt.699 jalatti tumamee jira. Tumaan seera yakkaa labsii lakk.881/2007 waliin yoo ilaalamu akkamiin hojiirra oola. Mari'adhaa.
4. Abbaan Alangaa Naannoo hojjetaa eegumsaa fi nageenyaa Yunivarsiitii Wallaggaa ta'e tokko irratti himannaa yakka malaammltummaa gowwoomsaa cimaa sagal hundeessuun MMWO Dhaddacha Dhaabbii Lixaatti galmee saaqee jira. Himatamaan hojjetaa eegumsaa fi nageenyaa Yuunivarsitichaa ta'ee osoo jiruu hojjetaa bulchiinsa humnaa namaa ta'uusaa ibsuun, gahee hojii fi eenyummaa isaa dhoksuun, Yuunivarsiticha keessa bakki hojii bal'aan kan jiru ta'uusaa akkasumas gita hojii adda addaa irratti kan qacaraman ta'uu ibsuun namoota 17 irraa ragaa barnoota, footoo fi qarshii irraa waan fudhateef yakka gowwoomsaa cimaa raawwachuun faayidaa dhuunfaaf oolfatee jira jechuun labsii 881/2007 kwt 32(1) jalatti himannaa hundeessee jira.[26] Himannaan A/Alangaa ulaagaa kwt 32 jalatti tarraa'e jiru guutuu fi dhiisuusaa bu'uura labsii 881/2007 kwt 32 (1) tiin madaalaa!

[26] Himannaa Abbaa Alangaa Naannoo, Galmee Lakk. A/A 00681, 13/04/2012

2.4 Qabeenya Gatii Baasu Kaffaltii Malee ykn kaffaltii madaalawaa malee Fudhachuu

Dhimmi kun seera yakkaa kwt.417 jalatti tumamee ture. Tumaalee labsii kanaan haqaman keessaa tokko kwt.417 akka ta'e labsii lakk.881/2007 kwt.35 jalatti tumameera. Yakki kunis labsii lakk.881/2007 kwt.19 jalatti tumameera.Tumaalee laman yoo wal bira qabuun ilaallu garaa garummana bal'aan hin mul'atu. Garaa garummaan jiru labsiin haaraa daangaa raawwii yakkichaa hojjetaa mootummaa fi jaarmiyaa uummataa irratti akka raawwatu taasisu fi kaffaltiin adabbii maallaqaa dabalataan akka murtaa'u taasisuudha.

Hojjetaan Mootummaa ykn jaarmiyaa uummataa sababa gahaa osoo hin qabaanne kaffaltii malee ykn kaffaltii gahaa malee wanta gatii baasu kam iyyuu yoo fudhate ni adabama. Bu'uura kanaan kan gaafatamu:

1) Wanta gatii baasu fudhachuun isaa yoo mirkanaa'e
2) Kan fudhate osoo homaa hin kaffalin ykn kaffaltii wal-hin gitne kan kaffale ta'uu yoo mirkanaa'e fi
3) Wanta gatii baasu maaliif kaffaltii malee akka fudhate yoo gaafatamu fudhachuu isaatiif sababa rogummaa qabu dhiheessuu yoo hin dandeenye dha.

Gaaffiiwwan tumaalee kana waliin wal-qabatanii ka'uu malan:

1) *Kaffaltii wal hin gitne jechuun maal jechuudha?* Hanga kaffaltii gatii wanta tokkoo adda baasuun salphaa miti. Sababni isaas gatiin sadarkaa qajeeltotti gabaan waan murtaa'uuf yeroo gara yerootti ni jijjiirama, gatii gabaa illee hubachuun salphaa miti. Yaa ta'u malee itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisuuf garaa garummaan ifatti mul'atu jiraachuun dirqama. Fkn.Mana Jireenyaa Abbaa darbii tokko qarshii kuma kudhaniin bituu.
2) Bu'uura keewwata kanaan kan adabsiisuu wanta gatii baasu kaffaltii malee kan fudhate sababa gahaa otoo hin qabaanne yoo ta'eedha. *Sababa gahaa hin qabu kan jedhamu haala kamiin? Kanaaf ka'uumsa Kan ta'u sababni gahaa Kan ta'uu danda'u maal?* Kan jedhu ilaaluun barbaachisaadha.

a) Kwt.19 (3) "*Akkaataa aadaa ykn barmaata biyyaa ykn naannootiin akka kennaa michuuf kennamutti ilaalamu fudhachuu ykn firoota dhiigaa fi fuudhaa heeruma ykn michuu dhihoo irraa kennaa argachuun yakka keewwata kanan ilaalame hin hundeessu"* jedha. Waan kana ta'eef, himatamaan kennaan fudhate barmaata biyyaatiin ykn naannoonni akka kennaa michuuf kennamuutti kan lakka'amu ta'uu yoo mirkaneesse ykn kennaa firoota dhiigaa ykn fuudhaa fi heeruma ykn michuu

dhihootiin kennameef ta'uu mirkaneessuu yoo danda'e sababa rogummaa qabu godhamee fudhatamuu danda'a. Fira dhiigaa dhihoo ykn fuudhaa fi heerumaa ta'uun kennaa kennuuf akka sababa gahaatti ilaalamuun isaa rogummaa qaba.

b) Himatamaan hojii gaarii waan hojjeteef badhaasa seeraan hayyamame yoo argate akka sababa rogummaa qabutti fudhachuun ni danda'ama.

Gama biraan namni *kennaa kennees haalli itti gaafatamu kwt.26 jalatti tumameera. Hojjetaa Mootummaa ykn jaarmiyaa uummataa ykn isa waliin nama hidhata qabu kan biroof kaffaltii malee ykn kaffaltii madaalawaa* malee sababa gahaa utuu hin qabaatiin qabeenya gatii qabu kennuun ni adabsiisa.Haaluma walfakkaatuun kwt.26/2/ jalatti sababa gahaa jechuun *Akkaataa aadaa ykn barmaata biyyaa ykn naannootiin akka kennaa michuuf kennamutti ilaalamu fudhachuu ykn firoota dhiigaa fi fuudhaa heeruma ykn michuu dhihoo irraa kennaa kennamu ta'uu tumeera. Seera Yakkaa kwt.428 jalatti namni badhaasa hin malle hojjetaa mootummaaf kenne akka adabamau tumameera. Tumaan kun Labsii lakk.881/2007 kwt.26 jalatti ilaalameera.*

Keewwata 19(2) keessatti *"qabeenya, faayinaasii, ykn kennaa fudhachuu galmeesisuun dirqama akka ta'e seeraan ykn dambiidhaan yoo tumame beeksiisuu ykn galmeesisuu dhiisuun ni adabsiisa"* jechuun tumameera. Hojjetaan mootummaa qabeenyaa ykn kennaa galmeesisuun seeraan akka dirqamaatti yoo ka'ame sababa kennaa itti fudhate mirkaneessuu akka irra eeggamu waan beekuuf kana mirkaneessuu yoo baate yakkaan kan gaafatamu ta'uu waan beekuuf kennaa fudhachuu irraa of qusata.Waan kana ta'eef, keewwani kun kwt.19 (1) jalatti yakki tumame akka hin raawwatamne ittisuuf ykn raawwatamee yoo argame ragaadhan mirkanneessuuf kwt.deeggarudha. Haa ta'u malee, kwt.kun akka hojii irra oolu seerri qabeenya beeksiisuu fi galmeessuu deeggaru tumamuu qaba. Kana dhugoomsuuf labsiin Qabeenya beeksisuu fi galmeessuu lakk.668/2002 tumamee yeroo amma ittiin hojjetamati jira.Labsiin Kun muudamtoota, filatamtoota fi hojjettoota mootummaa Federaalaa fi Bulchiinsota Magaalaa Finfinnee fi Dirree Dawaa qofa irratti raawwaatiinsa qaba.[27] Naannoon Oromiyaas labsii qabeenyaa beeksiisuu fi galmeessiisuu baasee jira(labsii lakk.169/2003). Labsiileen kanneen Qaamoonni kun qabeenya fi maddoota galii maqaa isaanii fi maatii isaanitiin jiru beeksiisuu fi galmeesiisuu akka qaban dirqama irra ka'u. Daangaa yeroo galmee ilaalchisee erga labsichi hojii irra oolee ji'a jaha booda ji'a jaha keessatti qabeenya beeksiisuu fi galmeesisuu akka qaban;namoonni haaraa

[27] Labsii Qabeenya Galmeesiisuu fi Beeksiisuu Lakk 668/2002 Negarit Gezeta Kw.3

muudaman,filataman ykn qaxaraman guyyaa mudamanii,filatamanii ykn qaxaramanii kaasee guyyoota 45 keessatti beeksiisuu fi galmeesiisuu akka qaban ni tuma.Qabeenyi yeroo tokko galma'e qofa hin hafu.Labsichi qaamni qabeenyicha galmeessiise waggaa lama lamaan barri baajata xumuramee guyyoota 30 keessatti beeksiisuu fi galmeesiisuu akka irraa eeggamu ni ibsa.

Gama biraatiin, labsichi muudamaan, filatamaan ummataa ykn hojjetaan mootummaa tokko kennaa, keessumeessa ykn afferraa daawwannaa *(Gift, hospitablity and sponsored travel)* aangoo waan tokko murteessuu qoruu danda'u ykn walitti bu'iinsa faayidaa uumuu danda'u fudhachuu akka hin qabne ni tuma. Haa ta'u malee, fudhachuu dhiisuun isaa walitti dhufeenya hojii irratti miidhaa kan fidu ta'uu yoo hubate fudhachuu ni danda'a.*Kennaa fudhate* garuu mana hojii mootummaa ykn dhaabbataa misoomaa mootummaa rogummaa qabuuf galii gochuu qaba. Affeerraa Imalaa ykn keessuummeessa taasifameef immoo KNFM Federaalaaf ykn Kutaa Naamusaaf beeksiisuu akka qabu dirqama irra ka'a.[28] Akkaataa Labsichi ajaajuun osoo hin beeksisiin yoo hafe garuu bu'uura labsii lakk.881/2007 kwt.19 tiin gaafatama.

Labsii galmeessa qabeenya muudamtootaa, filatamtootaa fi hojjetoota Mootummaaf raawwii akka qabu labsii lakk.668/2010 kwt.3 jalatti tumameera. Dirqamni qabeenya galmeessuu hojjettoota jaarmiyaa uummataa keessa hojjetan hin hammatu. Gama biraan labsii lakk.881/2007 daangaan yakka Malaamaltummaa jaarmiyaa uummataa akka hammatu taasiseera. Kanaafuu, sochii yakka malaammaltummaa jaarmiyaa dhuunfaa keessatti taasifamu to'achuu keessatti akka hanqinaatti ilaalama. Haa ta'u malee haala amma jiruun hojjettoonni fi hojii gaggeessitootni jaarmiyaa dhuunfaa qabeenya isaanii galmeessuuf hin dirqaman akkasumas labsiin lakk.881/2007 kwt.19/2/ isaan irratti raawwii hin qabu. Qabeenya galmeessuu fi beeksiisuun walqabatee hojjetoota seekatara mootummaa fi seektara dhuufa giddutti garaagarummaan akka uumamu maaliif taasifame gaaffii jedhuun walqabatee leenjifatoonni leenjii keessatti mariin kan gabbisan ta'a.

2.5. Qabeenyaa fi Maallaqa Maddi Isaa Hin Beekamne

Qabeenya madda isaa hin beekamne qabatanii argamuun yaaddama badhaadhina seeraan alaa argachuu jedhuun kan walqabatuudha. Yakki kun yakkoota Malaamaltummaa boodarra dhufaniidha. Yakki kunis sadarkaa addunyaatti beekamti kan argate bara 1960 G.c keessa yoo ta'u kunis jalaqaba akka ragaatti(evidentiary measures) boodarra immoo yakka

[28] Kanuma olii Kwt.15

malaamaltummaa ta'eera. Biyyoonni jalqabaaf qabeenya madda isa hin ibsamne qabachuu yakka taasisan Hindii fi Arjentiinaa yoo ta'an (1964) ka'umsi dhimmichaa yaada miseensa kongireesii biyya arjeentiinaa bara 1934 burqiseerra madde[29]. Biyya keenyattis Seera yakkaa bara 1996 bahe keessatti hammateera. Dhimma kanaan walqabatee dhimma galmee lakk.73514 ta'erratti Tasafaayee Xumiroo fi KNFM Federaalaaa jidduutti Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaan murtii argate rogummaa waan qabuuf haa ilaallu. Himatamaan bara 1992 hanga bara 1996tti hojjetaa mootumaa ta'uun miindaa qarshii baatiin 420 fi booda qarshii 530 nyaachaa qabeenya miliyoona tokko olii maqaa isaan waan argameef qabeenya galiin isaa hin ibsamnee horachuun himatameera. Manneen murtii jalaa murtii balleessummaa kennani jiru. Dhaddachi ijibbaataa garuu yakki kan raawwatame utuu seerri yakkaa inni Haaraan hin bahiini. Seera Yakkaa bara 1949 jalatti gochi kun yakka hin jedhamne. Kanaafuu bu'uura Heera mootummaa kwt.22/1/ fi seera yakkaa kwt.5/2/ tiin himatamaan yakkaan hin gaafatamu jechuun murtii jalaa diigee bilisa gaggeesseera.Tumaan seera yakka haqamee kwt.419 labsii lakk.881/2007 kwt.21 jalatti tumameera.

Hojjetaan Mootummaa ykn jaarmiyaa uummataa Kan ta'e ykn Kan ture:

1) Sadarkaan jireenyaa isaa hojii amma irra jiru ykn duraan irra ture ykn galii seera-qabeessa karaa biraatiin argatu ykn argachaa ture kan caale yoo ta'e ykn;
2) Qabeenyi qabu ykn maddi maallaqa , galii amma argatu ykn hojii duraan irra tureen ykn galii seera-qabeessa karaa biraatiin argachaa ture waliin wal hin madaalle yoo ta'e fi
3) Sadarkaa jireenya akkanaa akkamitti akka jiraate ykn qabeenyi akkamiin harka galuu akka danda'e mana murtiif yoo mirkaneessuu baate qabeenyichi akka dhaalamu akkasumas hidhaa cimaa waggaa 5 hin caallee fi Adabbii qarshiin kan adabamu ta'uu labsii lakk.881/2007 kwt. 21 jalatti tumameera.

Yakki kun raawwatamuu isaa mirkaneessuuf baasiin himatamaan baasu galii isaa ol ta'uu mirkaaneessuun barbaachisaadha.Himatamaan seera qabeessummaa madda qabeenya ykn baasii galii isaa waliin wal hin madaalle akka mirkanneessu gaafatamee mirkaneessuu yoo hin dandeenye yakka raawwateera jechuu dha.Himatamaan qaxaramuun dura qabeenya qabaachuu isaa mirkaneessuu yoo danda'e; ykn erga hojjetaa mootummaa ta'ee qaxaramee

[29] Lindy muzila, michelle Morales, Marianne Mathias, and Tammar Berger, Criminalizing illicit enrichment to fight corruption, Washington D.C,(2012). Rodolfo Corominas Segura was traveling by train from his home in Mendoza to Buenos aires when he encountered a public official displaying the wealth he had accumulated since taking of office, wealth that Corominas Segura felt could not possibly have come from legitimate source. Inspired, Coromina Segura introduced a bill stating that the government would penalize public officials who acquire wealth with out being able to prove its egitimate source.

booda madda galii seera qabeessa galii hojiirraa argatuun wal madaalu qabaachuu isaa yoo mirkaneesse itti gaafatamummaa jalaa bahuu danda'a.Akkuma armaan olitti caqafametti galii fi baasiin wal-gituu dhabuu agarsiisuu qofti qorannaa jalqabuuf gahaa ta'uu danda'a.Himannaa hundeessuuf garuu himatamaan madda galii biraa qabaachuu isaa mirkaneessuuf carraaquun barbaachisaadha. Kana ta'uu yoo baate himatamaan madda galii seera qabeessa ta'e qabaachuu isaa mirkaneessuu yoo danda'ee himannaan gatii dhaba.

Yakki kun akka hin raawwatamne ittisuudhaaf ykn raawwatamee yoo argame haala salphaa ta'een ragaa argachuuf seerri qabeenyi akka galmaa'u dirqisiisuu jiraachuun faayidaa olaanaa qaba. Kanaaf labsiin qabeenya beeksisuu fi galmeessuu lakk.668/2002 sadarkaa Federaalaati fi labsiin lakk.169/2003 Sadarkaa Naannootti tumameera. Bu'uura labsii kanaan muudaman, filatamaan uummaataa fi hojjeetaan mootummaa qabeenyaa fi madda galii maqaa isaa fi maatii isaatiin jiru yeroo seeraan taa'e keessatti beeksiisuu fi galmeesiisuu akka qabu,dirqama kana yoo hin baane qabeenyichi bu'uura labsii lakk.881/2007 kwt.21 tin akka qabeenya maddi isaa hin beekamnetti akka ilaallamu labsii lakk.558/2010 kwt.16 jalatti tumameera.

Tumaan kun qabatamaan bal'inaan ni mul'ata. Dhimma galmee lakk.58514 ta'e irratti dhaddacha ijibbaataa Mana Murtii waliigala Federaalaan Hankooraa Harqaa fi KNFM Naannoo Kibbaa jidduu turee murtii argate haa ilaallu. Dhimma kanarratti himatamaan Miindaa qarshii 182 irra gara 928 tti guddatanii miindaa xiqqa kanaan maatii isaanii utuu bulchanii qabeenya miliyoonatti lakka'amu waan horataniif yakka qabeenya maddi isaa hin ibsamne qabachuun himatameera. Manneen murtii himatamaan miindaa xiqqaa kanaan qabeenya kana horachuu fi haati warraa isaa galii seera qabeessa kan biroo kan hin qabne waan ta'eef murtii balleessummaa irratti dabarsaniiru. Murtiin kun dhaddacha Ijibbaataanis cimeera.

Dhimma Marii

Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWF galmee lakk.67411 ta'erratti Tarraqeny Takiluu fa n-3 fi KNFM Naannoo Kibbaa jidduu ture murtii argateedha. Himatamaa 1ffaan hojjetaa mootummaa ta'ee miindaa baatiin qarshii 182 utuu argatuu booda ida'ameefii qarshii 928 baatiin argata.Himatamtuu 2ffaa haadha warraa himatamaa 1ffaa yoo ta'e galii biraa utuu hin qabaatiin maqaa isheetiin mana jireenyaa fi eeyyama daldalaa baafatteetti. Himatamaa 3ffaan immoo obboleessa himatamtuu 2ffaa yoo ta'u nama galii hin qabne barataa ta'ee utuu jiruu maqaa isaatiin mana jireenyaa abbaa darbii tokko galmeesuun himatamaa 1ffaa fi 2ffaan badhaadhin hin malle akka horatan taasiseera. Himatamtoonni sadanuu qabeenya maddi isaa

hin ibsamne qarshii Miliyoonaa sadii ol waan harkatti argameef yakka qabeenya maddi isaa hin ibsamne qabachuun himatamaniiru. Manneen murtii jalaas himatamtoonni galii seera qabeessa kan biroo utuu hin qabaatiin miindaa xiqqaa kana qabeenya miliyoona sadii ol ta'u horachuun isaanii yakka qabeenya maddi isaa hin ibsamne horachuun ni adabsiisa jedheera. Himatamtoonni sirni qabeenya galmeessisuu utuu hin diriiriin yakka kanaan itti hin gaafatamnu jechuun komii isaanii Dhaddacha ijibbaataatti dhiyeeffataniiru. Dhaddachi Ijibbaataa murtii kenneen Seerri Yakkaa kwt.419 galmeessa qabeenyaa muudamtootaa fi hojjettoota mootummaa haal duree kan godhate miti jechuun murtii jalaa cimseera

Gaaffilee Marii

1. Himatamtoota 2ffaa fi 3ffaa irratti murtiin balleesummaa kenname akkamiin ilaaltu?
2. Galmeessi qabeenya Abbootii taayitaa fi hojjettoota Mootummaa Yakka qabeenya maddi isaa hin ibsamne horachuuf haal duree miti jechuun murtii kenname akkamin ilaaltu?

2.6 Qabeenyaa ykn Maallaqa Gocha Yakkaan Argame Seera Qabeessa Fakkeessuun Dhiheessuu Fi Gargaarsa Gochuu *(Money Laundering)*

Yakki kun seerota biyyoota adda addaa fi waliigaltee idila-addunyaa keessatti beekamtii argatee jira.[30]

> *"Money laundering is the process of transformation of the form of or usage or usage of ill-gotten proceeds of economic crimes with a view to obscuring the source or orgin of such proceed.Traditionally it associated with drug trafficking offences.Today,however,its scope has been extended to apply generally to all economic crimes,including corruption offences."*[31]

Yakki kun diinagdee, hawaasummaa fi siyaasa biyyootaa irratti dhiibbaa olaanaa fida. Dhaabbattoota Maallaqaa kanneen akka Baankii, Dhaabbattoota idil addunyaa, daldaltootaa fi qaamolee mootummaa irratti dhiibbaa olaanaa geessisa. Itiyoophiyaa keessa yakkoonni akka Malaamaltummaa, Godaansa seeraan alaa fi kontiroobaandii waan jiruuf maallaqa gama kanaan walitti qabame seera qabeessa fakkeessuuf yakki kun ni dalagama. Barreeffamni kun, maallaqa gocha yakkaan argame seera qabeessa fakkeessuun dhiheessuun duri baala sammuu namaa hadoochu naanneessuu akka of keessatti hammatu yeroo amma garuu yakka

[30] Waliigaltee Farra Malaamaltummaa Mootummota Gamtoomanii kew.14
[31] W.paati Ofosu-Amaah:**Combating corruption**: fuula 53

malaammaltummaa kan hammatu ta'uu, yakki kun qabeenya gocha yakkaan argameetti faayyadamuu ykn madda isaa dhoksuu akka ta'e ibsa.

Mata duree armaan duraa irratti qabeenya maddi isaa hin beekamne qabatanii argamuun yakka malaammaltummaatiin kan gaafachiisu ta'uu ilaalleera. Qabeenya yakkaan argame madda isaa balleessuuf hojiiwwan seera qabeessa fakkeessanii dhiheessuu ni hojjetama. Kanaafuu qabeenyicha eesssaa argatee? Jedhamee yoo gaafatame ragaa seera qabeessummaa madda qabeenyichaa ibsuu dhiheeffachuu ni danda'a.Gocha kanaan yakkamtoonni adabbii jalaa bahuuf qabeenya yakkaan argatanitti fayyadamuu danda'u. Fakkeenyaaf,hojjetaan mootummaa qabeenyaa malaammaltummaan argate bu'aa suuqii iddoo tokko qabu irraa akka argate ykn kennaa firri kenneef fakkeessee dhiheessuu danda'a.

Yakki Maallaqa ykn qabeenya bu'aa Yakkaan argame seera qabeessa taasisuun dhiyeessuu seera yakkaa kwt.684 jalatti tumameera. Tumaan kun labsii maallaqa ykn qabeenya yakkaan argame seera qabeessa fakkeessuun dhiheessuu fi shororkeessitoota maallaqaan deeggaruu dhorkuu fi ittisuuf bahe, lakk. 780/2005 kwt.57/1/b/ tiin haqamee jira. Labsiin 780/2005 dhimma kana kwt.29 jalatti tumeera. Akkasumas labsiin 881/2007 kwt.33 yakki maallaqa yakkaan argame seera qabeessa fakkeessuun dhiyyeessuun maddi isaa yakka malaammaltummaa yoo ta'e seerri dhimma kana ilaallatu raawwatiinsa kan qabu ta'uu fi akka haala isaatti immo bu'uura labsii 881/2007 tiin himannaan yakka malaammaltummaa kan dhiyaatu ta'uu tumee jira. Fakkeenyaaf, abbaan alangaa hojjetaan mootummaa ykn jaarmiyaa ummataa yakka lamaan; yakka malaammaltummaa (faayidaa hin malle ykn mattaa'a fudhachuu ykn argachuu) fi faayidaa malaammaltummaan argate seera qabeessa fakkeessee dhiheessudhaan himaachuuni danda'a. Kanaafuu badiin labsii 780/2005 kwt 29 ti tumaman maddi isaa yakka malaammaltummaa yoo ta'e abbaan alanga himannaa dhiyyeessuus aangoo qabu yakka malaammaltummaatiin himachuu ni danda'a.

Labsii 780/2005 irraa akka hubatamutti yakki kun nama kamiin iyyuu raawwatamuu ni danda'a. Kana malees, yakki kun nama yakka kanaaf yakka madda ykn ka'uumasa ta'e (predicate offence) raawwate irratis raawwatiinsa qaba.[32]Gochoonni yakka kana hundeessan qabeenya seeraan ala argane madda isaa dhoksuuf jecha jijjiiruu ykn qaama sadaffaatti dabarsuu ykn nama yakka yakkichaaf ka'uumsa ta'e raawwachuu keessatti hirmaate seeraan akka hin gaafatamne gargaaruu; mirga abbaa qabeenyummaa qabeenyicha waliin walqabatu, madda isaa, iddoo itti argamu, bifa ykn amala qabeenyicha dhoksuu;

[32]Lab, lakk 780/2005 kwt 29 (3)(d)

qabeenyicha of harka galfachuu, qabatanii argamuu, yakkicha raawwachuu keessatti hirmaachuu, yakkicha raawwachuuf saduu, yaalii gochuu ykn gargaaruu , haala mijeessuu ykn gorsa kennuu hammata.[33] Yakka qabeenya seeraan ala argame raawwachuuf yaalii taasiisuun, garagaaruun, akka raawwatamu haalaa mijeessuun ykn gorsuun akka yakka xumura argateetti ilaalamuun adabsiisa.[34] Middi qabeenya ykn maallaqaa seeraan ala ta'uu mirkaneessuuf yakka madda ykn haadhoo yakka qabeenya ykn maallaqa seeraan ala argame ta'e balleessaa taasiisuu hin gaafatu.[35] Labsichi akkaataa kutaan yaadaa yakkicha itti mirkanaa'uus tumee jira.Yaadni ykn kaayyoon dhimmoota bu'uura yakkicha hundeessan haalawwan qabatamaan mul'atan irraa hubatama.[36] Kana malees, yakki kun itti yaadamee ykn dagannoo cimaan nama kamiin iyyuu ykn dhaabbilee faayinaansiin raawwatamuu ni danda'a.[37]

Akka waliigalaatti yakki kun yakka of danda'ee raawwatamu osoo hin taanee yakkoota biroo adabbii isa xiqqaa hidhaa salphaa waggaa tokko adabsiisuu danda'an irratti kan hunda'uu ta'uu (kwt 2/4); yakki kun itti yaadamee ykn dagannoo cimaan nama kamiin iyyuu ykn dhaabbilee faayinaansii, daldalaa, namoota hojii ogummaa hojjetan kan akka dalaalaa, abukaatoo fi kkf kan raawwatamu ta'uu yaada labsii 780/2005 irraa ni hubatama.

Gaaffilee Marii

1. Garaagarummaan yakka malaammaltummaa qabeenyaa fi mallaqa maddi isaa hin beekamne qabatanii argamuu fi qabeenyaa fi maallaqa seeraan ala argame seera qabeessa fakkeessuun dhiyyeessuu jiru maalii? Tumaa yakkoota kanneen hundeessan irratti hunda'uun mari'adhaa.
2. Yakki qabeenya ykn maallaqa gocha yakka malaamaltummaan argame seera qabeesa fakkeessuun dhiheessuu labsii lakk.881/2007 kwt.33 jalatti akka adabamu tumameera. Labsiidhimma kana tumu lakk.780/2005 waliin garaa garummaa fi walfakkeenya isaarrati mari'adhaa.
3. Qabeenya madda ykn galiin isaa hin ibsamne qabachuun walqabatee labsiin haaraan dhimmoota akka nama yakka kanaan himatamu (persons of interest), Yeroo itti qabeenyi horatame (period of interest), walgituu dhabuu haala jireenyaa fi galii argamuu fi madda qabeenya kanaa himatamaan sababa gahaa

[33]Lab, lakk 780/2005 kwt 29 (1)(a-c)
[34]Lab, lakk 780/2005 kwt 29 (3)(c)
[35]Lab, lakk 780/2005 kwt 29 (3)(b)
[36]Lab, lakk 780/2005 kwt 29 (3)(a)
[37]Lab, lakk 780/2005 kwt 30

dhiyeessuu(justifications) walqabatee jijjiiramni fidee maal? Gama kanaan iftoomina labsichaa madaalaa.

4. **Dhimma armaan gadiitti dubbisuun gaaffilee gaafataman deebisaa!**

Dhimmi kun dhimma Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaatiin galme lakk. 213002 irratti murtii argateedha. Abbaan Alangaa Waliigala Federalaa himannaa yakka malaammaltummaa himatamtoota 4 irratti dhiyeesseen himtamtuu 1ffaan hojjettuu Baankii Interanaashinaal Awaash keessatti hojjettuu herreegaa (accountant) taatee yeroo hojjetaa turtetti lakkoofsa herrega baankichaa irraa paaswardii isheetiin tiin, paaswardii maqaa hojjetoota baankichaa sadiin jiru fayyadamuun walumaagalatti qar. 1, 725,253 hir'isuun gara herreega ishee fi himatamaa 2ffaa (abbaa manaa ishee)ti ragaa barreeffama tokko malee hayyama baankichaan ala daddabarsuu,fudhachuu fi itti fayyadamuu isheetiin yakka malaammaltummaa hojii dhaabbatichaa haala hin taanee geeggeessuun Sy kwt 32(1)(A) labsii 881/2007 kwt 13 (1)(a)(3) jalatti himatee jira. Itti dabaluun himannaa 2ffaa jalatti himatamtuun firii yakkaa ta'uu isaa osoo beektuu ykn beekuu qabduu faayidaa dhuunfaa isheef hin malle argachuuf ykn argamsiisuuf yaadee lakkoofsa herreega baankichaa irraa qar. 1, 725,253 heerregaa dhuunfaa ishee fi herreegahimatamtoota 2ffaa (abbaa warraa) 3ffaa fi4ffaa seera qabeessaan baankich akka liqeesse fi nama biraa kan ergame fakkeessudhaan erguun, mana jireenyaa bitachuun yakka malaammaltummaa qabeenya seera ala argame fakkeessanii dhiyyeessuu raawwateen labsii 881/2007 kwt .33 fi labsii 780/2005 kwt 29(1)(a) fi (2)(a) jalatti himateera.

3ffaa, himatamaa 2ffaa (abbaa manaa himatamtuu 1ffaa) kan ta'e firii yakkaa ta'uu osoo beekuu ykn beekuun osoo irra jiru, faayidaa dhuunfaa isaatiif hin malle argachuuf yaadee karaa himatamtuun 1ffaan qarshiin ergame seera qabeessa fakkeessuun baafachuun , mana jireenyaa Km 140 fi 300 irratti argamu qr 1, 300,000 bituun qarshii seera ala argame maqaa nama mana gurgureeti erguun yakka qabeenya seeraan ala argame seera qabeessaa fakkeessanii dhiyeessuu raawwateen Sy kwt 32(1)(A) labsii 881/2007 kwt .33 fi labsii 780/2007 kwt 29(1)(D) fi (2)(A) jalatti himatee jira.

4ffaa, himatamtoota 3ffaa fi 4ffaan Sy kwt 37, labsii 881/2007 kwt 33 fi labsii 780/2005 kwt 29 (1)(d) darbuum haala hojii fi galii himatamtuu 1ffaa soo beekanii himatamtuu 1ffaan himatamaa 3ffaaf qr.200,000 ergameef baafachuun mana jireenyaa Km 160 irratti argamu bitaachuun ; himatamaa 4ffaa qar.40,000 ergameef

baafachuu isheetiin qarshii seeraan ala argame fi maddi isaa hin beekamne waan fayyadamaniif yakka qabeenya seeraan ala argame seera qabeessa fakkeessanii dhiyeessuun himatamaniiru. Dabalataan Abbaan Alangaa, ragaa barreeffamaa fi namaa akkasumas mana jireenya maqaa himatamtuu 1ffaa, 2ffaa fi sadaffan jiru akka ciraatti dhiyyeesse himanaan walqabsiisee jira.

Himatamtoonni gama abukaatootiin mormii sadarkaa duraa itti aanuu dhiyeefataniiru jiru.

1. Himatamtuu 1ffaan ani hojjettuu mootummaa ykn dhaabbilee misooma mootummaa ykn dhaabbata uummata ykn hojjettuu kubbaniyaa miti; ani hojjettuu baankii dhunfaa itti gaafatamummaan isaa murta'ee dha;labsichi hojjetaa dhaabbata dhuunfaa bu'aa dhuunfaa aragachuuf dhaabbate (PLC) keessaatti qacarame hin haguugu waan ta'eef gocha labsichaan walfakkataa (analogy) himatni narratti dhiyachuu hin qabu jechuun himannaa 1ffaa kufaa akka ta'u gaaafataniiru. Himata 2ffaa labsii 780/2005 kwt 29 (1)(A) (2)(A) jalatti dhiyaate himannaa 1ffaa jalatti bu'uura SY kwt 61(1-3) kan haguugamu waan ta'eef fi SDFY kwt 130 fi 112 tiin kufaa akka ta'u gaafatanii jiru.
2. Himatamaa 2ffaanis himannaa A/alangaa bu'uura labsii 780/2005 kwt 29 (1) (D) tiin irratti dhiyaate mormee jira. Himanni bu'uura labsii 881/2007 kwt 33 narratti dhiyaate kan na ilaalatu miti; ani hojjetaa mootummaa ykn dhaabbilee misomma mootummaa ykn dhaabbata uummata ykn hojjetaa kubbaniyaa miti. Ani hojjetaa dhuunfaa kootiidha himannaandhiyaate bu'uura Sdfy kwt 112 fi 130 (2) (E)(G) tiin himannaan akka irraa cufamu gaafatee jira.
3. Himatamaa 3ffaa mormii himatamaa 2ffaan kaasee hunda kaasuun ani soormaadha jechuun himannaan labsii 881/2007 kwt33 fi 780/2005 kwt 29 irratti dhiyaate kufaa akka ta'uuf gaafatee jira.

Abbaan Alangaa Waliigala Federalaa Mormii Sad, duraa himatamtootaan ka'e irratti deebii itti aanuu kenanii jiru.

1. Mormii sadarkaa duraa himatamtuu 1ffaan dhiyyeesite ilaalchisee Baankiin isheen keessa hojjetu kan hunda'e asksiyoonnii uummataaf gurguruun; qarshiin dhaabbata kana keessa jiru kan uummatatti waan ta'eef dhaabbatichi bu'uura labsii 881/2007 kwt 2(3 fi 5) tiin dhaabbatichi dhaabbata uummtaa ykn dhaabbata kubbaaniyaa aksiiyoo uummataa irraa sassabameen hunda'e waan ta'eef gochi himatamtuu labsii kana jalatti kan haguugamuudha waan

ta'eef mormiin qixa kanaan ka'e kufa akka ta'u gaafatanii jiru. Dabalataan, himatamtuu 1ffaan faayidaa ofiif argachuuf ykn nama biraaf argamsiisuuf yaadee hayyama Baankichaan ala qarshii fudhate labsii 881/2007 kwt 13(3) darbuun yoo ta'u ; qarshii yakkaan argame kan seera qabeessa gochuun dhiyeessuu fi fayyadamuun immoo labsii 780 kwt (1)(2)(a) irra darbuun yakka biraa ta'uu isaatiin himatamtuun seera yakkaa garagaraa lama cabsuun hamatin garaagaraa lama dhiyyeessuun bu'uura seera yakkaa kan qabuu fi ragaa A/Alangaa bu'uura godhachuun himata dhiyaate waan ta'eef bu'uura SDFY kwt 130 tiin mormii sadarkaa duraa ta'ee ka'uu hin hin qabu jechuu kufaa akka ta'u gaafatanii jiru.

2. Himatamtoota 2ffaa, 3ffaa fi 4ffaa hojjetoota mootummaa waan hin taaneef himanni bu'uura 881/2007 kwt 33 tiin gaafatamuu hin qabnu jechuun mormii sadarkaa duraa ka'e irratti A/alangaa himata keessatti labsiin tuqame himatamtoonni hojjetoota mootummaa ykn dhaabbata jechuun osoo hin taane qarshii himatamtuu 1ffaa karaa yakka malaammaltummaatiin argate kana osoo beekuu ykn beekuun osoo isaan irra jiru fudhachuun seera qabeessa gochuun itti fayyadamuu isaanii bu'uura godhachuun himata dhiyaateedha malee akka himatamtoonni jedhan yakka malaammaltummaan kan himataman miti. Labsiin 881/2007 kwt 33 qabeenyi yakka malaammaltummaan argame seera qabeessa gochuun dhiyeessuun labsii 780/2005 irra kan darban ta'uu isaa kan ibsu waan ta'eef; A/alangaa haaluma kanaan haala yakkichaaa fi tarree yakkichaa irratti labsiilee irra darbaman ifatti kan kaa'ee fi ragaa b'uura godhachuun himata kan dhiyyeesse waan ta'eef mormii gama kanaan ka'e manni murtii kufaa akka godhu gaafatee jira.

   Manni Murtiis galmee qorachuun mormii sadarkaa duraaa irratti ajaja itti aanu kenne jira.

   Dhaabbanni himaatamtuu keessa hojjetu (Baankii Internaashinalii Awaash) dhabbata dhuunfaa osoo hin taane dhaabbata waldaa aksiyoonaa (Share Company) waan ta'eef gochi himatamtuun ittiin himatamtee labsii 881/2007 jalatti ni hammatama. Hamatamtoonni 2ffaa, 3ffaa fi 4ffaan gocha yakkaa himatamtuu 1ffaa dalagdee bu'aa argame fayyadamani jiru waan ta'eef hojjetaa mootummaa ta'uu dhabuun isaanii gochi isaanii labsii kanaan hin

haguugamu kan jechisiisu miti … himanni dhiyaate mirga of irraa ittifannaa kan daangeessuu miti jechuun mormii ka'e kufaa godhee jira.

Manni murtiis jecha amantaa fi wakkii himatamtoota erga fuudhatee booda ragaa abbaa alangaa dhagahee jira.

Ragaa abbaa alangaa erga dhagahee booda himannaa 2ffaa himatamtuu 1ffaa irratti dhhiyaate ilaalchisee *himatamtuu 1ffaan gocha himannaa 2ffaa keessatti ibsame raawwate waan ta'eef gochi isheen himannaa 1ffaa keessatti kan hammatamu waan ta'eef himannaa 2ffaa jalaa baafnee himannaa 1ffaa qofa jalatti akka ofiirra ittiftu; himatamatoonni 2ffaa, 3ffaa fi 4ffaan himannaa isaan irratti dhiyaate jalatti sadarkaa isaaan irratti dubbatameen akka of irraa ittisan bu'uura SDFFY kwt 142(1)tiin ajajeera.*

Itti aansuun manni murtii ragaa ittisaa erga dhagahee booda galmee qorachuun murtii balleessummaa fi adabbii akka itti aanutti kennee jira.*Himatamtuu 1ffaa hojjetuu shuumii herreegaa baankichaa ta'uun ala aangoon ykn itti gaafatamummaan qabdu adda hin bane.Lakkoofsa herreegaa namootatti fayyadamuun; maallaqa qar.Miliyoona 1.7 ol jalaala ykn faayidaa ol'aanaa maallaqa irraa qabduun naanneessa turuu fi itti fayyadama turtee jirti.Gama tokkon faayidaa ol'aanaa argattee jechuun miidhaa guddaa geessisuudha.Kanaaf, gochi raawwate fi sadarkaan ykn gitni irra turte aangoo ykn itti gaafatamummaa ol'aanaa addaa qabaachuu hin agarsiisu* jechuun kwt 13 (2) jalatti balleessaa jechuun murteessee jira.

Himatmtoota 2ffaa, 3ffaa fi 4ffaa ilaalchisee maallaqa gara lakkoofsa herreegaa isaanitti himatamtuu 1ffaan naanneesite baasanii fayyadamuun ragaan mirkanaa'eera.Gocha himatamtuu 1ffaan raawwate keessatti haala mijeessuun hojjicha akka hojjetuuf gargaruu keessatti hirmaachuun hin mirkanoofne.Garuu, madda galii himatamtuu osoo beekanii, mana garaagaraa isheen bitte ijaara jirtu osoo beekanii maallaqa isaanii gale bu'aa yakka irra aragme ta'uu beekuu osoo qabanii maallaqichatti fayyadamanii jiru.Himatamaa 2ffaan abbaa warraa ishee ta'ee himatamtuun maallaqa maallaqa baankii irraa liqeeffate mana qar. 1, 300,00 bitan akka hin haguugne, mana biraa nama biraa irraa bitaan illee laafaa kaassanuu kan ijaaranii fi

maeeshaalee mana keessaa guutameen maallaqa himatamtuun lakk heerraga isaa irratti galchitee kan bu'aa yakka ta'uu kan beekuudha.

Akka waliigalaatti himatamtoonni maallaqa himatamtuu 1ffaa karaa seeraan ala yakka malaammaltummaan argatte bu'a yakkaa ta'uu osoo beekanii ykn beekluu qabanii seera qabeessa fakkeessuun waan itti fayyadamaniif gochi isaan raawwataniif fi irratti raggaaasifame bu'uura SDFY kwu 113(2) tiin Sy kwt 37, labsii 881/2007 kwt 33 fi labsii 780/2005 kwt 29(1)(C) jalatti balleessa ittiin jedhameera.

a) Himannaa 1ffaa fi 2ffaa Abbaan Alangaa Waliigalaa himatamtuu 1ffaa irratti dhiyyeessee akkamitti ilaaltuu?
b) Mormii sadarkaa duraa himatamtoonni kaasan tumaa rogumaa qabu bu'uura godhachuun madaalaa!
c) Deebii Abbaan Alangaa waliigalaa mormii sadarkaa duraa himatamtoonni kaasan irratti kennan madaalaa
d) Ajaja Manni murtii mormii sadarkaa duraa irratti kenne madaalaa!
e) Himannaa 2ffaa himatamtuu 1ffaa irratti bu'uura labsii 780/2005 tiin dhiyaate ilaalchisee Manni murtii ragaa Abbaa Alangaa erga dhagahee booda himannaa 1ffaa labsii 881/2007 kwt 13 jalatti haguugama qaba jechuun himatamtuun kwt.kana jalatti akka of irra ittifatu ajajeera. Ajaja kana tumaa rogummaa qabu irratti hunda'uudhaan madaalaa!
f) Murtii balleessummaa manni murtii himatamtootairratti bu'uura SDFY kwt 113(2)tiin labsii 881/2007 kwt 13(2) fi labsii 780/2005 kwt 29(1)(c) jalatti kenne madaalaa!

BOQONNAA SADII

QORANNAA, HIMANNAA FI DHAGAHA DHIMMOOTA YAKKA MALAAMMALTUMMAA

Seensa

Sirni qorannoo yakkaa adda durummaan kan hogganu Seera deemsa falmii yakkaati. Haa ta'u malee amala addaa fi cimina, fi walxaxaa ta'uu yakkichaa bu'uura godhachuun Sirni adeemsa falmii fi seera ragaa malaamaltummaa seera addaan tumamee jira. Dhimmoonni kun labsii lakk.434/97 jalatti tumamanii jiru. Haaluma kanaan dhimmoonni akka mirga wabii, qabeenya himatamaa ugguruu, dhaaluu, aangoo manneen murtii, sadarkaa hubachiisa ragaa, fi qophii dhagaha himataa labsii kana jalatti haala addaan tumamanii jiru. Haa ta'u malee tumaaleen labsii lakk.434/97 labsii lakk.882/2007 fooyya'anii jiru.Sababooni akka labsiin lakk.434/2007 akka fooyya'u taasise keessaa inni ijoon tumaaleen seerri yakkaa waa'ee malaamaltummaa tuman hedduun labsii lakk.881/2007 waan haqamaniif tumaaleen adeemsa jijjiirama taasifameen haala walsimeen akka deemu taasisuuf.Gama kanaan labsiin lakk.881/2007 tumaaleen yakka malaamaltummaa dhaabbattoota dhuunfaa irratti raawwii akka qaban waan tumameef tumaaleen adeemsaas haala kanaan jijjiiramanii dhaabbattoota dhuunfaa hammachuu waan qabaniif.Bakkeen iftoomina hin qabne illee irra deebiin ilaalamanii ifa ta'anii jiru.

Boqonnnaa kana keessatti qaamolee qorannoo gaggeessanii fi himata yakkaa farra malaamaltummaa hundeessan ni ilaalla. Dhimmoota kanaaf labsiin hundeeffama KNFM Federaalaa fi Naannoo Oromiyaa; labsii lakk.433/97 fi 197/2008 wal duraa duubaan raawwii qabu.Labsiin lakk.433/97 yeroo ammaa labsii haaraa lakk.883/2007 fooyya'ee jira.Sababni isaas Yakkoonni Malaamalatummaa labsii lakk.881/2007 waan tumameef gaheen hojii isaaniis haala jijjiirama kanaan walsimuun sirreessuun barbaachisaa waan ta'eef.

Kutaa kana keessatti waa'ee aangoo yakka malaamaltummaa qorachuu fi himachuuf,aangoo mana murtii ilaaluuf aangoo qabu,haala mirgi wabii itti kabajamu, dhimmoota qorannaan wal-qabatan kan akka yeroo beellama, mirga wabii, ajaja sakata'iinsaa fi qabiinsaa, qabeenyi yakka malaammaltummaan argame haala itti kabajamuu fi dhaalamu fi adeemsa qophii himata duraa akkasumas adeemsa falmii qophii himata duraa kan ilaalamu ta'a.

Leenjifamtoonni kutaa kana yommuu xumurani:

- ✓ Qorannaa fi himannaa yakka malaammaltummaa ilaalchisee fooyya'iinsa gama seeraan taasifame ni hubatu.
- ✓ Aangoo dhimma yakka malaammaltummaa Manneen Murtii walqabatee fooyya'iinsa seeraan taasifame irratti hubannaa ni gabbifatu.
- ✓ Dhimmoota qorannaa yakka malaammaltummaan walqabatan yeroo beellama, mirga wabii, ajaja sakatta'iinsaa fi qabiinsaa ilaalchisee fooyya'iinsa seeraan taasifame ni qalbeeffatu.
- ✓ Adeemsa qabeenya yakka malaammaltummaan argamee ugguruu fi dhaaluu ilaalchisee fooyya'iinsa tumaalee isaan ilaallatan irratti taasiifame ni hubatu.
- ✓ Qophii himata duraa ilaalchisee fooyya'iinsa tumaalee seeraa irrati taasifame ni hubatu.

3.1. Qorannaa Yakka Malaammaltummaa

Qaamni yakka malaammaltummaa qorachuuf aangoon kennameef koomishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa mootummaa federaalaa akka ta'e labsii lakk.434/2005(akka fooyya'etti)[38]irraa ni hubatama.Haa ta'u malee, aangoon qorannaa yakka malaammaltummaa KNFM mootummaa federalaatiif kenname bu'ura labsii mana hojii abbaa alangaa hundeessuuf bahe 943/ 2008 kwt 22 (3) tiin koomishinii poolisii federalaatti darbee jira.Haaluma kanaan komishiniin poolisii federalaa yakka malaammaltummaa manneen hojii federalaa, dhaabbilee misooma federaalaa, jaarmiyaalee uummaataa fi deeggarsa mootummaan federalaa naannooleedhaaf taasiisu irratti raawwatamu qorachuu ni danda'a.[39]

Bifuma wal-fakkaatuuun akka naannoo Oromiyaatti KNFMN Oromiyaa labsii lakk.197/2008 kwt 15 (7-9) tiin yakka malaammaltummaa manneen hojii mootummaa ykn dhaabbilee misooma mootummaa ykn jaarmiyaalee uummataa naannichaa keessatti raawwataman qorachuu akka danda'u aangeeffamee jira. Haa ta'u malee, aangoon kun labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk 214/2011 kwt 7(9-12) tiin Poolisii fi Mana Hojii Abbaa Alangaa tiif darbee jira. Kana malees labsii qaamoolee raawwachiiftuu bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa irra deebiin hundeessuuf bahe 213/2011 kwt 45 (15) koomishiniin poolisii Oromiyaa yakka malaammatummaa Abbaa Alangaa waliin ta'uun kan qoratu ta'uu aangeessee jira. Waan ta'eefis, labsiilee kanneen irraa kan hubatamu akka naannoo Oromiyaatti aangoo yakka malaammaltummaa qorachuu kan abbaa alangaa fi poolisiitti jechuudha.

Dhimmoota qorannaa yakka malaammaltummaatiin wal qabatan kan akka mooraa nama kamiyyuu ykn mana jireenyaa ykn iddoo hojii ykn konkoolataa ykn qabeenya biroo kamiiyyuu akka sakatta'amu taasiisuu, hordofuu, fi too'annaa jala oolchuu; namoota yakka malaammaltummaa ciccimaatiin shakkaman yeroo sa'aatii 48:00 hin caalleef ajaja mana murtii osoo hin barbaachifne to'annaa jala oolanii buufata poolsiii akka turan ajajuu ; qorannaaf barbaachisaa yoo ta'e nama kamiiyyuu dhiyeessisee gaafachuu; yakka malaammaltumma walqabatee maallaqni yookiin qabeenyi argame Baankii keessa jiraachuu isaa shakkiin gahaan yookiin ragaan yoo jiraate herreega Baankii shakkamaa yookiin maatii

[38] Labsiin sirna adeemsa falmii addaa fi seera raga farra malaamaltummaa lakk.434/97 labsii haaraa lakk.882/2007 tin fooyya'eera. Haa ta'u malee Labsiin haaraan kun labsii lakk.434/97 guutummaan kan haqe waan hin taanee fi tarreeffama labsii lakk.434/97 bu'uura godhachuun kan fooyyesse waan ta'eef labsii sirna addaa falmii fi ragaa yakka malaamaltummaa tumu labsii lakk.434/97 akka fooyya'etti jechuun ibsameera. Kana malees, Labsiin lakk.433/97 (akka fooyya'etti) kwt.7/4/, kwt.2 aangeessee jira.

[39]Labsii lakk. 433/1997 (883/2007 kwt 1(A) fi 7(4) (A) (B) akka fooyya'etti) aangoo qorannaa fi himannaa kun bu'uura labsii lakk 943/2008 Komishinii Poolisii Federaalaa fi Mana Hojii Abbaa Alangaa Federalati kan darbe ta'uu hubatamuu qaba.

isaa yookiin maqaa nama biraatin olkaawamuusaa ragaa gahaan yoo argame yookiin gahee aksiyoonaa qabaachuun isaa ragaan kan jiru yoo ta'e ajaja Abbaa Alangaa waliigalaatiin ragaan akka walitti qabamu taasiisuu; barbaachisaa ta'ee yoo argame ajaja Mana Murtiin maallaqichi yookiin qabeenyichi akka hin sochoone taasiisuu; qabeenyi nama kamiiyyuu gocha yakka malaammaltummaatiin argame, horatame yookiin tilmaama miidhaa gahee haala walqabaateen qorannaarra jiran ajaja Mana Murtiitiin akka hin sochoone taasiisuu ;namoota mirga yakkaan himatamu dhabuu qabaniifi yakka malaammaltummaatiinshakkaman yookiin himatamuu qaban mirgi kun akka irraa ka'u qaama mirgicha kaasuuf aangoo qabutti ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu poolisii waliin qorachuu akka danda'uu Manni Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa aangeeffameera.[40]

Dhumarratti qabxiin ilaalamu qabu seerota adeemsa qorannoo hogganan adda baasuudha.Labsiin adeemsa qorannoo hogganu keessaa tokko labsii sirna adeemsa falmii addaa fi ragaa yakka malaammaltummaa tumu labsii lakk.434/97(akka labsii lakk.882/2007 fooyya'etti) dha. Labsiin lakk 943/2008 fi labsiin yakka malaamaltummaa tumu, lakk.881/2007 qorannaa yakka malaamaltummaa keessatti faayidaa ni qaba. Kanaafuu seeronni kun isaan adda durummaan rogummaa qabaniidha. Akka naannoo keenyaattis qaamota qorannoo yakka malaammaltummaa gaggeessan adda baasuuf labsiin 213/2011 fi labsiin lakk 214/2011 rogummaa qabu.Dabalataan s/d/f/y fi seeroon biroo labsii lakk 434/97 kew.55 fi 58(2) hanga wal hin falleessinetti raawwatiinsa akka qaban 434/97 kew.55 fi 58(2) tumameera. Kanaafuu, seerri deemsa falmii yakkaa amma ittiin hojjetamaa jiru dhimmoota labsiiwwan oliitti ibsamaniin hin hammatamne irratti raawwii ni qaba.

Kana malees, Manni Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa maanuwaalii dhimmootni yakka malaammaltummaa fi taaksii ittiin hoogganaman baasee jira. Maanuwaaliin kun dhimmoota yakka malaammaltummaa sadarkaa mana hojii Abbaa Alangaa Waliigalatti (8/1-9); Godinaatti (10/ 1- 8); sadarkaa aanaa ykn magaalaatti (12/ a-e) ti dhiyaatanii qorataman adda baasee jira. Itti dabaluun, maanuwaalichi qorannaa yakka malaammaltummaa ilaalchisee qajeeltoowwan bu'uura hordofamuu qaban (60); akkaataa qorannaan itti jalqabu (61); haala ragaan itti funaanamu (63); gosa ragaalee funaanamuu qaban (64); waa'ee sakatta'iinsaa fi qabiinsaa (71); Haala ragaan meeshaalee teknolojiitiin funaanamu (78); sirna shakkamaan gara ragaatti ittiin jijjiirarmu (81); shakkamaa dhiheessuu, qabuu ykn to'annaa jala oolchuu (82); jecha shakkamaa fudhuu (83); yeroo qorannaan itti raawwatamuu fi murtiin itti kennamu (84) ; mirga wabii shakkamaa (85) ; yeroo beellama

[40]Labsii lakk. 214/2011 kwt 14- 20

gaafachuu (86) ; galmee qorannoo cufuu ykn qorannaa adda kutuu (90) adeemsaalee qorannaa yakka malaammaltummaa keessatti hordofamuu qaban Dhimmoota kanneen moojulii kana keessatti tarreessuun barbaachisaa waan hin taaneef yeroo leenjiin kennamu maanuwalicha irraa leenjifamtootaaf kan ibsamu ta'a.

3.2. Aangoo Abbaa Alangummaa (Himannaa Hundeessuu)

Yakka malaammaltummaa manneen hojii mootummaa federalaa, dhaabbilee misooma mootummaa federalaa, jaarmiyaalee uummataa naannoolee tokko ol keessatti hojii hojjetan keessatti fi deeggarsa mootummaan federalaa naannooleef taasiisuu irratti raawwatamuu himaachuuf qaamni aangoo abbaa alangummaa qabu koomishinii naamusaa fi farraa malaammaltummaa Federalaati.[41] Kana malees, koomishinichi aangoo yakka malaammaltummaa bakka bu'uummaan kennuu fi himannaa kaasuu labsii 883/2007 kennameefii jira. Haa ta'u malee, aangoon abbaa alangaa kun Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Federalaatiif labsii lakk 943/2007 kwt 22 (2) tiin akka darbu ta'ee jira. Kanaaf manni hojii yakka malaammaltummaa qaamoolee olitti ibsaman keessati raawwataman irratti aangoo abbaa alangummaa qaba jechuudha.

Sadarkaa naannoo Oromiyaatti yakka malaammaltummaa ilaalchisee qaamni aangoo abbaa alangummaa qabu KNFM naannoo Oromiyaa ture.[42] Bu'uuruma kanaan Komishinichi himannaa yakka malaammaltummaa adeemsa falmiira jiru bu'uuraa seeraatiin kaasuu; faayidaa uummatatiif barbaachisaa ta'ee yoo argame bu'uura seeraatiin himannaa kaasuu; galmee qoranna cufuu, himata addaan cite itti fufsiisuu; galmee cufamee ture sochoosuu; himanni yakka malaammaltummaatiin dhiyaate himannaatiin ala akka xumuramu akka taasiisu; akka danda'u labsii lakk 197 /2008 kwt 15 (7) (8) (9) (10) (11) (13) aangeeffamee ture. Waan ta'eefis Komishinichi bu'uura labsii kanaatiin yakka malaammaltummaa manneen hojii mootummaa, ykn dhaabbilee misooma mootummaa naannichaa kamiyyuu; jaarmiyaalee dhuunfaa ykn jaarmiyaalee uummataa ykn manneen hojii ykn dhaabbilee misooma naannichaa kan mootummaan guutummmaan ykn gar-tokkeen aksiyoona ykn mirga abbaa qabeenyummaa keessatti qaban; yakka malaammaltummaa muudamtoota ykn abbaa taayitaa jaarmiyaalee uummataa ykn hojjatoota isaaniitiin raawwatame; yakkoota malaammaltummaa manneen hojii mootummaa naannichaa, dhaabbilee misooma ykn

[41]Labsii lakk 433/97 kwt 23, labsii kana fooyyeessuuf labsii bahe labsii lakk 883/2007 kwt. 1(A) ,7(4)(A)(B);
[42] Labsii Lakk 197 /2008 kwt 19 (1)

jaarmiyaalee ummataa naannichaatiin magaalaa Finfinnee keessatti raawwataman kamiyyuu qorachuu fi himachuu akka danda'uu aangeeffamee jira.[43]

Haa ta'u malee, aangoo abbaa alangummaa komishinichaa kun bu'uura Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk 214/2011 kwt. 7(10) (12)(13)(20) (21) tiin mana hojii abbaa alangaa waliigala Oromiyaati dabarfamee jira. Waan ta'eefis, yeroo ammaa yakka malaammaltummaa himachuu irratti aangoo abbaa alangummaa kan qabu Mana Hojii Waliigala Oromiyaati jechuudha.

Kana kana malees, himannaa yakka malaammaltummaa ilaalchisee adeemsa hordofamuu qaban maanuwaliin dhimmoota yakka malaammaltummaa fi taaksii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalatiin bahe kaa'eera. Fakkeenyaaf, maanuwaaliin kun waa'ee himata dhiheessuu; ragaa ibsuu; himata kaasuu ykn adda kutuu kutaa saddeeti lakk 114, 115 fi 117 jalatti walduraa duubaan kaa'ee jira. Dhimmoota kanneen tokko tokkoon moojuulii kana keessatti tarreessuun barbaachisaa miti waan ta'eef leenjii keessaatti maanuwalicha irratti hunda'uun mariin kan gabbatu ta'u.

Dhimma Marii

Dhimma mana murtii ol'aanaa Godina Jimmaa galmee lakk.47282 ta'e irratti falmii abbaa alangaa Godina Jimmaa fi himatamaa tokko jidduu turee gaafa21/02/2012 jala murtii argateedha. Abbaan alangaa himatamaan Waldaa Aksiyoona Hiddaasee Telekom Waajjirra Naannoo Sokorruutti kutaa qabeenyaa ta'uun yeroo hojjetaa turetti oodiitii taasiifameen qabeenya waldaa Aksiyoonaa kan ta'e kaardiiwwan tilamaaman Mil. 37993 simatee ture keessaa kaardii tilmaaman Qar. Kuma 843,290 baasuu hir'isuun faayidaa dhuufaa isaatiif ykn nama biraatiif oolchuun waldaa uummataa irraa miidhaa geesiisee jira jechuun labsii lakk 881/2007 kwt 31(2) jalatti himatee jira.

Abukaatoon himatamaa 1ffaa *'kaardiin guyyaa himatamaan hin jirre balballi cabee banamee bade waan ta'eef dagannoodhaan seera yakkaa idileetiin himatamuu qaba malee labsichan himatamuu hin qabu'* ; 2ffaa dhaabbatichi dhabbata Federala ta'ee Teeleen sheerii kan irraa qabu ta'ee aangoon qorachuu fi himachuu kan Poolisii fi Abbaa Alangaa federalaa waan ta'eef, abbaa alangaa naannoo/Godinaa aangoo himachuufi qorachuu hin qabu; bakka bu'uumma qabna jedhanis b/bu'uumma hin dhiyeesine jechuun mormii sadarkaa duraa dhiyyeessuun himannaan kufaa akka ta'u gaafatee jira.

[43]Labsii Lakk 197 /2008 kwt 4 (1) (2) daangaa raawwatiinsa jalatti ibsamee jira.

Abbaan Alangaa immoo labsii lakk 214/2014 kwt 7(10fi 13) yakka jaarmiyaa uummataa keessatti raawwatamu akka qorannuu fi himannu nu aangeessee jira; yakka qabeenya mootummaa federaalaa irratti raawwate miti; waldichi baajata abbootii aksiyoonaa dhunfaatiin kan hunda'ee fi hojii isaa gaggeessu waan ta'eef aangoon himannaa hundeessuu seeraan nuuf kennamee jira waan ta'ef mormiin dhiyaate bu'uura seeraa hin qabu jechuun falmeera.

Manni Murtii balbala cabee fudhatame kan jedhu fuulduartti ragaan kan qulqulla'uu waan ta'eef bu'uura SDFY kwt 130 tiin kan hin ilaalamne ta'uu; 2ffaa; A/ Alangaa naannoo Oromiya bu'uura labsii 214/2011 kwt. 2(6), 7(10) labsii 71/95 kwt 10(5), yakka malaammaltummaa dhaabbilee misooma naannichaa keessatti raawwatmu qorachuu fi himachuu aangoo qaba; Waldicha keessa mootummaan naannoo Oromiyaa gahee hin qabu; M/Murtii Naannoo Oromiyaa bu'uura labsii 434/97 kwt 7(2) tiin yakka malaammaltummaa MMNO keessatti raawwatame ilaaluuf aangoo qabu. Bu'uura labsii 25/96 kwt.4(12) tiin yakkoota abbootii aangoo ykn hojjetoota mootummaa federalaatiin dhimma dirqama hojii isaanittiin walqabatu rawwatan irratti MMFedralaa aangoo akka qaban tuma.Waan ta'eef, A/Alangaa himannaa hundeessuuf aangoo hin qabu jechuun bu'uura SDFY kwt 131 (2)tiin himanna dhiyaate kufaa godhee jira.

a) Waldaan Aksiyoona Hiddaasee Teelekoom bu'uura labsii 881/2007 tiin jaarmiyaa uummataati jechuu ni dandeenyaa?
b) Himannaa A/Alangaa dhiyyeesse bu'uura labsii 433/97, 883/2007 fi 214/2011 tiin madaalaa!
c) Mormii Sadarkaa duraa Abukaatoon himatamaa dhiyeesse madaalaa!
d) Jal-murtii MMO-Go-Jimmaa kenne labsii 434/2007, 882/2007 fi seera rogummaa qaban kanneen biro bu'uura godhachuuns madalaa!

4.3.Aangoo Mana Murtii

Kutaalee darban keessatti aangoo poolisummaa fi abbaa alangummaa ilaallee jirra. Kutaa kana jalatti aangoo abbaa seerummaa (mana murtii)tu ilaalama. Labsiin lakk.434/97(kan fooyya'e) kwt.7 jalatti qaamolee aangoo abbaa seerummaa qaban tarreesseera. Tumaa kanarraa kan hubatamu Manneen Murtii Sadarkaa Federaalaa fi Naannoo yakka Malaamaltummaa Aangoo Federaalaa fi Naannoo irratti aangoo sadarkaa duraa akka qaban tumee jira. Labsicha 7/1/ jalatti Manni murtii Ol'aanaa fi Waliigalaa Federaalaa dhimma yakka Malaammaltummaa aangoo Federaalaa ilaaluuf aangoo akka qabu yoo tumu kwt.7/2/

jalatti immoo Manni Murtii Ol'aanaa fi Waliigalaa Naannoo dhimma Yakkaa Malaamaltummaa Naannoo ilaaluuf aangoo akka qabu tumeera.

Labsii lakk.433/97 kan fooyyesse labsiin lakk.883/2007 kwt.7/4/ jalatti yakkoota malaamaltummaa aangoo mootummaa Federaalaa ta'an tarreesseera.

Dabalataan, yakkoota aangoo Mana Murtii Waliigala Federalaa beekuuf labsii 25/88 ilaaluun barbaachisaadha.Labsiin kun kwt.8 jalatti Yakkoota Abbootii *Taayitaa Mootummaa Feederaalatiin*[44] rawwataman *Mana Murtii Waliigala Federaalaatu* sadarakaa duraan kan ilaaluu ta'uu ni ibsa. Haa ta'u malee, dhimmi tokko Mana murtii waliigalaan ilaalamuun mirga oliyyannoo irratti gufuu waan ta'uuf tumaan kun faallaa Heeraati jedhamee mormiin irratti kaa'a tureera. Manni Maree Federeshinii dhimma Malaakuu Fantaa v KNFM Mootumma Federaalaa irratti labsiin 25/88 kwt.8(1) fi labsiin 434/97 kwt.7(1) kan aangoo Mana Murtii waliigala Federaalaa sadarkaa jalqabaan tumu faallaa Heeraati jedhameera. Tumaan faallaa Heeraa ta'e akkuma Heera mootummaa kwt.9 jalatti tumamee fudhatama hin qabu.Yeroo amma kana labsii Manneen Murtii Federalaa labsii25/96 fooyyeessuuf bahe rakkoo kanaaf fala kaa'eera. Wixinee labsii kana irraa akka hubatamutti Manni Murtii Waliigala Federaalaa aangoo dhimma yakka sadarkaa duraan ilaaluu hin qabu. Fakkeenyaaf, dhimmoota yakkaa kamiyyuu abboootiin taayitaa fi hojjettoonni mootummaa federalaa sababa hojii ykn itti gaafatamummaa isaaniitiin itti gaafatamanii; qabeenyawwan mootummaa federalaa irratti raawwataman ilaaluudhaaf aangoo sadarkaa duraa kan qabu wixineen labsichaa ni ibsa.[45] Kanaafuu, Wixineen labsii kun akkuma jirutti kan labsamee kan hojjirra oolu yoo ta'e, aangoon yakkoota malaammaltummaa abbootii taayitaa fi hojjetoota mootummaa federalaatiin raawwataman sadarkaa jalqabaatti ilaaluuf aangoo kan qabu Mana Murtii Federalaa isa ol'aana ta'aa jechuudha.

Yakkoota malaamaltummaa irratti aangoo kan qabu Mana Murtii Olaanaa ta'a. Yakkoota malaammaltummaa *Bulchiinsa Finfinnee fi Dirree Dawaatiin* wal qabatan kan ilaalamaa akkuma barbaachisummaa isaati M/Murtii Fedeeralaa rogummaa qabuun ilaalamu.[46]

[44] Members of the House of People's Representatives and of the House ofthe Federation, officials of the Federal Government above ministerial rank, ministers,state ministers, vice ministers, commissioners,vice commissioners, judges of the Federal Supreme Court,labsii lakk.433/97 kew.2(5)
[45] Waxinee labsii Manneen Murtii Federalaa kwt 4 (14)(15) fi kwt 12(1) ilaalaa!
[46] Labsii lakk 434/97 kew.7

Labsii 434/97 kwt 7(2) Manni Murtii Ol'aanaa fi Waliigalaa Naannoo dhimma Yakkaa Malaammaltummaa Naannoo ilaaluuf aangoo akka qabu ni hubatama. Haa ta'u malee, labsiin 197/2008 aangoo abbaa seeerummaa irratti jijjiirama taasiisee jira.Yakkoota malaammaltummaa manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jaarmiyaalee uummataa naannoo Oromiyaa keessatti raawwataman ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa sadarkaa duraa kan qabu Mana Murtii Ol'aaanaa naannichaa akka ta'e labsii 197/2008 kwt.5 (1) tumee jira. Kana malees, yakkoota malaammaltummaa manneen hojii fi jaarmiyaalee naannicha magaalaa Finfinnee keessatti argaman keessatti raawwataman, ykn faayidaa mootummaa naannicha waliin walqabatan raawwataman ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa kan qabu mana murtii ol'aanaa Godina addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee akka ta'e labsiin kun kwt 5(2) jalatti tumee jira. Kanaafuu, yakkoota malaammaltummaa ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa sadarkaa duraa kan qabu manneen murtii ol'aanaa naannichaati jechuudha.

Kana malees, Manni murtii ol'aanaa bu'uura Heera Federaalaa Kwt.80(4) tiin, dhimma Federaalaa ilaalchisee aangoo sadarkaa jalqabaa Manamurtii federaalaa sadarkaa jalqabaa akka qabu labsiin lakk.216/2016 kwt 30(4) tumee jira. Kanaafuu yakkoota malaammaltummaa aangoo mana murtii federaalaa sadarkaa jalqabaa daangaa bulchiinsa godinichaa keessatti raawwataman irratti Manni murtii ol'aanaa aangoo ni qaba.

Gama biraatiin, Mana Murtii Waliigala Oromiyaabu'uura Heera Federaalaa keewwata 80(2)tiin, dhimmoota federaalaa irratti aangoo sadarkaa jalqabaa Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa kan qabu ta'uu labsiin 216/2011 kwt 2(b) jalatti tumamee jira. Kana malees, Manni murtii kun bu'uura Heera Federaalaa Kwt. 80(4) tiin, dhimma federaalaa Manni Murtii Ol'aanaa aangoo sadarkaa jalqabaatiin ilaalee murtii kenne irratti aangoo ol'iyyannoon dhimmicha dhagahee murtii kennuu kan qabu ta'uusaa labsii 216/201. Kwt 25 (2) (c) irraa ni hubatama. Kanaafuu, Manni Murtii Waliigala Oromiyaa yakkoota malaammaltummaa Mana Murtii Ol'aanaa Federalaan aangoo sadarkaa jalqabaan ilaalaman bakka bu'uumma ilaaluu ni danda'a.

Dhimmoonni ajaja *Qabiinsa, Sakkata'iinsa, Yeroo Beellama, Buufata Poolisii tursiisuu, mirga wabii, dhorkaa ykn uggurri* akkasumas dhimmoonni biroo qorannaan wal qabatan kan ilaalaman M/Murtii yakka malaamaltummaa dhagahuuf aangoon kennameef Mana Murtii ol'aanaa akka ta'e labsiin lakk.434/97tumeera. Waan kana ta'eef, Manneen Murtii Aanaa yookiin Manni Murtii Federaalaa Sadarkaa jalqabaa dhimmoota kanneen ilaaluuf aangoo hin qabu. Tumaan kun yaada ajaja qabiinsaa, mirga wabii fi sakatta'iinsi Mana murtii kamiin iyyuu kennamuu danda'a jedhuun walfaalleessa; dhaqabamummaa tajaajila haqaa irratti

rakkoo olaanaa fidaa tureera. Mirga namoonni dhiyeenyaatti haqaa argachuuf qaban kan daangeessuu fi baasii dabalataaf ni saaxila waan ta'eef labsii 882/2007 fala argatee jira. Labsii haaraan kun labsii lakk.434/97 kwt. 7 fooyyessuun cita xiqqaa tokko dabaluun kwt.7/5/ jalatti qaamni rogummaa qabu falmiilee adeemsaa Yakka malaamaltummaa Mana Murtii aangoo qabutti dhiyaachuun isaa mirga himatamaa kan hubu, ragaan kan baduu fi dhamaatii hin malleef kan saaxilu ta'uu yoo itti amane Mana Murtii Sadarkaa duraatti dhiyeessuu ni danda'a jechuun tumeera. Tumaa kanarraa kan hubatamu Manni murtii sadarkaa duraa aangoo adeemsaalee yakka malaamaltummaa qorachuun wal qabatee kan argatu haal dureewwan ka'aman irratti hundaa'uun.

Falmiilee adeemsaa Yakka malaamaltummaa Murtiin Mana murtii Sadarka duraa Mana murtii itti aanutti kan oliyyatamu yoo ta'u, murtiin kunis isa dhumaa ta'a. Falmiin kunis qaama rogummaa qabuun dhiyaata. Qaamni rogummaa qabus qaama aangoo yakka malaamaltummaa qorachuu fi/ ykn himachuu danda'uu akka ta'e kwt.2/3/ jalatti hiikkoon kennameeraaf. Haala qabatamaa amma jiruun qaamni falmii kana mana murtiitti dhiyeessu Abbaa Alangaa ta'uu danda'a. Kanaafuu falmiilee adeemsaa yakka malaamaltummaa fi dhimmoonni qorannaan walqabatan ilaalchisee aangoon manneen murtii Aanaaf kennamee hayyama qaama rogummaa qabu irratti kan bu'uureffatee fi ulaagaalee olitti tarreeffaman jiddu galeessa kan godhateedha.

Gaaffilee Marii

1. Labsiin Komishiinii naamusaa fi farra malaammaltummaa Oromiyaa irraa deebiin hundeesse lab. 197/2008 yakkoota malaammaltummaa ittisuu, qorachuu, himaachuu fi adeemsa murtii yakka malaammaltummaa gufachiisuu nama kamiinuu raawwataman kwt. 28 jalatti tumee jira. Fakkeenyaaf, yakka nama eeruu yakka malaammaltummaa ykn ragaa kennu irratti raawwatamu; gabaasa ykn eeruu sobaa dhiyeessuu; yakka malaammaltummaa mana hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa beeksiisuu ykn jaarmiyaalee ummaataa keessatti raawwatamuu qaama aangoo yakka malaammaltummaa qorachuuf qabutti beeksisuu dhabuu kkf tumee jira. Yakkoonni kunniinis baaxiin adabbii isaanii waggaa 15 hin caalu. Manni murtii yakkoota kanneen ilaaluuf aangoo abbaa seerumamaa sadarkaa jalqabaa qabu mana murtii kamii? Maaliif?
2. Akkaatuma gaaffii 1ffaa jalatti ibsameen labsiin Komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa Federalaa hundeessuuf bahe 433/97 kwt 27 (akka fooyya'etti .

labsii lakk 883/2007 kwt.18(1)(8) yakkoota yakka malaammaltummaa ittisuu, qorachuu, himaachuu fi adeemsa murtiisaa gufachiisuu walqabatan tumee jira. Yakkoota kanneen ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa kan qabu mana murtii kamii? Maaliif?

3. Labsii lakk.434/97 kwt.7 (5) (akka fooyya'eeti) jalatti qaamni rogummaa qabu yoo itti amane dhimmoonni falmii Mana Murtii Sadarkaa duraa dhiyeenyatti argamutti akka dhiyaatan tumee jira. Dhimmoonni adeemsaa haala kanaan dhiyaatan isaan kami? Mari'adhaa.
4. Labsiin lakk 197/2008 kwt 5 yakka malaammaltummaa daantaa naannoo Oromiyaa irratti raawwatamu ilaaluuf aangoo kan qabu mana murtii Ol'aanaa Godinicha yakki keessatti raawwatame akka ta'e tumee jira. Kana malees, labsii lakk 434/97 kwt 7(2) dhimmi kun aangoo mana murtii Ol'aanaa naannoo akka ta'e tumee jira. Yakkoota malaammaltummaa labsii 881/2007 fi seeroota biroo keessatti tumaman yoo ilaallee yakkoon waggaa 15 ol adabsiisan baayyee muraasa akkata'an tumaalee yakkicha hundeessan irraa ni hubatama. Gama biraatiin, labsiin 216/2011 kwt 31 (3) jalatti manni murtii aanaa dhimma yakkaa adabbii hidhaa baaxiin isaa waggaa 15 hin caalleen adabsiisn irratti aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaa ta'uu tumee jira.

    a) Yakki malaammaltummaa dantaa naannoo Oromiyaa irratti raawwatamee hidhaa waggaa 15 gad adabsiisu ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaa kan qabu mana murtii Ol'aanaa Godinaa moo mana murtii aanaatii? Maaliif? Hojimanni jiru hoo maal fakkaataa?

3.4. Mirga Wabii

Mirgi wabii mirgoota bu'uura keessa tokko akka ta'e ni beekama. Kanaafuu Heera RFDI kwt. 19(6) jalatti haala ifa ta'een tumameera.Haa ta'u malee mirga bu'uuraati yoo jennuu mirga gonkumaa hin daangoofne (Absolute right) miti. Mirgi wabii kan dhorkamu ykn daangeeffamu ta'uu isaa kew.19(6) ni tuma.Seera baastuun biyya keenya kwt.kana bu'uura godhachuun Labsii lakk.239/93 Kew 51(1) (2) tiin mirga wabii guutummaan guututti daangeesseera. Labsiin Kun kallattii kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuu fi eegumsa mirga namaatiin yoo ilaalamu fooyya'uu waan barbaachiseef labsii lakk.434/97 Kew.4-6) tiin akka haqamu taasifameera. Labsiin kun labsii lakk.882/2007 kwt.3/1/ jalatti fooyya'eera. Labsiin kun qaamota yakka qorachuu danda'aniif aangoo fi haala mirga wabii itti eeguu danda'an kenneefi jira.

1) Qorataan Pooliisii nama yakka malaammaltummaatiin shakkame haalotaa armaan gadii tilmaama keessa galchuun mirga wabii eegeefi gad lakkisuu akka danda'u labsichi ni tuma. Kunis yakki raawwatame jedhame shakkisiisa yoo ta'e ykn namni qabame yakkicha raawwachuusaaf shakkisiisaa yoo ta'e,akkasumas yakki raawwatame jedhame adabbii cimaa ta'een kan hin adabisiifne (labsii 434/97 kwt.4(2) fi seera yakkaa kwt.107)
2) Poolisiin wabiidhaan shakkama yoo gad-hin lakkifne manni murtii mirga wabii eeguu kan danda'u;
    a) Shakkamaan mirgi wabii eeggameefii bahe hin badu jedhee yoo tilmamame fi
    b) Ragaawwan ni balleessa ykn yakka biraa ni raawwata jedhamee yoo tilmamame dha. kwt 4(4)

Haa ta'u malee, murtii kenname irratti ol'iyyannoo gaafachuun ni danda'ama (labsii 434/97 kwt.5). Ol'iyyannoon kan dhihaatu mirga wabiin gadhiifamuu ykn hanga maallaqa wabiif qabsiifamee komachuun yoo ta'e dhimmichi ol'iyyannoon ilaallamee murtii hanga argatutti murtiin mana murtii jalaa osoo hin raawwatamin ni tura. A/Alangaa yeroo murtaa'ee keessatti ol'iyyannoo M/Murtii ol'iyyata dhagahuutti dhiyeessuusaa ragaa mirkaneessu dhiyyeessuu qaba.

Gama biraatiin, M/Murtii shakkamaan mirga wabiin akka bahu yommuu murteessu daangaawwan ka'uu danda'u; naannoo murta'ee ala akka hin sochoone, iddoo ragaa balleessuu danda'uu akka hin geenye, yeroo murtaa'ee keessati qaama ilaalatuuf akka gabaasu ykn,gara biyya alaatti akka hin baane ajaja kennuu ni danda'a. Fakkeenyaaf, M/M/O/Federaalaa dhaddacha gaafa 9-9-2002 ooleen LG-42487 irratti nama labsii yakka fooyya'ee bahe lakka214/74 kw.23(1A) fi (2) fi Seera yakkaa kw.32(1A) fi 33 darbuudhaan yakka aangootti gar-malee fayyadmuu irratti haala addaattiin hirmaate tokko mirga wabii ilaalchisee A/A shakkamtuun biyyaa bahuuf yommuu jettu waan qabamteef mirgi wabii akka dhorkamu gaafateera.M/Murtii gaaffii A/Alangaa KNFMF kufaa gochuudhaan mirga wabii kan eegeef yoo ta'u hanga dhimmichi murtii dhumaa argatuutti biyyaa akka hin baane ajaja laateera.Ajajani fi footoon ishee Imigireeshinitti hanga ergamutti ajajin wabiin akka baatu laatame akka turu ajajeera[47].

Fooyya'insi labsii lakk.882/2007 keessa tokko mirga wabiin walqabata. Nama yakka malaamaltummaa waggaa 10 ol adabsiisuu danda'uun shakkame ykn himatame mirga wabii

[47]Girmaa Baqqalaa fa'a N5.irrati Meeroon Dilnasee Vs KNFMF LGMMOF.42487(2002)

dhorkuu fi yakkoota daddabalamaan walqabatee yakkoota waggaa 4 olii fi waggaa 10 gad adabsiisan fi adabbiin isaanii ennaa idaa'amu waggaa 10 ol kan adabsiisu yoo ta'e mirgi wabii hin kennamu. Tumaan kun yakkoota daddabalamaan walqabatee rakkoo seeraa tureef fala kenneera. Ulaagaan ykn safartuun kun hanga adabbii himatamaa adabsiisuu danda'u kan ilaallatu waan ta'eef mirgi wabii adabbii yakka himannaan jalatti dhihaate ilaaluun murtaa'a. Madaalliin kwt.4 (1) kaa'ame adabbii ka'uumsaatti moo baaxii isaatti? Gaaffiin jedhu yeroo baayy'ee dhimma oggeessota seera wal-falmsiisuudha.Hojimaanni Manneen Murtii Federaalaa akka agarsiisuutti madaallichi baaxii adabbii ilaallata. Ka'umsi adabbii waan fedhe yoo ta'e illee namni yakkoota malaammaltummaa baaxiin adabbii isaanii waggaa 10 ol ta'een himatame mirgi wabii yommuu dhorkamu ni mula'ata. Fakkeenyaaf, M/M/O/Federaalaa dhaddacha 14-7-2001 ooleen LG78290 ta'e irratti kwt.himannaan jalatti hunda'e jalatti balleessaa qaba yoo jedhame waggaa 10 ol adabamuu danda'a jechuun mirga wabii bu'uura labsii lakk.434/97 kwt.4 (1) tiin dhorkee jira.Himatamaan M/M/W/Federaalatti ol'iyyaannoo kan gaafate yoo ta'u M/M kunis LG.48055 ta'e irratti dhaddacha 09-02-2002 oolen murtii mana murtii jalaa cimseera.[48] Manni murtii kun dhimma isa duraa kanaan walfakkaatuLG.82294 ta'e irratti mirga wabii bu'uura labsii lakk.434/ 97 kwt.4 (1) dhorkee jira.M/M/W/Federaala dhaddacha 13-2-2002 ooleen LG.47847 irratti murtii kana cimseera.[49] Hojimaanni Manneen Murtii Naannoo keenya keessa jirus kan Manneen murtii Federaalaa waliin wal fakkaata. Fakkeenyaaf,M/M/O/G/Shawaa Bahaa dhaddacha gaafa 12-11-2001 ooleen namoota yakka malaa malaamaltummaa aangootti seera ala fayyadamutiin himannaan bu'uura seera yakka 407(2) irratti dhihaate mirga wabii LG.11631 ta'e irratti yommuu dhorku ol'yyaannoo M/M/W/O/Dh/Bahaatti taasifameen manni murtii kunnis dhaddacha gaafa19-02 2002 oolen LG.85949 irratti ajaja Mana Murtii jalaa cimseera.[50]Itti dabaluun Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddachaa Dhaabbii Lixaa galmee lakk 213002 ta'e irratti himatamtoota labsii lakk 881/2007 kwt 13, 33 fi labsii lakk 780/2013 kwt 29(1)(d) cabsuun yakka malaammaltummaa hojii jaarmiyaa uummtaa haala hin taaneen gaggeessanii fi maallaqa karaa seera ala argame seera qabeessa fakkeessuun dhiyeessan jedhamanii himatamanii mirga wabii gaafatan labsii lakk 882/2007 kwt 3 tiin mirga wabii isaanii dhorkee jira.[51]

[48] Biruuk Mazigabaa Vs A/Alangaa KNFMF LGMMWF.48055(2002)
[49] DR.Solmoon Gooshuu fa'a N.4 Vs A/Alangaa KNFMF LGMMWF.47847(2002)
[50]Raajuu abdii fa'a.N2 Vs A/A KNFMO.LGMMW-85949(2002)
[51]Abbaa Alangaa Waliigala Federalaa Vs Addee Beezaa Abiy fa'a N4 Lakk. Galmee MMWO, Dhaaddacha Dhaabbii Lixaa, 213002

Yakka dachaa ilaalchisee namni yakkoota hidhaa cimaa baaxii waggaa 10 ol adabsiisuu danda'uun himatame haala adabbii yakka dachaa murteessuutiin waggaa 10 ol adabamuu waan danda'uuf wabiidhaan gad hin dhiifamne ni mul'ata (seera yakkaa 85 fi 184) ejjeennoon Manneen murtii Federaalaa fi Naannoo keenya keessaatti callaqisuus kanuma.Fakkeenyaaf, M/M/O/Federaalaa LG.76276 irratti dhaddacha gaafa 04-17-2001 ooleen himatamaan yakkoota dachaan waan himatameef waggaa 10 ol adabsiisuu danda'a jechuun bu'uura labsii lakk.434/97 tiin mirga wabii kan dhorke yoo ta'u, ol'iyyannoo Mana Murtii Waliigalaatti himatamaan taasisseen M/M/W/F dhaddacha gaafa 05-08-2001 ooleen LG.448225 irratti ol'iyyaannoo isaa kufaa taasiiseera.[52]

Akka waliigalaati dhimmoota kanneen irra kan hubatamu ejjennoon manneen Murtii Federaalaa keessatti Calaqqisu mirga wabii nama yakka malaamaltummaatiin himatame ilaalchisee gaaffii mirga wabii irratti murtoo laachuuf ilaalamuu kan qabu adabbii ka'uumsaa osoo hin taane baaxii adabbii akka ta'e,namni yakkoota dachaa baaxiin adabbii waggaa 10 ol adabbisiisuu danda'uun himatame tokkoon tokkon isaanii waggaa 10 kan adabsiisan yoo ta'e waggaa 10 ol adabamuu waan danda'uuf wabiidhaa akka gad hin lakkifamnedha.

Gaaffii Marii

Yakkoota daddabalamaan adabsiisan adabbii isaanii waggaa 4 olii fi kudhanii gadi ta'anii fi adabbiin isaanii yoo idaa'amu waggaa 10 ta'u mirga wabii akka dhorkisiisan labsii lakk.882/2007 jalatti tumameera. Sadarkaa gaaffiin mirga wabii dhiyaatutti yakkoonni kun adabbiin isaanii yoo idaa'amu waggaa 10 ol ta'uun akkamiin beekkama?

3.5. Dhorkaa Yookaan Uggurrii *(Restraining)*

Qabeenya yakka malaammaltummaan argame jedhamee shakkame uguruuf sirni hordofamu qabu s/d/f/y keessati hin tumamne. Labsii lakk 434/97 jalatti tumaalee qabeenya malaamaltummaan argaman ugguruu dandessisan hammatamaniiru.Labsiin lakk.882/2007 kwt.5jalatti labsii lakk.434/97 kwt.8 fi 9 haqeera. Labsiin kun firiin qabeenya malaamaltummaatiin hojjetamuu argamu dabalataan akka ugguramu tumeera. Yeroo nama yakka malaammaltummaan shakkame tokko M/Murtii dhiheessuuf sochiin taasifamu shakkamaan qabeenya yakkichaan argame dhoksuu danda'a.Waan kana ta'eef qabeenyichi akka hin dhorkamne ykn faanni hin banne gochuuf falli seerri gocha kana ittisuuf kaa'ee uggurrii dha. Kanaan walqabatee shakkamaan utuu Mana Murtii hin gahiin ni miliqsa

[52] Toofiq Sammaan Vs KNFMF 44825(2001)

jedhamee yoo yaaddame Labsiin lakk.882/2007 fala bu'uuraa kaa'eera; qaama aangoo qabuun ajajni yoo darbu hanga sa'atii 48 tti dhorka yeroo akka kennamu kwt.8(4) jalatti tumameera. Adeemsa qorannoo yakka malaammaltummaa haalli itti isaan Mana Murtii sadarkaa jalqabaan ilaalaman labsii 882/2007 jalatti tumameera. Qabeenyi himataan dura akka ugguramuuf gaafachuun isaan keessa tokko waan ta'eef Mana Murtii Sadarkaa jalqabaatti dhiyaachuu ni danda'a.

Akka waliigalaatti kaayyoon qabeenya ugguruu faayidaa malaammaltummaan argame ykn firii faayidaa kanarraa argame ykn miidhaa qaqqabe bakkatti deebisuudha.

Labsichi ajaja uggurrii jedhuuf kew.2(4) hiika lateera.*"Restraining order" means an order which prohibits the offender from dealing with certain property and includes the right to transfer, use and destroy the property in any manner".*Qabeenya ugguruun bifa lamaan raawwatamuu danda'a.

A. Qabeenya himatamaan yakka malaammaltumman argate jedhamee tilmaamu ykn Firii qabeenya kanarraa argamu irratti ajaja kennamu

Qabeenya malaammaltummaan argame jechuun maal jechuu akka ta'e kwt.2 (2) hiika kenneefi jira.

> *"Property acquired by the commission of corruption offence" means any property which the offender owns or possesses directly or indirectly as a result of the commission of the corruption offence, and includes any such property or money which has been donated directly or indirectly by the offender, put under someone's custody or hidden some w here" hiika jedhu arganna.*

Kana jechuun ajajichi mirga qabeenyatti fayyadamuu, bulchuu, karaa kamiin iyyuu nama biraatiif dabarsuu kan dhorku dha.Manni Murtii qabeenya imaanadhaan nama harka jiru akka gad-lakkifamu gochuu; nama qabeenya bulchu filuun muuduu fi akka bulchu gochuu,haala itti bulchu ilaalchisee aangoo kennuu,galii fi bu'aa qabeenyichi irraa argamu sassaabuu fi maallaqicha maal gochuu akka qabu ajaja kennuu akka danda'u kw 13 fi itti aanan irraa ni hubatama. Fakkeenyaaf, Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa dhaddacha gaafa 16-10-2003 ooleen LG-103669 irratti gaaffii KNFMF dhiheesse bu'uurreeffachuun Warshaan sibila Sheebaa jedhamu Korporeeshiniin Sibilaa fi Injinariingii Itoophiyaa akka ofitti fudhatee bulchu ajaja dabarseera.[53]

[53] KNFMF Vs MR.Gulihaam Abbaas LG 103669 (2003)

Himatamaan qabeenyicha malaammaltummaan argate jechuun murtii irra gahuun haalli itti dand'amu kwt.8 jalatti kan ibsamee jira.

1) Falmii mana murtiiti taasifameen qabeenyichi Kan argame yakka malaammaltummaan ykn firii qabeenya kanarraa argame ta'uu ragaadhaan yoo mirkannaa'ee yoo murta'ee qabeenya malaammaltummaadhaan argame jedhame akka dhaalamu ni taasifama.Kun baayy'ee kan nama rakkisu miti.
2) Himannaan dura Ajajni dhorkaa akka kennamu iyyannaa dhiheessuu akka danda'amu kew.8(3) jalati tumameera.Kanaaf qorataan qorannaan yommuu jalqabamu ajajini dhorkaa akka kennamu gaafachuu ni danda'a. Haa ta'u malee, qorataan Abbaan Alangaa qabeenyichi yakka malaammaltummaan kan argame ta'uu isaa ragaa agarsiisan tokko tokko waliin walq-absiisuun iyyaanna kakuun deeggarame dhiheessuu akka qabu kwt.8 (2) ni tuma.

B. Haala qabeenyi bu'a yakkicha hin taane itti ugguramu

Yakka malaammaltummaan kan hin argamne ta'uu baatus qabeenyi maqaa shakkamaattiin jiru kam iyyuu uguramuu danda'a. Ajajni dhorkaa qabeenya shakamaa irratti kennamu akka hin gurguree fi hin jijjiire kan dhorku yoo ta'u mirga qabeenyichati fayyadamuu garuu ni hayyama (labsii lakk.434/97 kw.9). Dhorki kun qabeenya maqaa himatamaa/ shakkamaa jiru qofa osoo hin taane qabeenya maqaa Haadha warraa/Abbaa warraa fi daa'ima himatamaa/shakkamaa waggaa 18 hin guutneen jiru illee akka dabalatu Labsii haaraa lakk.882/2007 kwt.9/1/ jalatti tumameera. Mirgi qabeenya kanatti fayyadamuu labsii lakk.882/2007 jalatti caalaatti daanga'era. Labsii lakk.882/2007 kwt. 9/3/ jalatti mirgi itti fayyadamuu maallaqa ykn qabeenya baankii olkaa'etti fayyadamuu hin danda'u, haalli dirqisiisaan ennaa mudatu maallaqa murtaa'a ta'e akka fayyadamuuf manni murtii murteessuu akka danda'u tumameera. Kunis Namni tokko Maallaqatti fayyadamuuf mirgi sanada sanarraa qabuu dabarsuun dirqama waan ta'uuf labsiin haaraan fala gaarii fideera. Shakkamaan yoo qabeenya kanatti fayyadamu qabeenyicharra miidhaan akka hin geenyeef iyyati yoo dhiyaatu Manni murtii ajaja barbaachisaa kennuu akka qabu kwt.9/4/ jalatti tumameera.

Qabeenyi jireenya himatamaatiif barbaachisaa ta'an hin ugguraman. Qabeenyi tajaajila guyyaa guyyaan himatamaa fi maatii isaatiif oolan Kan akka huccuu, meeshaalee nyaata ittiin bilcheeffatu, siree, uffata siree, fi uffata halkanii…fkk akka fakkeenyaatti caqasuun ni danda'ama. (kw.10)

Labsichi qabiyyeen iyyata uggurrii dhimmoota ijoo of keessatti qabaachuu qabu kw.11 jalatti tarreessera. Iyyatichi kakuudhaan deeggaramee kan dhihaatu yoo ta'u, ijoo yakkichaa, tarkaanfii sadarkaa sadarkaadhaan fudhatame, himannaan yoo hin hundoofne sadarkaa dhimmichi irra jiru, qabeenyi ykn maallaqni malaammaltummaan argamuu isaa sababoota agarsiisanii fi amansiisa ta'an;faayidaa hin malle ykn miidhaa yakka malaammaltummaatiin argate ykn qaqqabe ilaalchisee sababa amansiisaa ta'e; tarree fi teessoo qabeenyichaa hammachuu qaba.

Qabeenya uguruun walqabatee qabeenya akka salphaatti manca'uu danda'u yoo ta'e, akka saamsamu ajajin kan itti hin kennamne ta'uu labsii 434/97 kwt. 25 1(a)(b) jalatti tumameera. Manni murtii qabeenyi akkasii caalbaasiin gurguramee akka ta'uu ajajuu akka danda'u keewwata xiqqaa 3 tumeera.

3.6. Qabeenya Dhaaluu *(Confisication)*

Akkaataa seera biyya keenyatti qabeenya dhaaluun gosa adabbii keessaa tokko.[54] Qabeenyi yakkaan argamees ta'e karaa seeraatiin argame dhaalamuu danda'a.[55]Adabbiin kun kan murtaa'u garuu seera irratti ifatti akka adabbiitti yoo tumame argamedha. Labsii Yakka Malaammaltummaa hundeesse lakk.881/2007 kwt.21/1/ jalatti qabeenya dhaaluun akka adabbiitti tumamee jira. Labsii lakk.881/2007 kwt.4/3/ jalatti adabbiin tumamee yakkoota malaamaltummaaf raawwii waan qabuuf haalli itti qabeenyi dhaalamu yakkoota malaamaltummaaf tumamee jira.

Namni yakka malaammaltummaan himatame murtin balleessummaa yoo irratti kenname qabeenyi malaamaltummaan argame akka dhaalamu labsii lakk.434/97 kwt.29 jalatti tumamee jira. Labsiin lakk.434/97 kwt.29 labsii haaraa lakk.882/2007 tiin haqameera.Labsiin haaraan dhimmoota dabalataa of keessatti hammateera. Kwt.29/1/ jalatti qabeenyi malaamaltummaan argame ykn faayidaan argame ykn firiin qabeenya kanaarraa argame akka dhaalamu tumameera. Qabeenyi himatamaa kan biroon faayidaa himatamaan argateen kan wal madaaluu ykn miidhaa himatamaan geessise kan walmadaaluu dhaalamuu ni danda'a. Qabeenyi himatamaa gahaa ta'uu yoo baatee qabeenya waliinii dhaalamuu ni danda'a(kwt.29/2/). Qabeenya waliinii jechuun maal akka ta'e kwt.29 (3) jalati hiikkoon kennameeraaf. Qabeenya waliinii maqaa himatamaa fi nama biroon jiru, maqaa haadha manaa/abbaa warraa ykn daa'ima waggaa 18 hin guutneen galmaa'ee jiru qabenya waliinii jedhamee tilmaama. Tilmaama kana qabeenya dhuunfaa ta'uu hubachiisuun fashaleessuun ni

[54]Seera Yakkaa Kw 98(1)
[55] Seera Yakkaa Kw 98(2)

danda'ama. Fakkeenyaaf, himatamtoonni ragaa sobaa fayyadamuudhaan kaazinaa mootummaa keessaa qr.1,025,267.81 baasii gochuun faayidaa isaaniif waan oolfataniif M/M/O/F galmee lakk. 81946 ta'e irratti murtii dabarseera,akkasumas himatamtootni kaazinaa mootummaa keessaa qr.549,609.92 baasii gochuun fudhachuun isaanii mirkanaa'ee LG.67374 irratti itti murta'eera. A/Alangaa KNFMF xalayaa gaafa 30-7-2003 barreesseen konkolaatootni yakka malaamaltummaatiin argamaan akka dhaalaman, Manni maqaa himatamaatiin jiru gurguramee maallaqni miidhaa qaqqabe waliin wal-madaalu mootummaaf galii akka ta'u ajajin akka kennamu gaafateera.Manni murtii ol'aanaa dhaddacha gaafa 28-10-2003 ooleen LG.68743 irratti….konkolaatoonni maqaa himatamtootatiin galmaa'e fi ugguramee jiru gurguramee mootummaaf galii akka ta'u, mannichi gurguramee miidhaan qaqqabe akka haguugamu murteesseera.

Labsicha irraa akka hubatamutti murtiin dhaalumsaa murtii balleessummaa akkuma kennameen kennamuu qaba. Murtiin dhaalamuuu murtii balleessummaa waliin kan hin kennamne yoo ta'e iyyata A/alangaa bu'uura kwt.29 tiin dhiyeessuun kan keessummeeffamu ta'uu kwt.31/1/ jalatti tumameera. Akkasumas iyyatni qabeenyi yakkamaaa haa dhalamu jedhu murtii balleesummaa booda dhiyaachuu ni danda'a (kwt.31/2/). Yakka malaammaltummaa lafaan wal-qabatu Manneen murtii Naannoo keenyaa murtii argatanii turan tokko tokko murtiin qabeenyaa dhaalu yeroo murtiin adabbii murtaa'u murtaa'a akka jiru ni agarsiisu. Fakkeenyaf, M/M/O/G/Adda Adaamaa dhaddachaa 09-06-2003 ooleen seera yakkaa 32(1-A), 33 fi 407(2) darbuudhaa yakka malaammaltummaa aangootti garmalee fayyadamuutiin Lafti liizii fi caalbaasii malee qabame km^2 1,286 mootummaaf galii akka ta'u LG.10625 irratti murtii adabbii erga laatee booda ajajee jira.M/M/W/O/Dhaddachi Bahaa dhaddacha 24-9-2003 ooleen LG.12102 ol'yyannoo irratti ajaja M/Murtii jalaacimseera.[56]Manni /M/O/G/S/Kaabaa immoo dhaddacha 2-3-2000 ooleen namoota aangootti gar malee fayyadamuu fi ragaa sobaa fayyadamuun waldaa ijaarsa mana jireenyaa keessaatti namoota miseensa ta'an haquun maqaa daa'immanii, nama du'e, moggoo fi namoota biroo galchuun lafa waan fudhataniif LG.17621 irratti murtii adabbii erga murteessee booda lafti himatamtootni maqaa waldaan qabatan mootummaaf galii akka ta'u yommuu murteessuu M/M/W/O immoo galmee ol'iyyannoo LG.70072 irratti dhaddacha gaafa 14-09-2001 ooleen ajaja M/Murtii jalaa fooyyeessuun Bu/M/G/S/Kaabaa fi kan

[56]KNFMNO vs Faantaayee Tasammaa faa.N.6 LG.10625(2003)

magaalaa suluultaa dhimmi kun ilaallatu kan seera qabeessa ta'ee fi hin taane addaan baasee sirreessuun qabiyyee Waldaa mana jireenyaa hojii irra akka oolchu ajajeera.[57]

Haa ta'u malee, murtiin dhaalumsaa himatamaan faayidaa argachuu isaa ykn hanga qabeenya dhaalamu murteessuuf ragaan dabalataa yoo barbaachise ragaa argachuuf jecha turu danda'a.[58]Guyyaa Murtiin balleessuummaa laatame jalqabee yeroo ji'a jaha hin caalleef turuu danda'a.

Gama biraatiin, waa'een qabeenya mootummaaf galii gochuu 34(3) jalatti ilaallameera.Tumaalee labsii lakk.882/2007 fooyya'an keessa tokko kwt.34 dha. Tumaan kun hanga qabeenya galii ta'u fi akkaataa qabeenyaan kun mootummaaf galii ta'u kan tumuudha. Hanga qabeenyaa galii ta'u murteessuun walqabatee qabeenya himatamaan argate ykn bu'aa argate ykn firii qabeenya yakka irraa argame ykn hanga miidhaa geessiseen wal gitu deebisuuf akka dirqamu tumeera.Akkaataa qabeenyaan galii itti ta'u murteessuuf labsiin lakk.434/97 kwt.34/3/ jalatti danbiin akka murtaa'u tumee ture. Garuu kun labsii haaraan fooyya'ee ,qaamni rogummaa qabu qabeenya kana mootummaaf akka galii taasisu ykn yoo sababa qabeenya biroon walitti jiruun galii gochuun hin danda'amne seeraa qabeessaan gurguruun maallaqa isaa mootummaaf galii akka ta'u tumeera.

Yeroo tokko tokko faayidaan yakka malammaltumaatiin argame kan Waajjira Mootummaa ,dhaabbilee misoomaa Mootummaa ykn jaarmiyaalee uummataa ta'uu mala. Qabeenya kana haala itti hariiroo hawaasaan gaafatamu labsiin lakk.434/97 kwt.32 jalatti qaamni rogummaa qabu himata hariiroon gaafachuu akka danda'u tumeera. Haa ta'u malee tumaan kun akkamiin kwt.29 waliin walitti dhufee hojiirra oolu irratti gaaffii kaasa. Sababni isaas kwt.29 jalatti qabeenyawwan kunniin akka dhaalaman tumaa asitti himata hariirootu dhiyaata jechuun ifa miti.Garuu labsiin haaraan dhimma kana ifa godhee tumeera.Kan kwt. 29 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee himatni yoo addaan cite ykn himatamaan bilisaan gaggeeffame haalli itti qaamni aangoo qabu himata hariiroo hundeessuun akka dhaalamuuf gaafachuu danda'a.

Qaamni aangoon kennameef qabeenya Malaammaltummaan argame ykn faayidaa argame ykn firii qabeenya kanarraa argamee ykn miidhaa yakkaa kanaan kan wal gitu qabeenyi akka dhaalamuuf himachuu ni danda'a. Qabeenyi malaammaltummaan argame kan waajira Mootummaa, jaarmiyaa misoomaa mootummaa ykn jaarmiyaa ummataa ykn nama dhuunfaa

[57] KNFMNO vs Daanyaachoo Faayee fa'a N8.17621(2000)
[58] Labsii lakk 434/97 kw30(1)

yoo ta'e qaamni aangoon kennameef eeyyama ykn bakka bu'ummaa abbaa qabeenyaaf kennuun falmii hariiroon akka murtaa'u taasisuu ni danda'a (kwt. 32/3/).

Akka waliigalaatti qabeenya deebsiisuun walqabtee adeemsi hordofamuu labsii 434/97 (akka fooyya'etti) 29-34 jalatti tumamee jira. Kunis karaa lamaan raawwatamuu akka danda'u tumaalee kanneen irraa ni hubatama. Karaan inni tokko himatamaan yakka malaamaltummaatiin balleessaa erga ta'ee booda qabeenyicha dhaaluu yoo ta'u, karaan lammataa ammoo himannaa hariiroo hawaasaa banuun qabeenya deebisiisuudha.

Gaaffilee Marii

1. Qabeenyi himatamaa ugguruun akka itti hin fayyadamne taasisuun Mirga qabeenya ofitti fayyadamuu kan Heera mootummaa kwt.40 jalatti eegumsa argateen wal hin faallessuu?
2. Qabeenya Yakkamaa dhaaluu kan Seera Yakkaa kwt.98 jalatti tumamee fi Labsii lakk.882/2007 jalatti tumamee wal bira qabuun madaalaa? Qabeenya yakkamaa yakkicha waliin walitti dhufeenya hin qabnee fi hanga yakkamaan miidhaa geesiseen walgitu akka dhaalamu taasisuun yaaddama qabeenya Yakkamaa Dhaaluu jedhuun wal simaa?
3. Qabeenyi dhuunfaa Yakkamaa gahaa ta'uu yoo baate qabeenyi waliinii haalli itti dhaalamu kwt.29/2/ jalatti tumameera. Qabeenya waliinii kan dhaalamu gahee himatamaa moo guutummaan ta'a? Seera Yakkaa kwt.98/3/d/ fi labsii lakk.881/2007 kwt.34 waliin ilaaluun irratti mari'adhaa.
4. Himatamaan yakka ittiin himatame irraa bilisa yoo gaggeeffame haalli itti qabeenya isaa dhaalamu jiraa? Labsii lakk.434/97 kwt.32 waliin ilaalaa.
5. Namni kamuu utuu bu'uura seeraan murtiin balleessumma irratti hin darbiin mirga bilisa jedhamuun tilmaamuu akka qabu Heera mootummaa kwt. 19/3/ jalatti tumameera. Himatamaa irratti utuu murtiin balleessummaa hin kennamiin yoo himatni addaan cite qabeenyi himatamaa dhaalamu akka danda'u labsiin lakk.882/2007 kwt.32/1/ jalatti tumee jira. Tumaaleen kun wal hin faallessanii? Heerummaa fi hojii oolmaa kwt.32/1/ irrati mari'adhaa.
6. Labsii lakk.882/2007 kwt.32/2/ jalatti qaamni dhimmi isaa isa ilaallatu(appropriate organ) himata hariiroo hundeessuu akka danda'u tumeera. Qaamni aangoo qabu eenyu? Labsii Lakk.883/2007 fi Tumaalee Seera deemsa falmii hariiroo hawasaa gareewan himata hundeessan tumu waliin walitti fiduun ilaalaa.

3.7. Qophii Dhagaha Himata Duraa *(Preparatory Hearing)*

Sirna haqa yakka Itiyoophiyaa keessatti yaad-rimee qophii himata duraa *(Preparatory Hearing)* kan fide labsii sirna deemmii falmii fi seera ragaa farra malaammaltummaa 236/93 akka ta'e hayyoonni seera sirna deemsa falmii yakkaa Itiyoophiyaa irratti barreessan ni ibsu.[59] Labsii lakk 434/97 (kan foyya'e) sirna kana fooyyeessuun kwt. 35 fi itti aanaan jalatti tumee jira. Qophii dhagaha himata duraa jechuun himannaa yakka malaammaltummaa irratti waantoota ifa hin taane ifa gochuu fi ijoo ragaan irratti dhihaatu fi ragaa dhihaatu calaaluun addaan baasuun falmii idileef haala mijeessuudha.

Kaayyoowwan ykn barbaachisummaan qophii himata duraa ijoowwan himanna murteessuuf gargaraan addaan baasuuf, Abbootiin dhimmaa ijoowwan akka hubatan gargaarsa gochuuf; Adeemsa Himannaa ariifachiisuuf fi Manni Murtii Adeemsa Himannaa qajeelchuu ykn hoogganuu akka danda'u gargaruudha *(kwt.36)* Adeemsi kun dhimmoota malaammaltummaa walxaxaa ta'an irrati raawwatama waan ta'eef manni murtii falmii abbaa alangaa fi himatamaa jiduutti taasifamu adda baasuun akkuma adeemsa dhimma siivilii sana ijoo qabachuun dhagaha idileetiif qopheessa waan ta'eef garee walfalamiif adeemsa jiru salphaa taasiisa.[60]

Manni Murtii himannaan yakka malaammaltummaa itti dhihate ijoowwan himannaa fi tarree ragaa wal-xaxaa ta'uu isaa irraa kan ka'e adeemsa murtii kan dhereessuu fi wal-xaxaa taasisuu ta'uu yoo hubate fi kaayyoowwan *kwt.36* jalatti ka'aman ni guuta jedhee yoo amane qophiin himata duraa akka taasifamu murteessuu ni danda'a (labsii lakk.434/97 kwt.35). Hiika qajeeltoo kana irraa kan hubatamu qophiin himata (dhagaha) duraa adeemsa himannaan dura raawwatamu haa fakkaatuu malee qaama dhagaha dhimma yakka malaammaltummaati malee dhimma yakka malaammaltummaa dhagahuuf akka haal-duree tokkooti hin tumamne. Qophiin himata duraa himannawwan yakka malaammaltummaa hunda irratti kan raawwatamu osoo hin taane ijoo fi ragaan dhihaate wal-xaxaadha jedhamee yoo itti amaname fi A/Alangaa fi himatamaan waan barbaadaniif kan raawwatan ykn yoo hin barbaadne kan dhiisan osoo hin taane Manni Murtii barbaachisaa ta'uu isaa yoo itti amane qofa ajaja kennuun kan raawwatamu ta'uu isaati. Waan kana ta'eef,himannaan M/Murtii dhihaatee galmeen banamee dhaddachaaf dhihaatee beellama erga qabatee booda

[59] Wondwossen Demissie Kassa, Ethiopian Criminal Procedure , A Text Book (2012), fuula 271
[60] Miil jalee 59, fuula 272

raawwatama.Fakkeenyaaf, dhaddacha Ijibbaataa MMWF galmee lakk.57938 ta'e irratti murtii kenne irraa akka hubatamutti iyyattoonni bulchiinsa Mootummaa Naannoo afaaritti itti gaafatamtoota waajjira hojii fi Misooma Magaalaa ta'uun utuu hojjetanii qabeenya galii isaanii ol ta'e qabatanii argamaniiru mana murtii jalatti kan himatamani yoo ta'uu, manni murtichaas dhimmichi qophii himata duraa keessa akka darbu erga tasise booda gara falmii idileetti seenuun ragaan akka dhagahamuuf ajaja dabarseera. Iyyattoonni ajaja kanarratti komii dhiyyeeffataniin: qabeenya galii keenyaa olii qabaachuu keenya kan mul'isu qabeenya maqaa keenyaan galmaa'e utuu hin dhiyeesin falmii idileetti seenamee ragaan haa dhagayamu jechuun sirrii miti kan jedhudha. Dhaddachi ijibbaataa murtii kenneen; dhimma himatamtoonni itti himataman qabeenya galii olii qabatanii argamuu kan jedhu yoo ta'u dhimmi kun immoo ragaan kan qulqullaa'u waan ta'eef qophii falmii duraa booda ragaan haa dhagahamuu jechuun dogoggora miti. Akkasumas qophiin dhagaya duraa adeemsa dirqama keessa darbamuu qabu miti, manni murtii akkuma barbaachisummaasatti ciminaa fi sadarkaa ulfaatina dhimmicha ilaaluun ajaja barbaachisaa itti kennaa deemudha jechuun murtii jalaa cimseera.

Adeemsi hordoofamuu qabus labsicha keessati tumameera. Kunis Manni Murtii A/Alangaa himannaa erga dhiheessee booda dhimmichi wal-xaxaa fi falmii dheeressuu kan danda'u ta'uu yoo hubate A/Alangaa ibsa himata duraa barreeffaman akka dhiheessuu ni ajaja. A/Alangaa ijoowwaan himannaf bu'uura ta'an, Ragoota namaa fi ragaawwan sanadaa himannicha fi ijoo mirkanneessuufii danda'anii,Ciraawwanii fi ragoota sandaa biroo ijoo dubbiif ragummaa qaban; tumaa seeraa A/Alangaa himannaa irrati hundeesse ni dhiheessa(kwt.37 fi 38).

Itti aansuun himatamaan ibsa ragaa ittisaa akka dhiheeffatu ni ajajama. Himatamaaniis kallattii ittisaa, ijoowwan kaasuuf yaade,mormiiwwan fi ragaawwan dhiheeffatu;sanadoota fi dhimmoota biroo Abbaan Alangaa dhiheesuu ilaalchisee qabxiiwwan irratti waliigale,qabxiiwwan irratti walii hin galle yoo jiraatan barreeffamaan ni dhiheessa.(kwt.39)

Manni murtiis:

1) Gareewwan dirqama isaanii bu'uura seeraan kan bahan ta'uu adda baasaa.
2) Mormiiwwan SDFY kwt.130 jalatti kaa'an irratti ajaja ni kenna.
3) Yaada gama himatamaan ka'e dhaggeeffachuun himata fooyyessuun barbaachisaa ta'ee yoo argame himati akka fooyya'u ajajuu akka danda'u labsii lakk.882/2007 kwt.9 kan duraan ture labsii lakk.434/97 kwt.36/2/ fooyyessuun tumeera.

Murtii kennuun galmeen kan hin cufamne yoo ta'e ijoowwan garee lamaan falmisiisu qofa addaan baasuun haaluma adeemsi falmii idilee qajeelfamuun adeemsi himannaa itti fufa. Adeemsi kana booda jiru deemsa falmii idileetiin taasifamutu hordofama.Haa ta'u malee, himatamaan ragaa ittisaa fi ragaa adeemsa himata duraa irrati ibseen ala haala haaraa ta'een dhiheessuu hin danda'u.Kan dhiheessuus yoo ta'e, gaaffii himannaa fooyyeessuu ykn ragaa ittisaa fooyyeessuu dhihessee mana murtiin fudhatama yoo argate qofa.

Tumaalee labsii lakk.434/97 kwt.40 fi 41 haqamaniiru.Tumaaleen bakka isaanii bu'uun dhimmicha tuman labsii lakk.882/2007 jala hin jiran. Ajaja manni murtii kwt.36/2/ jalatti kennu utuu dhimmichi murtii dhumaa hin argatiin oliyyaata gaafachuun ni danda'ama moo miti kan jedhu labsii falmii addaa fi seera ragaa yakka malaamaltummaa jalaa waan haqameef tumaalee SDFY rogummaa qabaniin kan ilaalamu ta'a.

Labsii lakk.434/97 kwt.41 jalatti *ragaan dhiyaate fudhatamummaa hin qabu* jedhamee galmeen yoo cufame A/alangaa ragaalee biroon himata biroo dhiyeessuu akka danda'u tumameera. Sababni tumaa kana booda jiru galmeen kan cufame fudhatamummaa ragaa irratti bu'uureffachuun malee ragaan dhagahamee miti. Amma garuu kun labsii lakk.882/2007 haqameera. Kun immoo A/Alangaa dhimmoota akkanaa irratti himata haaraa hundeessuu ni danda'amoo miti? Kan jedhuu gaaffii kaasa. Dhimma kanarratti mariin ni taasifama.

Akka waliigalaatti dhimmi tokko adeemsa falmii himata duraa keessa darbuu qaba moo hin qabu kan jedhu Manni Murtii barbaachisummaa isaatti yoo amane qofa ajaja kennuun kan raawwatamu ta'uu isaa; adeemsa falmii himata duraa keessatti himatamaan kan of irraa ittisu himannaa osoo hin taane, ragaa itti dhihaate ta'uu isaa, manni murtii ijoo qabachuun adeemsa falmii idilee keessatti akka ragadhaan qulqulla'an gochuu isaa fi Abbaan Alangaa fi himatamaan ibsa falmii himata duraa bitaa mirga kan dhiheessaan ta'uu ni hubatama.

Gaaffilee Marii

1) Kaayyoon qophii himata duraa tarreessuun ibsa itti kennaa!
2) Garaagarummaan qophii himata duraa (preparotary hearing) fi qorannaa jalqabaa (preliminary inquiry) gidduu jiru SDFY fi labsii 434/97 (akka fooyya'etti) irratti hunda'uudhan mari'adhaa!
3) Tokkummaa fi garaagarummaan qophii himata duraa fi adeemsa dhagaha falmii idilee addaan baasuun tarreessaa.

4) Qophiin himata duraa yakkoota malaammaltummaa dhagahuuf akka haal duree tokkootti fudhachuun ni danda'amaa? Yakkoota malaammaltummaa hunda dhagahuuf itti gargaaramuuni ni danda'amaa?
5) Adeemsa falmii himata duraa hojii irra oolchuu dhabuun irraa Kan ka'e rakkoolee uumamuu danda'an tarreessaa?
6) Ajaja Manni Murtii kwt.36/2/ jalatti kennee irratti utuu dhimmichi murtii dhumaa hin argatiin oliyyannoo gaafachuun ni danda'amaa?
7) Manni murtii fudhatamummaa ragaa bu'uura godhachuun sadarkaa dhagaha qophii falmii duraa irratti galmee yoo cufe abbaan alangaa ragaa biroo sassaabuun himata haaraa hundeessuu ni danda'a? Mormiiwwan biroo kwt.130 jala jiraniin galmeen yoo cufame himatni dhimma kanarratti dhiyaachuu ni danda'a? Yaadrimee Dhimma murtiin xumura argatan jedhu waliin walitti fiduun irratti mari'adhaa.

Maddawwan Wabii

A.Kitaabota

1. *Nichollas, Colin and others: Corruption And Misuse Of Public Office: First Published 2006. Oxford University Press*
2. *Harris Godfrey: Corruption How To Deal With Its Impact On Business And Society : First Indian Edition 2005*
3. *A.Garner, Bryan: Black's Law Dictionary: Eight Edition*
4. *Oxford Advanced Learner's Dictionary*
5. *G Kameswarri: Anti- corruption strategies Gilobal and Indian Socio-Legal Persipectives First Edition 2006 published by the ICFAZI University Press*
6. *W.Paati Ofosu-Amaah,Raaj Soopramanien & others:Combating Corruption A comparative Review of Selected Legal Aspects of State practice and Major International Intiatives*
7. Wondwossen Demissie Kassa, *Ethiopian Criminal Procedure* , A Text Book (2012)

B. Seeroota, Labsiiwwan fi Konveenshiiniwwan Idil addunyaa

1. *United Nation Convention against Corruption*
2. *African Union Convention on Preventing and Combating Corruption*
3. Labsii Seera Adaba Yakkaa Fooyyeessuf Bahe Labsii Addaa Lakk 214/74
4. Labsii KNFM Federaalaa Hundeessuuf Bahe Lakk 235/93
5. Labsii Addaa sirna Adeemsa Falmii Fi Seera Ragaa Farra Malaammaltummaa Lakk .236/93
6. Heera Mootummaa RFDI Lakk.1/1987
7. Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk. 46 /94
8. Seera Yakka RFDI Lakk.414/1996
9. *United Nation Convention against Corruption Ratification Proc.No.544/2007*
10. *African Union Convention on Preventing and Combating Corruption Ratification Proc. No 545/2007*
11. Labsii Addaasirna Adeemsa Falmii Fi Seera Ragaa Farra Malaammaltummaa Lakk .236/93 Fooyyeessuuf bahe labsii lakk.882/2007
12. Labsii yakka Malaammaltummaa Labsii Lakk.881/2007
13. Labsii Lakk KNFMF irra deebi'uun hundeessuuf bahe 433/97(kan fooyya'e)
14. Labsii Lakk KNFMF irra deebi'uun hundeessuuf bahe 883/2007(kan fooyya'e)

15. Labsii Seera Adeemsa Falmii Fi Ragaa Adda Farra Malaammaltummaa Lakk 239/93
16. Labsii Seera Adeemsa Falmii Fi Ragaa Adda Farra Malaammaltummaa Lakk .434/97
17. Labsii Maallaqa ykn Qabeenya Yakkaan Argame Fakkeessanii dhiyeessuu fi Shororkeessummaa Maallaqaan Gargaaruu Ittisuu fi Too'achuuf lLakk 780/2005
18. Labsii KNFMN Oromiyaa Irra Deebiin hundeessuf Bahe Labsii Lakk.197/2008
19. Labsii Qabeenya Beeksiisuu fi Gameessiisu, Nagariit Gaazeexaa, Lakk. 668/2002
20. Labsii Qabeenya Beeksiisuu fi Gameesiisuu, Magalata Oromiyaa lakk. 169/2003
21. Labsii Eeruu Kennitoota Fi Ragaa Baatoota Yakkaaf Eegumsa Taasisu.Lakk 699/200
22. S/A/F/Y labsii lakk185/54
23. Labsii Manneen Murtii Federaalaa lakk 25/88 (321/95 kan fooyya'e)
24. Labsii Aangoo fi hojiin Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa murteessuu labsii Lakk 128/ 1999
25. Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Mootummaa Federalaa Hundeesseeuuf bahe labsii lakk. 943/2008
26. Labsii Qaamoolee Raawwachiiftuu Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe labsii lakk. 2013/2011
27. Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Labsii Lakk. 214/2011
28. Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Gurmeessuuf Bahe Labsii Lakk. 216/2011
29. Maanuwaalii Daarektoreetii Dhimmoota Yakka Malaammaltummaa fi Taaksii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa , Fulbaana 2012, Finfinnee

C. Barreeffamoota Adda Addaa

1. Leenjii Mata Duree Hundeeffama Himata Idilee Fi Sirna Dhiheessa Ibsa Qopheessa Himata Duraa jedhu irratti Leenjii Abbootii Alangaa Fi Qorattoota KNFM Naannootiif Sadaasa 19-23/2002 Finfinneeti Kenname
2. Mata duree Ibsa Gabaaba Tumaalee Seera Adda adeemsa Falmii Fi Seera Ragaa Farra Malaammaltummaa jedhu irrati Leenjii Bara 2000 Magaalaa Adaamaa fi Naqamteeti Kennme,
3. Barruulee KNFM Naannoo Oromiyaa Jildii 03 Lakk 01 Bitootessa, Bara, 2000 Maxxanfamtee
4. Malaammaltummaa fi Naamusa: KNFM Feederalaatiin (2001 A.L.I.)

5. Profile Of The Federal Ethics And Anti-Corruption Commission,March,2010,Addis Ababa Ethiopia
6. Fayyisaa Tolosaa Bultoosaa : Dhimmoota fi Seerota Falmisiisoo ta'an tokko tokko , Marii Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiif Qophaa'e, Finfinnee , 2013

D.Tarree Dhimmoota

1. A/Alangaa W/H/GO/ Arsii fi Kadir Darsee Gutichaa Lakk Galmee MM 85345
2. A/Alangaa KNFMN Oromiyaa fi Abrahaam Dibbisaa Hirphaa Lakka Galmee MM 09974
3. A/Alangaa W/Galiiwwan Aanaa Adaamaa fi Taliilaa Bulchuu Lakk. Galmee MM.40276
4. A/A/KNFMNO fi Yashiwarqi Wadajjoo fa'aa N.4. Lakk Galmee MMO Godina Harargee Lixaa 12441; Lakk. Galmee M/M/W/O/ Dhaddacha Bahaa 85306; Lakk. Galmee Dhaddacha-Ijibbaata MMWO 88865
5. A/A/KNFMNO fi Faantaayyee Tasammaa fa'a N-6. M/M/GO/Addaa Adaamaa LG 10625, M/M/W/O/Dhaddacha Bahaa.LG-121042
6. A/A/ KNFMO fi Silashii Gizaaw Lakka Galmee MMO Godina Harargee Bahaa 03764
7. Abbaa alangaa KNFMO fi Obboo Mahaamad Yaa'iqoob, Kadir Alyizaa faa, Lakk. Galmee Dhaddacha Ijibbaataa MMWF 162738 , Jildii 24 ffaa
8. A/Alangaa Fedeeraalaa fi YaasinAhimad LGM/M/W/F/Dhaddacha Ijibbaata.64813
9. Poolisii Aanaa Doddotaa VsYohaannis Abarraa fa'a N.3 M/M/Aanaa Doddotaa LGYB 07209, LGM/M/O/Go/Arsii.26149
10. Makkoniin Simee fi A/alangaa W/H/M Lakk Galmee MW 50749
11. A/Alangaa KNFM Fedeeraalaa fi Yooseef Asfaaw Lakk. Galmee 70222
12. KNFMF fi Shumaalam Geetaachoo Lakk Galmee M/M/O/F 44612
13. Biruuk Mazigabaa fi KNFMF Lakk. Galmee M/M/WF 48055
14. Dr.Solomoon Goshuu fa'a N4 fi KNFMF Lakk Galmee M/M/W/F-478457
15. Toofiq Sammaan fi KNFMF Lakk, Galmee G/M/M/F- 44825
16. Meeroon Dilnasany fi KNFMF Lakk. Galmee M/M/O/F 42487
17. KNFMF fi Mr.Gulihaam Abbaas Lakk. Galmee 103609
18. KNFMF fi Faantaayee Tasaammaa N6. Lakk. Galmee MM.10625
19. KNFMNO fi Daanyaachoo Fayyee N8.Lakk galmee M/M/W/O- 17621

20. KNFM Federaalaaa fi Tasafaayee Xumiroo, Lakk Galmee 73514
21. KNFM Naannoo Kibbaa fi Hankooraa Harqaa Lakk Galmee M/M/W/F Dhaddacha Ijibbaataa -58514
22. KNFM Naannoo Kibbaa fiTarrraqany Takiluu Faa N3 Lakk. Galmee Dhaaddacha Ijibbaataa - 67411
23. KNFM Federaalaa fi Adam Anduufan N2, Lakk. Galmee M/M/W/F 57938
24. A/Alangaa Aanaa M/Adaamaa fi Ayyalaa Mokonnoon ; Lakka Galmee Mana Murtii Aanaa Adaamaa 88973
25. Dhimma Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaa Galmee lakk.47282 ta'e irratti gaafa 21/02/2012 murtii argate
26. KNFMO fi Tsadaqaa Kabbadaa Lakk Galmee MMWO 92913
27. Abbaa Alangaa KNFM Oromiyaa fi Obbo Ashaanaafii Asaffaa Lakk Galmee Dhaddacha Ijibbaataa MMWO 299228
28. Alamayyoo Hundeessaa fi A/Alangaa Naannoo Galmee Lakk Dhaddacha Ijibbaataa MMWO 298633
29. Himannaa Abbaa Alangaa Naannoo fi Dasaaley Assaffa Tamasgeen , Lakk galmee himannaa A/A 00681, 13/04/2012
30. Abbaa Alangaa fi Taayisir Abbaa Biyyaa Abbaa Qoyyaas , galmee ol'iyyannoo MMO Godina Jimmaa 05435
31. Abbaa Alangaa Naannoo fi AsfaawSanbatoo Qinaaxii Lakk. galmee MMWO dhaddacha Lixaa 220772
32. Irranaa Tolasaa fi Abbaa Alangaa Naannoo ; Lakk Galmee MMWO dhaddacha Lixaa 221234
33. Abbaa Alangaa fi Gammachuu Kuusaa, lakk. Galmee MMO Godina Wallaga Bahaa 53408
34. Abbaa Alangaa fi Mulgeetaa Camadaa, Lakk. Galmee MMO Godina Wallagaa Bahaa 53401,
35. Abbaa Alangaa fi Margaa Fufaa Dhaabaa faa N. 2 Lakk. Galmee MMO Godina Wallaggaa Lixaa 39561
36. Abbaa Alangaa fi Firaa'ol Taaddasaa, Lakk Galmee MMO Godina Illuu Abbaa Booraa 29805
37. Abbaa Alangaa Waliigala Federalaa fi Addee Beezaa Abiy fa'a N4 Lakk. Galmee MMWO, Dhaaddacha Dhaabbii Lixaa, 213002
38. Abbaa Alangaa fi Eebbaa Caalii Nuurfataa Lakk Galmee MMO Godina Horroo Guduruu Wallagaa 24052
39. Abbaa Alangaa fi Miftaahi Sh/Adam fa'a N.4 Lakk. Galmee MMO Godina Jimmaa 47238

40. Abbaa Alangaa fi Lammaa Baqqalaa Lakk, Galmee MMO Godina Shawaa Kibba Lixaa 49642
41. Jala murtii Manni Murtii Ol'anaa Godina Jimmaa Lakk Galmee 47282 ta'e irratti gaafa 21/02/2012 kenne.